SAKATTA’A DHIHAANNAAFI GA’UMSA GILGAALOTA KITAABA BARATAA BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 11FFAA GAMA DANDEETTII BARREESSUUTIIN

QORATTUUN: NA’IIMAA KADIIR

WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUUN GUUTTACHUUF DHIYAATE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

SADAASA, 2018/2025

FINFINNEE

SAKATTA’A DHIHAANNAAFI GA’UMSA GILGAALOTA KITAABA BARATAA BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 11FFAA GAMA DANDEETTII BARREESSUUTIIN

QORATTUUN: NA’IIMAA KADIIR

GORSAA: TOLAMAARAM FUFAA(PHD)

WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUUN GUUTTACHUUF
EEDHIYAATE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

AMMAJII, 2017/2023

FINFINNEE

Axeeraraa

Kaayyoon qorannoo kanaa dhihaannaafi ga'umsa gilgaalota kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa, gama dandeettii barreessuutiin sakatta'uudha. Galma ga'iinsa kaayyichaatiif kitaabni barataa sakatta'amee jira. Barsiisonni barnoota Afaan Oromoo barsiisan afur akka iddattoottii fudhatamaniiru. Kaayyoo qorannichaa galmaan ga'uufis, malli qorannoo akkamtaa dhimma itti bahameera. Sababni isaas, odeeffannoowwan funaannaman hundinuu jechootaan waan ibsamaniif. Akkasumas, mala iddatteessuu miticarraa keessaa mala akkayyootu hojiirra oole. Ragaaleen qorannichaaf barbaachisan, sakatta'a kitaabaafi afgaaffii dhimma ba'uun kan argamaniidha. Qaaccessa ragaalee irraa wanti argame, hanqinni dhihaannaa kan akka dhihaannaa barreessuu afaan tokkoffaa hordofuu dhabuu; gochoonni barreessuu akaakuu dalagaa barreessuu too'atamaafi qajeelchaa qofarratti kan xiyyeeffatan ta'uu, gochoonni barreessuu barattoonni bilisaan akka shaakalan yookiin barreessuu bilisaatiif carraa kan hinkennine ta'uu; ga'umsi gilgaalota dhihaatanii ga'uma barattootaa sadarkaa kutaa 11ffaan kan walhingitne ta'uu; qajeelfamoonni shaakaloota barreessuu irratti kennaman qajeelfamoota Afaan lammaaffaa irratti kan bu'ureffaman ta'uufi walumaagalatti, shaakaloonni barreessuu kitabicha keessatti kennaman irra caalaan isaanii sasalphoofi sadarkaa himaafi keeyyata barreessuu irra kan hindarbine ta'uudha. Dhihaannaafi ga'umsa gilgaalota barreessuu kitaaba Afaan Oromoo kutaa 11ffaa qophheeffaman haala dhihaannaa barreessuu Afaan tokkoffaa barsiisuu irratti hundaa'uun akka barattoonni fedhii barreessuu horataniifi sadarkaa barattootaa giddugaleessa godhateen dhihaachuu akka qabuufi, ministeerri barnootaafi BBOfi qopheessitoonni kitaaba barnoota afaanii haala dhihaannaa afaan dhalootaa giddugaleessa godhachuun gilgaalota kitaabicha keessa jiran irra deebi'uun osoo fooyyessanii gaarii ta'a kan jedhan akka yaada furmaataatti eeramaniiru.

Galata

Hunda dursee Rabbii guddaa waa hundaa olii galanni haaga'u. Itti aansuudhaan mata-duree qorannoo kanaa filachuurraa jalqabanii hanga xumura qorannoo kanaatti nuffii tokko malee yeroo, beekumsaafi ogummaa isaanii osoo hinqusatin yaada gabbataa naa gumaachaafi akkan qorannoo kana haalaan hojjadhuuf na qajeelchaa kan turan gorsaa koo Tolamaaram Fufaa (PhD) kabajniifi galanni ani qabuuf daangaa hinqabu.

Itti aansuun, barsiisota mana barumsaa Laga Xaafoo Laga Daadhii Sadarkaa Lammaffaatti barnoota Afaan Oromoo barsiisaa jiran yeroo isaanii aarsaa gochuun odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisaa ta'e naaf kennaniin galata argadhaa jedhaan.

Dabalataanis, abbaa warraa koo b/saa Abdallaa akkan ani hojii kana raawwadhuuf gama maraan kan na cinaa tureefi jabina guddaa naaf ta'eef galanni koo jechaan kan ibsamee hindhumneedha. Akkasumas, namoota leecalloo akka kompiitaraa deeggartaniifi yaadaan na jajabeessaa turan hunda isaanii galateeffachuun barbaada.

Hiika jechootaafi Gabaajeewwanii

- **Af1**= afaan tokkoffaa (first language, L1) afaan namni tokko ga'umsa olaanaa itti qabu.
- Af2= afaan lammaffaa (second language, L2) afaan namni tokko dabalataan itti dhimma bahu.
- Afam. = afaan ambaa (foreign language) afaan biyya biraa/haaraa/keessummaa ta'eefi hawaasni bal'inaan dhimma itti hinbaane.
- Akkayyaa (model) = wanta ta'e tokko hojjachuuf kan akka fakkeenyaatti gargaaru.
- Akkina (pattern) = wixina, ijaarsa (yaada bu`uuraa)
- Dhihaannaa barreessuu (approach of writing) =haala barreessuun itti qopheeffamu
- Dhihaannaa filannoo jechoota miidhagoo (rhetoric approach) = ogummaa jechoota babbareedaadhaan ilaalcha namaa jijjiiruu.
- Gilgaala (exercise) = shaakaloota adda addaa shaakalchiisuuf kan kitaaba barnootaa keessatti mata duree tokko bu'uureffatee dhiyaatu
- Haasbarruu (Discourse) = haasaa (dubbii)
- Hololoo (prose) = barreeffama keeyyata keeyyataan yaada walitti fiduun barreeffamu kan walaloo hintaane.
- Kitaaba barataa (students` text book) = kitaaba barattootaaf qophaa`e kan barattoonni irraa baratan

Baafata

Qabiyyee Fuula

Axeeraraa....iii

Galata....iv

Hiika jechootaafi Gabaajeewwanii....v

BOQONNAA TOKKO: SEENSA....1

1.1 Seenduubee Qorannichaa....1

1.2 Ka'umsa Qorannichaa....4

1.3 Kaayyoo Qorannichaa....5

1.3.1Kaayyoo Gooroo....5

1.3.2 Kaayyoon Gooree....5

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa....5

1.5 Daangaa Qorannichaa....6

1.6 Hanqina Qorannichaa....6

1.7 Qindoomina Qorannichaa....7

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU....8

2.1 Dhihaannaa Barreessuu....8

2.1.1 Dhihaannaa Barreessuu Barsiisuu Afaan Tokkoffaa....8

2.1.2 Dhihaannaa Adeemsaa....9

2.1.3 Dhihaannaa akkayyaa hololoo....11

2.1.4 Dhihaannaa muuxannoo (the experiential approach)....11

2.1.5 Dhihaannaa Filannaa Jechoota Miidhagoo (The Rhetorical Approach)....12

2.1.6 Dhihaannaa Beekumsaa (The Epistemic Approach)....12

2.1.7 Dhihaannaa Xinqooqaa....12

2.1.8 Dhihaannaa barreessuu barsiisuu Afaan 2 (Approaches to teaching L2 Writing)....13

2.1.9 Dhihaannaa Too`atamaa irraa gara Bilisaa....13

2.1.10 Dhihaannaa Bilisaa (Free Writing Approach)....14

2.1.11 Dhihaannaa Bu'aarratti Xiyyeeffate (Product Based Approach)....15

2.1.12 Dhihaannaa ijaarsa keeyyataa (pattern – paragraph approach)....17

2.1.13 Dhihaannaa Caasluga Xiinhima Qindoominaa....18

2.1.2 Dhihaannaa Barreessuu Barsiisuu Afaan Ambaa....21

2.2 Barreessuu 21
2.2.1 Amaloota Barreessuu 22
2.2.2. Gochaalee Barreessuu 24
2.2.2.1.3 Dalagaa barreessuu dandeettii barreeffamaan waliigaluu cimsu 26
2.3. Ulaagaalee Barreeffama Gaarii 29
2.3.1. Xiyyeeffannoo 29
2.3.2 Qindoomina 30
2.3.3 Deeggarsaafi Babal'ina 30
2.3.4 Akkaataa 30
2.3.5 Waliigaltee 30
2.4 Faayidaa Barreessuu 31
2.5 Gilgaala 31
2.5.1 Gilgaalota Odeeffannoo Dabarsuuf Dhihaatan 32
2.5.2 Gilgaalota sababa ibsuu barbaadan 32
2.5.3 Gilgaala yaada ofii ibsuu gaafatan 33
2.6 Gahee Qopheessitootaa Dhihaannaa Qabiyyee Barnoota Afaanii Keessatti 34
2.7 Qorannoo Walfakkii 34
BOQONNAA SADI: SAXAXAAFI MALA QORANNICHAA 36
3.1 Saxaxa Qorannichaa 36
3.2 Madda Ragaalee 36
3.3 Iddattoofi Tooftaa Iddatteessuu 36
3.4 Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanamu 37
3.4.1 Qaaccessa Kitaabaa 37
3.4.2 Afgaaffii 38
3.5 Mala Qindaa'inaafi Qaaccessa Ragaalee 38
BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE 39
Seensa 39
4.1 Gochaalee Barreessuu Kitaaba Barataa Kutaa 11ffaa Keessatti Argaman 39
4.3.2 Gochaalee Barreessuu Kitaabichaa Fedhii Barattootaa Kakaasuu/Giddugaleessa Godhachuufi Dhiisuu isaa Adda Baasu 42
4.3.3 Gochaalee Barreessuu Waan Dubbisaniin Yookiin Dhaggeeffataniin Walqabannaa Qabaachuu Adda Baasu 44

4.3.4. Gochaalee Barreessuu Meeshaalee Mul'atanitti Gargaaramuun Barreessuu Shaakalchiisuu Adda Baasu 45
4.3.5. Qaaccessa gochaalee barreessuu dhihaannaa barreessuu barsiisuu adda baasuu irratti xiyyeeffate 46
BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO 51
5.1 Guduunfaa 51
5.2 Argannoo 52
5.3 Yaboo 52
Wabiilee i
Dabalee B xl
Dabalee C xli
Dabalee D xlii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1 Seenduubee Qorannichaa

Barnoota afaanii keessatti gilgaalonni ogummaalee adda addaa shaakalsiisuuf tajaajilu. Isaan kunneenis ogummaa shaakalchiisan irratti hundaa'uun gilgaalota dhaggeeffachuu, gilgaala dubbachuu, gilgaala dubbisuu, gilgaala barreessuu, gilgaala seerlugaafi k.k.f jedhamanii ramadamuu danda'u. Hundi isaaniituu galma ga'iinsa qabiyyee barnoota afaanicha saniitiif ga'ee olaanaa taphatu. Afaan Oromoo biyya Itoophiyaa keessatti afaan barnootaa ta'ee tajaajiluu kan eegale yeroo dhiyoodha. Haata'uu malee, afaanichi dubbataa heddu kan qabuufi biyyoota heddu keessatti kan tajaajiluudha. Afaan kun, bu'uuraafi bal'inaan Itoophiyaa keessatti haadubbatamu malee, biyyoota akka: Keeniyaa, Taanzaaniyaa, Sumaaliyaafi Sudaan keessatti akka dubbatamu ragaaleen ni'addeessu (Hamid, 1995).

Afaan Oromoo Afrikaa keessatti afaanota dubbataman gurguddoo sadi: Arabiffa, Siwaahiliifi Hawusaatti aanee afaan sadarkaa 4^{ffaa}tti dubbatamu, Itophiyaa keessatti ammoo afaan ummata %40 oliin dubbatamu, afaan duraati. Haata'uutii gadi qabaafi dhiibbaa bara dheeraa aadaafi afaan sabichaa irra tureen hanga dhiyootti afaan barreeffamaafi afaan qorannoofi qu'annoo hinturre. Yeroo sirna mootummoota habashaa darban keessatti afaanichi afaan barnootaa ta'uun isaa hafee, uummatichi dubbatee yaada waljijjiiruufuu yeroo itti mirga dhabe ture. Kanaaf, yeroo sana keessatti carraa guddachuu hinarganne ture. Ta'ullee, yeroo ammaa kana aarsaa hayyoonni Oromoo heddu taasisaniin afaanichi guutuu Oromiyaatti afaan hojii, barnootaa, miidiyaa, qo'annoofi qorannoo ta'ee tajaajilaa kan jiruudha. (Asafaa, 2009:12)

Afaan Oromoo bal'inaan dubbatamuun sadarkaa ol'aanaa haaqabaatu malee, hanga jaarraa 19^{ffaa}tti afaan barreeffamaa utuu hinta'in turee jira. Qabanni isaa, dhiibbaa karaa siyaasaan saba abbaa afaan sanaafi afaanicharra ga'aa ture kan bara mootii Minilik II duraa kaasee hanga kufaatii mootummaa Dargiitti ture. Ta'ullee, Afaan Oromoo afaan barreeffamaa akka ta'uuf, namoota biyya keessaafi alaa kan lamummaan Oromoo ta'anis hinta'iniinis, yaaliin baay'een taasifamaa ture. Haaluma kanaan, namoota biyya alaa keessaa kan akka James Bruce jedhamu bara 1805 kitaaba isaa "Travels to discover the source of the blue nile," jedhu keessatti kan qubee laatiniitiin Afaan Oromoo barreessuu eegale ta'uu tilmaamama (Feyisa, 1996).

Baroota 1840 lammiileen Awurooppaa gara Oromiyaa dhufan Afaan Oromoo qubee laatiniitiin akka barreessaa turan ragaaleen nimul'isu (Pankhrust, 1976). Kanneen keessaa kan akka Krap faa turan. Krap qubee Saabaatiin Afaan Oromoo barreessuuf yaale, garuu qubeen Saabaa Afaan Oromoof akka hinmijanne ibseera (Pankrust, 1976). Oromoonni sababa daldala garbaan, dhiibbaa siyaasaafi kan biraan ala ba'an iddoma jiran taa'anii Afaan Oromoo barreessuuf yaalii taasisaa turaniiru. Gama lammii Oromootiin, kan akka Onesmoos Nasiib (Abbaa Gammachiis)faa qubee Saabaatiin barreessuu yaalaniiru. Keessumaa baroota 1890ta keessa Onesmoos Asteer Gannoo waliin ta'uun barreeffama amantii ilaallatuufi hinilaallanne qubee saabaa fayyadamuun barreessaa turan. Onesmoos kitaaba qulqulluus gara afaan Oromootti deebisee barreesseera (Andrzejewski, 1980). Sheek Bakrii Saphaaloo (Abubakar Usmaan Odaa) kan jedhamus Harar keessatti qubee Afaan Oromoof ta'u qubee Arabaa irraa hanga tokko jijjiirama irratti gochuun bocuuf yaalii godhee ture. Yaalii isaa kanaanis, walaloowwan gaggabaabaa barreessee ture. Garuu, hanqina tokko tokko waan qabuufi dhiibbaa siyaasaa yeroo sana tureen osoo hinbaballatin hafe (Feyisa, 1996).

Kana malees, yeroo sirna Dargii keessas barnoota bu'uuraa uummata barsiisuuf jecha Afaan Oromoo qubee Saabaatiin barreeffamuu yaalameera. Gama biraatiin, yaalii Afaan Oromoon barreessuuf taasifamu kana keessatti, qubeen saabaa Afaan Oromoof mijataa akka hintaane hubatamaa dhufe (Feyisa, 1996; Pankrust 1976).

Dhimma kana Feyisa (1996:22) Cerulli (1922) wabeeffachuun, "reading [Oromo] language in Ethiopic alphabet is very like decipher a secret writing," jedha. Yaanni waraabame kun yoo ilaalamu, qubee saabaatiin Afaan Oromoo barreeffame dubbisuun akka waan iccitii (ifa hintaane) tokko tilmaamumaan dubbisuuti jedha. Dhugumas qubee saabaatiin Afaan Oromoo barrreeffame dubbisuun yoma sammuu ofii keessaa tilmaama itti kennaa dubbisuu ta'e malee, kallattiin Afaan Oromoo dubbisuus ta'ee barreessuun rakkisaadha. Kan inni rakkisaa ta'eefis, qubeen saabaa guutummatti sagalee Afaan Oromoo bakka hinbu'u. Kunis, haala sagalee dheeraa, gabaabaa, jabaafi laafaa Afaan Oromoo bakka bu'u hinqabu. (Andrzejewski, 1980)

Rakkoo kanaaf fala kennuufis, hojiin adda addaa hojjetamaa turee jira. Keessattuu, Oromoonni biyya alaa turan yaalii garagaraa taasisaa turan. Haaluma kanaan, qubeen Afaan Oromoof mijatu bara 1972 tokkummaa barattoota Oromoo Awurooppaatiin qubee laatinii irraa qophaa'e. Qubee bocame kanaanis kitaaba "Hirmaata Dubbii Afaan Oromoo" jedhu ittiin barreessanii turan

(Feyisa 1996:23). Kitaabni kun bara 1972 barreeffame jedhee (Feyisa, 1996) kaa'e. Andrzejewski (1980) ammoo, kitaabni kun bara 1973 akka maxxanfameetti kaa'e. Garaagarummaan xiqqoon haajiraatu malee, kitaabichi naannooma sana maxxanfamuu isaa jarri lamaanuu kaa'uu isaaniitu mul`ata. Haata'u malee, afaanichi kan inni afaan barreeffamaa ta'ee uummata isaa bifa idileen tajaajiluu eegale bara kufaatii dargii irraa eegaleeti. Mootummaan dargii akkuma kufeen haala salphaan yeroo muraasa keessatti uummatichi afaan isaan barreessee itti fayyadamuu eegale. Qabanni isaa, durumaanuu erga qubeen Afaan Ormootiif ta'u bocamee, baay'ina haadhaban malee barreeffamoonni tokko tokko biyya alaatii gara Oromiyaa dhufuun uummata keessa galaa akka turan (Andrzejewski 1980) ibseera.

Dabalataanis, dhimma kana Askale (1998:324) immoo, akkas jechuun keetti, "Eventhough Oromo [Afaan Oromo] is the language with greater number of speakers in Ethiopia, it has the chance of becoming a written language after the over thrown of military government. Accordingly, it was then the program to develop orthography for Oromo language was launched," jetti. Yaada waraabame kanarraa kan hubatamu, biyya Itoophiyaa keessatti Afaan Oromoo afaan dubbataa bay'ee qabu ta'us, kan inni afaan barreeffamaa ta'e kufaatii mootummaa dargiin booda ta'uu agarsiisa. Barnoonni Afaan Oromoo akkuma afaanota biroo ogummaalee afaanii (language skills) gurguddoo afran dagaagsuu irratti kan xiyyeeffateedha. Ogummaalee kanneen keessaa barreessuun isa tokko yemmuu ta'u, kitaabilee barnootaa keessatti haalli dhihaannaa gilgaalota ogummaa barreessuu irratti xiyyeeffataniifi ga'umsi isaanii xiyyeeffannoo guddaa barbaada.

Dandeettiin barreessuu haala duudhawaan baroota dheeraa dura kan eegalame ta`uu yaanni garaa garaa jira. Encyclopedia world book V.21 (1994:423) "the most primitive 4 stage of writing or making on object, date, almost from time of earliest human beings. However, the first fully developed system of writing appeared only about 5500 years ago," jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu yaaliin barreessuu yeroo ilmi namaa afaan fayyadamuu eegalee kaaseeti. Haa ta'uu malee, tooftaan barreessuun yaada ofii ibsachuu guutuu ta'e kan jalqabame, waggoota 5,500 darban dura akka ta'e agarsiisa. Afaan Oromootiin barreessuun immoo jaarraa 19ffaa keessa kan jalqabeedha. Qorannoo kana keessatti haalli dhihaannaafi ga'umsi gilgaalota ogummaa barreessuu kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa Bara 2005 A.L.I qophaa'e keessatti maal akka fakkaatu kan ilaalamu ta'a.

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Barreessuun ogummaa shaakalaan gabbifamuudha. Hanqinoonni barattootni barreessuu keessatti uuman hanqina shaakalaa irraa dhufa. Barreessuu keessatti toorri hanqina barattootaa: Rakkoo yaada qindeessuu, hanqina yaada walqabataa/walitti hidhataa maddisiisuu, hanqina sirriitti of ykn nama biroo wantota ibsuu, hanqina qubeessuu, hanqina itti fayyadama sirna tuqaaleefi qubguddeessaafi kkf dha. Kanaaf, gochaaleen barreessuu barattootaaf qindeeffaman, barattoota qajeelchuufi shaakalchiisuuf kaayyoo mataa isaanii qabaachuu qabu. Maddi hanqina kanaa haala dhihaannaa isaanii ta'uu danda'a. Kanaaf immoo, qindaa'inni gilgaalotaa haala dhihaannaa isaaniitiin xiyyeeffannoo guddaa kan barbaaduudha. Afaan Oromoo erga afaan barnootaa ta'ee haabubbuluu malee, ammas gilgaalonni dandeettiiwwan afaanii shaakalchiisuuf qophaa'an hanqina qabaachuu malu. Keessumattuu, yeroo Afaan Oromoo afaan barumsaa ta'e kana shaakaloonni dandeettii barreessuu gabbisuuf kaayyeffatan, qulqullinaan dhihaachuun isaanii murteessaa ta'a.

Haalli dhihaannaa gilgaalota dandeettii barreessuu gabbisuuf dhihaatan, kunneenis haalaafi amala afaan biroo irratti hundaa'anii yookiin irraa garagalfamanii kan dhiyaatan ta'uu danda'u. Haata'uu malee, haalli dhihaannaa barreessuu afaan abbaa, afaan lammaffaa, afaan ambaa, (afaan tokkoffaafi afaan lammaffaa) itti barsiifamu gargar waan ta'eef xiyyeeffannoo addaa barbaada. Yaaduma kana Addunyaan (2011:48) akka itti aanutti ibseera.

> *"Malli baruufi barsiisuu yeroodhaa gara yerootti fooyya'aa jira. Malleen barattoonni afaan 1^{ffaa}, afaan 2^{ffaa}fi afaan alaa ittiin baratan garaagara. Qabata garaagarummaa kanaa keessaa inni tokko yoomessa isaan keessatti barataniidha. Barattootni afaan 1^{ffaa} yoomessa uumamaa keessa ta'uun afaaniifi aadaa naannoo isaaniitti argatan waan barataniif malli isaan ittiin baratanis kanaan walsimachuu barbaada,"* jedha.

Kana irraa akka hubatamutti, malli afaan 1^{ffaa}fi afaan 2^{ffaa} yookiin afaan ambaa itti barsiifamu garaagarummaa qabaachuu isaati. Kun immoo, kitaabileen barnootaas yemmuu qopheeffaman mala kana giddu-galeessa godhachuu akka qaban nutti agarsiisa. Kana keessatti, gilgaalonni dandeettiiwwan adda addaa shaakalchiisanis mala kana bu'uureffachuun dirqama ta'a.

Kanaaf, rakkoo barreessuu irratti gama adda addaatiin mul'atuuf ka'umsi haala dhihaannaa isaanii ta'uu danda'a. Keessumattuu rakkoo barattoota mudatuuf haalli dhihaannaa gilgaalotaafi ga'umsi isaanii ga'ee olaanaa qaba. Kanaaf, kana bu'uura taasifachuun qorannoo kana keessatti

qorattuun haala dhihaannaafi ga'umsa gilgaalota dandeettii barreessuu shaakalchiisuu kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa bara 2005 A.L.I. qophaa'e gama dandeettii barreessuu shaakalchiisuutiin maal akka fakkaatu adda baasuu, hanqinaafi cimina jiru adda baasuun agarsiisuu, ga'umsi gilgalota kanneeniis barataa sadarkaa sanarra jiruun walgituu isaa adda baasuun ilaaluu irratti xiyyeeffatte. Qorannoon kun gaafilee armaan gadiif deebii kenna.

1. Haalli dhihaannaa gilgaalota dandeettii barreessuu shaakalchiisuu kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa maal fakkaata?
2. Gilgaalonni ga'umsa dandeettii barreessuu barattoota sadarkaa kutaa 11ffaa madaaluu nidanda'uu?
3. Haalli gilgaalonni itti dhihaatan haala dhihaannaa Af2 irratti kan hundaa'e ta'innaa laata?

1.3 Kaayyoo Qorannichaa

1.3.1Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qoranno kanaa haala dhihaannaafi ga'umsa gilgaalota kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa gama dandeettii barreessuun sakatta'uudha.

1.3.2 Kaayyoon Gooree

1 Haala dhihaannaa gilgaalota ogummaa barreessuu kitaaba barataa kutaa 11ffaa sakatta'uu.

2 Ga'umsa gilgaalota dandeettii barreessuu shaakalchiisuu kitaaba barataa kutaa 11ffaa sakatta'uu.

3 Gilgaalonni haala dhihaannaa dandeettii barreessuu barsiisuu Af1 ykn Af2 keessaa kamirratti akka hundaa'an adda baasuu.

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kamiyyuu faayidaa irraa eegamu qaba. Akkasuma qorannoon kunis "Sakatta'a dhihaannaafi ga'umsa gilgaalota ogummaa barreessuu shaakalchiisuu kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa" irratti kan xiyyeeffateedha. Kana malees, qaamoleen armaan gadii waraqaa qorannoo kanarraa fayyadamoo ta'uu danda'u. Adda durummaan qopheessitoonni kitaaba barnootaa Afaan Oromoofi Ministeerri barnootaa akka ciicataatti itti fayyadamuu danda'u. Barsiisonni yeroo barsiisan haala dhihaannaa xiyyeffannoo keessa galchuun akka barattoota deeggaraniif isaan gargaaruu danda'a. Barattootas ta'ee namni biroo kan Afaan Oromootiin ogummaa barreessuu cimsachuu barbaadu haala dhihaannaa barreessuu Af1, Af2fi Afam. irratti

hubannoo cimsachuuf itti gargaaramuu danda'u. Namoota mata duree akkanaa irratti qoranno gaggeessaniif akka ka'umsaatti tajaajiluu danda'a.

1.5 Daangaa Qorannichaa

Fedhiin qorattuu kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo hundumaa keessatti haala dhihaannaafi ga'umsa gilgaalota isaanii adda baasuu ture. Haa ta'uu malee, sababa yeroofi bal'ina isaaniirraa kan ka'e daangaan qorannichaa bakkaafi qabiyyeen akka armaan gadiitti kan daanga'eedha. Qorannoon kun kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11^{ffaa} kan bara 2005A.L.I qophaa'e irratti kan daanga'e yemmuu ta'u, qorannichi mata duree "Sakatta'a dhihaannaafi ga'umsa gilgaalota kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11^{1faa} gama dandeettii barreessuutiin" kan jedhu irrattidha. Sababni kutaan 11^{ffaa} filatameef barattoonni sadarkaa kanarra jiran barnoota sadarkaa tokkoffaa xumuranii barnoota olaanaa sadarkaa 2^{ffaa}tti kan dhufan waan ta'eef, barnoonni isaanii kennamu ogummaa kan barbaaduudha. Barannoowwaniifi gilgaalonni ogummaa afaanii kitaabicha keessatti dhihaatan hundi osoo sakatta'amanii gaarii ture. Haata'u malee, kana raawwachuuf yeroofi humna guddaa barbaachisuu isaa irraa kan ka'e, qorattuun kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11^{ffaa} keessaa gilgaalota barreessuu qofarratti daangeessuuf dirqama itti ta'ee jira. Bakki qorannichi itti gaggeeffame Oromiyaa keessa ta'ee, Bulchiinsa Magaalaa Shaggar, Mana Barumsaa Sadarkaa 2^{ffaa} Laga Xaafooti. Sababni iddoon kun filatameef, qorattuun mana barumsaa kanatti barsiisaa waan jirtuufi.

1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun qaaccesssa sakatta'a ga'umsa gilgaalota kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa gama dandeettii barreessuu qofa irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, wantota dandeettii barreessuu barattootaa achi keessa jiran hedduu dabalatee gochaalee dandeettii barreessuu kitaabicha keessatti argaman bifa gadi fageenya qabuun addeessuudhaan, kan barnoota Afaan Oromoo kutaalee kaawwanii waliin walbira qabuun qorachuu dhabuun; akkasumas, kan gosa barnootaafi dandeettiiwwan afaanii biroo irratti xiyyeeffachuu dhabuun hanqinaalee qorannoo kanaati.

1.7 Qindoomina Qorannichaa

Qorannichi boqonnawwan gurguddoo shanitti qoodamee jira. Boqonnaan tokko seenduubee qorannichaa waliigalaan ibsa. Kunis, duubee, ka'umsa, gaaffilee bu'uuraa kan qorannichaa, kaayyoo gooroofi gooree, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaafi qidoomina qorannichaa fa'i. Boqonnaan lama sakatta'a barruuti. Boqonnaa kana keessatti barruulee yaaxxinaafi barruulee walfakkiitu dhihaate. Boqonnaan sadi mala qorannichaati. Mata duree kana jalatti saxaxa qorannichaa, madda odeeffannoo, mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaa, adeemsa ragaa walitti qabuufi mala qaaccessa ragaaleefaatu dhihaate. Boqonnaan afur qaaccessaafi ibsa ragaaleeti. Kutaa kana keessatti ragaalee sakatta'a kitaabaafi afgaaffii barsiisotarraa funaanametu qaaccassamuun ibsame. Boqonnaan shan cuunfaa, goolabaafi yaada furmaataati. Mata duree kana jalatti xiinxalaafi qaaccessa ragaaleerraa argannoowwan argaman duraa duubaan erga dhihaatanii booda, argannoowwan kanneenirratti hundaa'uudhaan hanqinoota jiran furuuf wantota furmaata jettee yaadde kutaa kana keessatti dhiheessitee jirti.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

2.1 Dhihaannaa Barreessuu

Dhihaannaan walitti qabama tilmaamaa kan uumama afaan barachuufi barsiisuu of keessatti hammatuudha. Yaada kana kan cimsu, Richards & Rodgers, (1986:15) yoo ibsan, "An approach is a set of correlative assumptions dealing with the nature of language teaching and learning. An approach is axiomatic. It describes the nature of the subject matter to be taught," jedhu. Yaada kana irraa akkuma hubatamu, dhihaatinni walitti qabama tilmaamotaa kan haala afaan barsiisuufi barachuuti. Kana malees, dhihaatinni dhugooma kan qabu ta'ee, waa'ee barnoota barsiifamu sanaa kan ibsu jechuudha. Gama birootiin dhihaatinni gulantaa tilmaamonniifi amantaan waa'ee afaaniifi afaan barachuu keessatti ibsamu akka ta'e waraabbii itti aanu irraas nihubatama. "According to Anthony's model, approach is the level at which assumptions and beliefs about language and language learning are specified," (Richards & Rodgers, 1986:18).

Dhihaannaawwan barreessuu barsiisuu karaa sadiin ilaaluun nidanda'ama. Kunis: dhihaannaa barreessuu barsiisuu afaan tokkoffaa (Af1), dhihaannaa barreessuu barsiisuu afaan lammaffaa (Af2) fi dhihaannaa barreessuu barsiisuu afaan ambaati. Namni tokko hojii tokko yemmuu hojjatu waan hojjatu sana akkamitti akka hojjatu dursee adda baasa. Haala kamiin yoo hojjatame kaayyoo koo galmaan ga'a jedhee dursa mala ittiin hojichi dhiyaatu filata. Akkuma kana barreessuunis caluma jedhamee hinbarreeffamu, dursa akkaataa kamiin akka barreeffamu adda baafama jechuudha. Kanaaf, kitaabilee barnootaa afaanii keessattis gilgaalotni shaakala barreessuu shaakalchiisuuf qophaa'an akkaataa barreessuun garaagaraa itti dhihaatu giddu galeessa godhachuun kan dhiyaatan ta'u. Ogummaaleen afaanii kamiyyuu kitaabbilee barnootaa kamiyyuu keessatti akkaataa ittiin dhiyaatan kan mataa isaanii qabu. Egaa barreessuunis dhihaannaa mataa isaa qaba jechuudha. Dhihaannaawwan barreessuu akka waliigalaatti jiran keessaa muraasni akka itti aanutti kan dhiyaataniidha.

2.1.1 Dhihaannaa Barreessuu Barsiisuu Afaan Tokkoffaa

Haalli dhihaannaa barreessuu afaan tokkoffaa, haala dhihaannaa barreessuu afaan lammaaffaafi haala dhihaannaa barreessuu barsiisuu afaan ambaaa irraa adda. Sababnis barattootni afaan tokkoffaa isaaniitiin yaada burqisiisuufi barreessuuf, afaan lammaaffaafi afaan ambaa caalaa isaanii salphataa waan ta'eef. Barreessuu Af1fi Af2 kan gargar taasisu ga'umsa afaanii

barattoonni qabaniidha. “With native speakers, writing ability is more closely linked to fluency in and familiarity with the conventions of expository discourse," (Kogen 1986:25).

Yeroo Waraana Addunyaa 2^{ffaa} duratti, barnoonni barrreessuu barsiisuu Af1 yeroo jalqabaatiif Ameerikaa keessatti liitireecharoota gurguddoo dubbifamaniif deebii kennuuf jecha jalqabe. Yeroo sanatti haalli barsiisuu liitireecharii kaanoonikaalaa baay’ee fudhatama kan hinqabneefi moodeelli barreessuu barsiisuu murtaa’e tokko hinturre (Faigley, 1992).

Haata’uu malee, hanga yeroo dhihootti barsiifanni duudhaaleen filannoo jechoota miidhagoo (classical rhetorical tradition), yaadiddamoota barannoo barreessuu bu’ureeffatee ture. Barsiifanni kun, barreessuu akka akaakuu rawwii barreeffamoota boca murtaa’oo qabaniifi karaa gabaabaa wanta kana irra ittiin ga’aniitti fudhata. Akkasumas, uunki ibsa gaariidhaaf akka qabxii ijoo ta’eetti ilaala. Haata’u malee, haalli filannoo jechoota midhaagoo hammayyaa’aa ta’e, amala xumura (bu’aa dhumaa) barreeffamaa caalaa adeemsa barreessuu irratti kan xiyyeeffatu waan ta’eef, fudhatama argachuu danda’e.

2.1.2 Dhihaannaa Adeemsaa

Akkuma maqaa isaa irraa hubatamu dhihaannaan adeemsaa kan inni irratti xiyyeeffatu, adeemsa barreeffama ijaaruuti. Dhihaannaa kana keessatti barattootni, sammuu si’eessa (yaada maddisiisuu), wixina (draft) barreessu, wixina barreessan sana keessa deebi’uufi gulaaluu baratu. Akka dhihaannaa kanaatti barsiisaan waan barattoonni beekuu barbaadan caalaa waan barattoonni amaleeffachuu barbaadan irratti xiyyeeffata. Ta’us, barsiisaafi barattoonni milkaa’ina hojii isaaniitiif waliin hojjatu. Kana jechuun barsiisaan akka barattoonni barreessuu amaleeffataniifi akkaataa itti barreeffama qopheessan irratti deeggarsa taasisa jechuudha. Dhihaannaan kun Felisa fi Anisa (2015:119) (Silva, 1990) wabeeffachuun akka ibsanitti jalqabaaaf jaarraa 8ffaa keessa barreeffama too’atamaa kan caasaa barsiisuu irratti xiyyeeffate ittiin barsiisuuf karoorfame. Kunis amaleeffachiisuun barreessuu barsiisuudha.

Barruu too’atamaa keessatti ga’een barsiisaa caasaa xiinqooqaa walitti qabuu yoo ta’u, ga’een barataa immoo, caasaa kana uumuu qofa. Dhihaannaa adeemsaan Af1 barreessuu barsiisuu hojiirra oolchuu keessatti sochiiwwan gurguddoo lamatu ture. Tokko tokkoonsaa kutaa adeemsa barreessuu tokkorratti (akka raawwii deeggartoota sochii ibsaa yookiin gahumsa sochii sammuu) irratti xiyyeeffata (Johns, 1990; Krashen, 1984). Jalqaba deeggartoonni sochii ibsaa, barreessuu

akka gocha qajeelfamaa hintaanetti (nondirective) ilaalu. Kun immoo akka barattoonni barreessuusaanii fooyyeffataniif, of beekuufi akka mudannoo isaanii kan guyyuufi barreeffama gabaabaa dhuunfaa bareessan jajjabeessa, (Johns, 1990).

Karaa biraa immoo, sochiin sammuu ogummaa barreessuu barsiisuu akka adeemsa rakkoo furuutti ilaala. Kunis kutaa lama yaaduufi adeemsa of keessaa qaba. Kutaan yaaduu barreessuun dura kan ta'uufi kan qajeelfama yaaduu gurguddaa kan akka; rakkoo filannoo jechaa hiikuu, qabiyyee olaanatti ramaduu, kutaasaa babal'isuu, yaada furmaataa maddisiisuufi guduunfaa irra gahuu keessatti raawwatama.

> *"The cognitive movement viewed teaching writing skills as a process of problem-solving which contains two parts - thinking and process. The thinking part takes place in the prewriting stage where higher-order thinking skills, such as "defining the rhetorical problem, placing it in a larger context, making it operational, exploring its parts, generating alternatives solutions, and arriving at a well-supported conclusion", take place" (Johns, 1990:26).*

Kutaan lammataa adeemsa barreessuu kan inni irratti xiyyyeeffatu, adeemsa barreessuu qabatamaati. Inni kun barattoonni akka waan barreessuun dura yaadan hunda bu'aa barreeffama dhumaa keessatti hiikan gaafata Gama birootiin gosa dhiyaannaa isa kana kan adda godhu, barreessaan tokko haala adeemsawaa ta'een waan barreessuu barbaade sadarkaan waraqaa irratti kan ittiin kaa'u ta'uu isaati. Yaada kana Jordan (1997:168) akkas jedha, "The process approach is aimed at nurturning the skills with which the writers solve their own solutions to the problems they set themselves. Moreover, it is aimed at teaching the skills which thestudents shape their raw material into a coherent message and with which they work towards an acceptable and appropriate form for expressing it," Barreessuu adeemsaa keessatti akkaataan Af1 fi Af2 itti barsiifamu walfakaata. Haata'uu malee, garaagarummaan jidduu kana jiru hojii sammuu irratti hundaa'a. Kana jechuun adeemsi barreessuun itti qindaa'u walhaa fakkaatu malee, akkaataan yaadni itti sammuu keessatti qindaa'ee walitti qabamu Af1fi Af2 irratti gargar ta'a jechuudha. Yaada kana Felisa fi Anisa (2015:120) (Brown, 2007) wabeeffachuun yoo ibsan,

> *"The writing processes in native and second language learners are similar as a physical activity that goes through various stages - brainstorming, writing a first draft, and editing a final product. At the same time, they differ as a mental activity that requires non-native writers to engage in extra efforts when they want to express, argue, or discuss thoughts and concepts in a second language"*jedhu.

Akka yaada kanaatti barreessitoonni afaan tokkoffaa hintaane (kan afaan tokkoffaan hinbarreessine) yaada ofii ibsachuuf hojii dabalataa isaan gaafata. Kunis hubannoo afaanichaafi qindoomina barreeffamichaati. Jalqaba ergaa afaan maddaa hubachuu yemmuu ta`u, itti aansee immoo akkaataa qindoominaafi seera afaanichaa of keessaa qaba.

2.1.3 Dhihaannaa akkayyaa hololoo

Dhihaannaa kana keessatti barattoonni barreeffama dubbisanii qaaccessuun, fakkeenya barreeffamaa irratti hundaa'uun barreeffama ofii isanii barreessu. Xiyyeeffannoon dhihaannaa kanaa moodeelota filannoo jechoota miidhagoo adda addaa adda baasuufi akkeessanii barreessuudha. Dhihaannaan kun sababa barattoota sodaachisuuf (quuxessuuf), xiyyeeffannoon isaa qabiyyee caalaa uunkarratti waan ta'eef, yeroo hedduu niqeeqama.

2.1.4 Dhihaannaa muuxannoo (the experiential approach)

Dhihaannaan kun, waa afur irratti bu'uureffame:

A. Barreessuun barataa filatamaan muuxannoofi fedhii dhuunfaatiin kakaafama (jajjabeeffama). Muuxannoon barattootni qaban barreessutti kan isaan kakaasu yoo ta'e barreessun sun milkaa'aa ta'a.
B. Muuxannoon barreessuun kan ta'uu danda'u, karaalee dubbii (haasaa) adda addaa (ibsuufi barruu barnootaa) fa'a hammata. Kana jechuun barattootni kan barreessan haasaafi waan daree keessatti baratan bal'isanii kaasuu fa'a. haasaa dhaga'an tokko nama birootiif dabarsuuf yoo fedha
C. Akkuma waliigalaatti muuxannoorraa barreesuun (barattootni hariiroo (dubbistootaaf, nama barsiisaarraa adda ta'e kan biroof) akka barreessan gaafata. Kun immoo, jireenya guyyuu keessatti akka namootaan hariiroo barreeffamaan walqunnamuu qabaatan taasisa.
D. Caasaan barreessuu akkaataa namni tokko yaada wayii nama biroof yookiin dubbistoota isaaf itti qajeelchu irraa kan baratamuudha.

Dhihaannaan kun, seera qo'achuu caalaa hojjatanii barachuu, waliin sirreessuufi of madaaluu irratti waan xiyyeeffatuuf, dhihaannaa adeemsaan walqabata. Akka waliigalaatti, dhihaannaan kun akka barattoonni muuxannoofi beekumsa ofii irraa barreessuu baratan kakaasa. Kanaaf, mudannoon isaaniifi beekumsi naannoo irraa argatan akka madda ka'uumsaatti isaan tajaajiluu danda'a.

2.1.5 Dhihaannaa Filannaa Jechoota Miidhagoo (The Rhetorical Approach)

Akka dhihaannaa kanaatti barreessuun adeemsa dhokataa osoo hintaane, ogummaa barsiifamuudha. As keessatti barreessuun kan barsiifamu barattootatti akkaataa ibsi, seenessuun, qoqqoodinsiifi madaalliin (gulaalliin) barreeffama uumuuf itti gargaaru itti agarsiisuun ta'a. Barattoonni muuxannoo ofii isaaniifi waan isaanitti agarsiifame walitti fiduun barreessu. Jechoonni ibsa yaada namaa bakka bu'u. Kanaaf yeroo barreessan jechoota yaada isaanii ibsuu danda'an adda baasanii filachuu gaafata. Filannoon jechaa nama amansiisuu keessatti gahee olaanaa qaba. Namoonni tokko tokko hojii hojjatan caalaa dubbii dubbataniin nama amansiisu. Kana malees, gabaasni gaariin akkasuma nama amansiisuu danda'a. Fakkeenyaaf, namni tokko waan tokko akka gaaritti hojjatee yoo wanti inni barreeffamaan dhiyeessu kan nama hinamansiifne ta'e, namni sun filannoo jechootaa irratti hanqina qabaachuu isaatu mul'ata. Jechoonni filataman humna nama ofitti fudhachuu yoo qabaatan yaada ibsamuu barbaadame sana salphaatti dabarsuu danda'u jechuudha.

2.1.6 Dhihaannaa Beekumsaa (The Epistemic Approach)

Akka Dowst (1980)tti dhihaatinni kun, rogawwan bu`uuraa dhihaannaa barreessuu hundumaa keessa deebi'uun jalqaba. "Formalistic (emphasizing language), referential (emphasizing language and reality), expressive (emphasizing writer and language) and rhetoric (emphasizing writer, language and reader)" (Dowst, 1980:68). Akka yaada nama kanaatti dhihaannaan kun kan ofkeessatti hammatu, barreessaa, afaaniifi dhugummaa, akkasumas barreessuufi beekumsa walitti fiduudha. Barattootni yeroo isaanii kan dabarsan waa'ee addunyaa maal akka beekan qofa osoo hintaane, waa'ee afaaniifi hololoo maal akka beekan bal'isuurratti xiyyeeffatama. Kana jechuun barattoonni beekumsa dhihaannaa kanneen olitti ibsamanii gonfachuun hundumaa bakka tokkotti akka fayyadaman taasisa jechuudha.

2.1.7 Dhihaannaa Xinqooqaa

Akka Horning (1987) jettutti, idileedhaan ga`umsa barreessuu horachuun kan danda'amu, akka guddattoonni afaan lammaffaa baratanitti tooftaa xiinqooqa haaraa barachuun ta'a. Kunis bifa idileetiin Af1 barreessuun adeemsa namni ga'eessi tokko Af2 ittiin baratuun kan walfakkaatu jechuudha. "Basic writers develop writing skills and achieve proficiency in the same way that other adults develop second language skills …" (Horning, 1987:2) Yaada ishee jabeeffachuuf Horning yaada "Krashen`s monitory theory of second language acquisition," wabeeffachuun

yaada Krasheniin walitti qindeessuun taateewwan qabata qaban kan barreessuu afaan abbaa barsiisuuf gargaaran ja'a (6) ibsiteerti.

1. Uunki barreeffama afaanii afaan lammaffaa of keessaa qaba.
2. Ogummaan barreessuu akkuma ogummaa biroo afaan lammaffaaa adeemsa baruufi barachuutiin gabbifama.
3. Ogummaa barreessuu baruun tartiiba hojiin argama. Kana jechuun gocha tokko baranii isa itti aanutti ce'uun adeemsaan barreessuu gabbifataa deemu jechuudha.
4. Dandeettiin barreessuu bu'uuraa barattoonni dareetti barreessuu baratan akka bu'aa ogummaa barreessuu isaan baranii qofatti tajaajila.
5. Yoo afaan baruun jiraate bu'aan walitti hidhataan barbaachisaadha.
6. Akka barattoonni ogummaa barreessuu baraniif, kakaasni bu'a qabeessi argamuu qaba. (Horning, 1987:5)

Yaada akka waliigalaatti kaa'ame kana irraa yoo kaanu barreessuun afaanii dubbisuun, ofitti fudhachuun, qindoominaafi priinsiippiloota irra deddeebi'uunfi adeemsa yaalii maladhahiitiin kan baramuudha.

2.1.8 Dhihaannaa barreessuu barsiisuu Afaan 2 (Approaches to teaching L2 Writing)

Garaagarummaan guddaan barreessuu barsiisuu Af1 fi Af2 gidduu jiru ga'umsa afaan ittiin ibsamuudha. Af2 keessatti yeroo barreessinu adeemsa sanmmuu kan Af1 hojiirra oolchuun gaarii ta`a. kana jechuun muuxannoo afaan tokkofffaa leessatti qabnu gara afaan lammaffaatti fiduun itti fayyadamuu jechuudha. Kanaaf barreessuun Af2 ga'umsa Af1 irratti hundaa'a jechuudha.

2.1.9 Dhihaannaa Too`atamaa irraa gara Bilisaa

Dhihaannaan kun seerluga, xiinhimaafi akkaataa tajaajilaatiif xiyyeeffannoo guddaa kenna. Akka waliigalatti adeemsaan yoo barsiifamu, barreessuun, jalqaba hima shaakaluufi sana booda keeyyata ijaaruu ta'a. Irra caalaan barreessuu barattoonni jecha yookiin gaalee akka jijjiiran yookiin himoota akka walitti hidhaniif sirriitti too'atamaadha. Yoo barattoonni shaakalawwan kana sirriitti gabbifatan, gara barreeffama bilisaatti ce'u. Kanaaf barattoonni jalqaba dandeettii jechoota yookiin gaaleewwan jijjiiruufi himoota walitti qindeessuu bu'ureeffachuu qabu. Erga dandeettiiwwan kanneen gonfatanii booda bilisaan barreessuu shaakalu jechuudha.

2.1.10 Dhihaannaa Bilisaa (Free Writing Approach)

Akka dhihaannaa kanaatti barsiisaan qulqillina caalaa baay'inaaf bakka kenna. Dogongora sirreessuun baay'ee xiqqaadha. Xiyyeeffannoon qajeelfamaa, qabiyyeefi dubbistoota irratti. Barattoonni akka sirritti barreessaniifi qabiyyeerratti akka xiyyeeffatan yemmuu jajjabeeffaman, uunka barreeffamaatiif immoo, xiyyeeffannoon kennamu laafaadha. Kun immoo, hiika irratti jijjiirama fiduu danda'a. Deeggartoonni dhihaatina kanaa akka jedhanitti, sirrummaan seerlugaa adeemsa keessa gabbifama. Dhihaannaa barreessuu bilisaa jechuun, kan barattoonni giddu-lixummaa barsiisaatiin alatti barreessaniifi jalqaba qabiyyeefi sirrummaaf xiyyeeffannoo akka kennan kan keessatti jajjabeeffamaniidha. Akka Raimes 1983:7tti dhihaannaan kun, qulqullina caalaa baay'ina irratti xiyyeeffata.

Mata duree kenname tokkorratti bilisaan barreessuun yoo qindeeffamu, barsiisaan waa xiqqoo sirreessa. Qabiyyeefi sirrummaan, caaslugaafi uunka caalaa iddoo qabu. Akka waliigalaatti, barreessaan takkaa yaadasaa waraqaarra buufnaan, caaslugni, uunkiifi xiinhimni suuta dhufu. Sadarkaa olaanaafi giddugaleessatti dhihaannaa kana fayyadamuun faayida qabeessa. Bilisaan barreessuun akkaataa lamaan ta'uu danda'a. Xiyyeeffatamaafi xiyyeeffannoo kan hinqabne. Barreessuun yoo xiyyeffannoo qabaate gaaffii yookiin yaada barataan ofii isaatii tilmaameef deebii laata. Giddu lixummaan barsiisaa kan daangeffame waan ta'eef, barsiisaan barataan caaslugaafi dogongora qubeetiif osoo hindhiphatin bilisaan akka barreessuuf qajeelfama kenna. Barsiisaan yeroo barreeffama barataa dubbisu, dogongoroota osoo hinsirreessine, yaadolee barreeffama keessatti ibsamanirratti yaada kenna. (Raimes, 1983)

Barreessuun bilisaa yoo xiyyeeffannaa hinqabaatin, hojii dhunfaa kan waanuma sammuu namaatti dhufe waraqaa irratti qubsiisan ta'a. Barattoonni bilisaan barreessuun dura, xiyyeeffannoon sadarkaalee afur irratti ta'a. sadarkaaleen kunneenis: amaleeffachiisuu, too'annaan barreessuu, barreessuu qajeelchaatiifi bilisaan barreessuudha. Hojiin akkanaa immoo, dhihaannaa ijaarsa keeyyataafi dhihaannaa too'atamaa irraa gara bilisaatiin walqabata. Kana jechuun, barreessuu bilisaa shaakalsiisuuf, jalqaba akka barattoonni barreessuu amaleeffatan taasisuu; itti aansee barruu too'atamaa akka shaakalan godhama. Sana booda, barreessuu qajeelchaa akka barreessan erga shaakalanii gara bilisaan barreessuutti akka ce'an godhamu. Kanaaf, dhihaannaan kun adeemsa dheeraa keessa erga darbamee booda kan hojiirra oolu jechuudha.

2.1.11 Dhihaannaa Bu'aarratti Xiyyeeffate (Product Based Approach)

Dhihaannaan kun bu'aa adeemsa barreessuu irratti hundaa'a. Deeggartoonni dhihaannaa kanaa barreessuu akka bu'aa barruutti yookiin akka wanta of danda'eetti ilaalu. Barreeffamni akka galumsaatti tajaajila, yaanni barreeffamaa immoo afaan keessatti ibsama. Hiikni yookiin ergaan barreessaan qophaa'ee dubbisaa muuxannoon hubatama. Dhihaannaan kun, bu'aa dhumaa irratti hundaa'a. Innis sirrummaa caaslugaa sadarkaa himaa irratti xiyyeeffata. Kaayyoonsaa waan tokko barreeffamaan argachuu waan ta'eef, barattoonni takkaatti barreeffama sirrii akka barreessan eega. Haalli dhihaannaa kanaa qajeelfamaafi too'atamaadha. "Product orented approaches focus on final product, the coherent, errer free text. These approach focus on grammatical correctness on the sentence level." (Language institute journal volume 3, 2006).

Dabalataan hiika dhihaannaa kanaa Hedge (1988:8) akka itti aanutti keesse, "dhihaannaan barreessuu kanaa mala barruu barreeffamanii agarsiisuufi ogummaa seerluga sirrii argachuu, beekumsa jechaa, sirna tuqaalee sirrii fayyadamuufi ittifayyadama uunkaa sirrii qubee,sirriitti qubeessuu,caasaa himaa sirrii fayyadamuu, yaadafi odeeffannoo himakeessatti yaada ijoo uumuuf walitti hidhuu, qabiyyee gabbisuufi qindeessuufi kkf qabaachuudha. Dhihaannaan kun waan barattoonni beekuu qaban irratti xiyyeeffata. Kanaaaf, gama ogummaa barreessuutti yoo fudhanne immoo, waan barattoonni barreessuu qaban kan akka isaan barreessaniif eegamurratti xiyyeeffata jechuudha.

Akka hayyuun Pincas (1982a:22) jettutti dhihaannaa kana keessatti barreessuu barachuun sadarkaalee afur: amaleeffachiisuu, barreessuu too'atamaa, barreessuu qajeelchaafi barreessuu bilisaa qaba. Amaleeffachiisuun amala barreeffama ta'e tokkoo irratti barattoonni akka kaka'umsa godhatan taasisa. Barreessuu too'atamaafi qajeelchaa keessatti hanga barreessuu bilisaatiif qophii ta'anitti barattoonni ogummaa keessatti fedhii dabalaa deemuun hirmaatu. Kana keessatti, barreessuun sadarkaalee kana hordofuun shaakalamuudhaan baratama jechuudha.

Egaa, akka yaada kanaatti barreessuun dura amaleeffachiisuu irraa jalqaba. Amaleeffachiisuun immoo, barruu akkayyaa barattootaaf dhiyeessuun akka isaan amala barreeffamichaa hubatanii kaka`umsa barreessuu horatan taasisa; kana booda too'annaafi qajeelfamaan barreessuun gara bilisaan barreessuutti ce'ama. Dhihaannaan kun caasaa himaa barreessuu of keessaa qaba. Kana keessatti gaheen dubbisaa jalqaba akkuma barsiisaa, akka qoraa (gulaalaa, yookiin akka nama

mirkaneessuuf dubbisuuti). Fedhiin ijoon dubbisaa qulqullina yaadaa yookiin ibsaa osoo hintaane, seerluga sirrii fayyadamuu irratti xiyyeeffata. (Kroll, 1997)

Qajeelfamni barreessuu yeroo hedduu kan irratti xiyyeeffatu, sirrummaa seerlugaa irratti leenjii kennuudha. Barreessuun akka meeshaa seerlugaafi beekumsa waliigalaa afaanii barsiisuutti ilaalama. Malli baruufi barsiisuu ijoon dhihaannaa kana keessatti tajaajilu barruu too'atamaa, falaasama mala dhagdubbiirraa guddate: barattoonni dabalataan barsiifamu, dogongorri nihambifama, akkasumas sirrummaan shaakalarratti hundaa'e kan eeggamuudha (Reid, 1993:24).

Hyland (2003) akkka ibsetti immoo adeemsonni afur kan caasaarratti xiyyeeffachuun barreessuu barsiisuu agarsiisan kanneen armaan gadiiti.

1. Walbarsiisuu: barattoonni caasluga, fayyadama jechootaa/vookaabularii muraasa barreeffama keessatti nibarsiifamu.
2. Barreessuu Too'atamaa: barattoonni yaada bu'uuraa muraasa ta'an yeroo hedduu gabatee bakka buusii irraa qopheessu.
3. Qajeelfamaan barreessuu: barattoonni barreeffama akkayyaa (moodeelaa) irra deebi'anii barreesu. Yeroo barreessan akka barreeffama sanaatti shaakalu.
4. Bilisaan barreessuu: barattoonni barreeffama gabaabaaf, xalayyaafi kkf barreessuuf akkina (yaada bu'uuraa) dura dagaagfatan fayyadamu. Barsiisonni idileen, barataa barreessaa (student writer), barruu isaanii akka bu'aa dhumaa yookiin qabxii dhumaa ykn gireediitti ilaalu.

Kanaaf, barattoonni kaayyoon barreessuu inni guddaan barreeffama barsiisaaf qopheessuu akka ta'etti malee yaada hiika qabeessa ta'een nama biroo waliin walii galuuf akka ta'e hinhubatan. "Students understood that the major function of writing is to produce text for teachers to evaluate, not to communicate meaningfully with another person," (Nunan, 1991:88) Dhihaannaa bu'aa irratti hundaa'e, barreessuu akka caasaa haasbarruutti (writing as discourse structure) keessatti barreeffamni akka haasbarruuttis ilaalama. Dhihaannaan kun tajaajila akka daandii milkaa'inaan barreessuu, yookiin daandii kaayyoo barreessuurra ittiin ga'aniitti ilaala.

Supong (2006:3) (Hyland, 2003:6) wabeeffachuun "Certain communicative functions are performed by particular language forms, and students can be taught the functions most relavent

to their needs," jedha. Yaada kana irraa kan hubatamu, tajaajiloonni waliigaltee hedduun kan uumaman uunka afaanii murtaa'aniifi barattoonni tajaajila kana akka fedhintaa isaaniitti barsiifamu jechuudha. Gama birootiin Barreessuun barattoota kan shaakalchiifamu, barruu bilisaa keeyyata walkeessa borcaman keessatti himoota tartiibessuu, hima sirrii filachuun keeyyata guutuu taasisuufi odeeffannoo argamerraa keeyyata barreessuudhaan ta'a. Barattoonnis barreeffama akkayyaa dubbisuufi qaaccessuun isa booda beekumsa gonfatan irratti hundaa'uun barreeffama ofii isaanii uumu.

Haata'uu malee, dhihaannaan bu'aarratti hundaa'e hanqinoota garaagaraa akka qabu yaanni garaagaraa nimul'ata. Akka (Reid, 1982)tti dhihaannaan bu'aa irratti xiyyeeffate, adeemsa barreessuu akka salphaa ykn qajeelaa ta'eetti fudhata. Qajeelfama kana keessatti barreessuun akka adeemsa hojiiwwan adda baafaman tartiiba walhordofaniin guutuutti fudhatama. Dhihaannaan kun barreeffama kutaalee tartiiba qaban kan akka: jecha, himaafi keeyyataa irratti xiyyeeffata. Barattoonni gochoota yookiin gilgaalota akka guutaniif eeggaman: keessumattuu, jechoota seerluga keessatti guutuun yookiin irra deebi'anii tartiibessuun akka guutan gaafatamu. Kun immoo salphamatti hojii barreessuu osoo hintaane, gilgaala caaslugaa kan qabiyyee too'atamaati. Gama biraatiin dhihaannaan kun, dandeettiin barattootaa akka seera caaslugaa yaadataniifi hojiirra oolchan irratti akka xiyyeeffatu taasisa. Barattoonni yemmuu keeyyata yookiin bareeffama akka barreessan gaafataman, salphumatti uunka yookiin qindoomina murtaa'aa hordofu. Yoo hojiin yaada abuuruufi hiika uumuu xiyyeeffannoo hinargatin gahumsi afaanii qabxii ijoo ga'umsa barreessuu murteessuudha. Barsiisonni barreessan kanneen ilaalcha kana daawwatan, salphumatti dogoggora seerlugaafi itti fayyadama afaanii mallattoo itti godhuun sirreessu. Ga'een isaanii inni guddaan, seerota caaslugaafi duub-deebii isaanii kan dogongora caas-lugaarratti xiyyeeffate, kan barattoota barreessuu keessatti akka yaada maddisiisaniifi gabbisan hingargaarre cimsuudha.

2.1.12 Dhihaannaa ijaarsa keeyyataa (pattern – paragraph approach)

Dhihaannaan kun barreeffamoota akkayyaa qaaccessuufi akkeessuu, akkasumas hundaa ol qindoomina irratti xiyyeeffata. Akka dhihaannaa kanaatti, barattoonni jalqaba barreeffama qindaa'e qaaccessu, isa booda, akka barreeffama qaaccessan sanaatti fakkeessanii barreessuu shaakalu. Keeyyattoota akkayyaa irra deddeebi'uun, himoota walkeessa borcaman sirreessuu, hima ijoo adda baasuufi jecha yookiin hima dabaluun yookiin haquun barreessuu shaakalu.

Yaada kana gabbisuuf, waraabbii armaan gadii ilaaluun gaariidha. According to this approach organization is the key to learning writing and producing a good written product. Students are given paragraphs to analyze, rearrange and copy. They may delete or insert sentences as they choose. The paragraph-pattern approach is based on the principle that every language organizes their communication in different ways. Thus students must analyze paragraphs in the target language and practice things that are typical in that language, in order to be able to write fluently (Raimes1983: 7).

2.1.13 Dhihaannaa Caasluga Xiinhima Qindoominaa

Dhihaannaan caasluga xiinhima qindoominaa barattoonni altakkaatti amaloota barreessuu adda addaa irratti akka xiyyeeffatan kan taasisuudha. Hojiileen barreessuu akka barattoonni xiyyeeffannoo guddaa serlugaaf, xiinhimaaf kennaniif, akkasumas akka isaan barreeffama isaanii qindeessaniif jechoota akka: tokkoffaa, achiifi dhumarratti jedhan kennuun qophaa'a. Barattoonni jalqaba dandeettii caaslugaa horatu; itti aansee xiinhima erga gabbifatanii dandeettii kana walitti fiduun barreeffama qindaa'e barreessu.

2.1.2.6. Dhihaannaa Waliigaltee (Communicative Approach)

Dhihaatina kanaaf Kaayyoofi hirmaattonni (dubbistootni) qabxii xiyyeeffannooti. Barattootni gochoota qabatamaa jiruu isaanii keessa jiru kan akka xalayaa idileefi alidilee barreessuu irratti hirmaatu. Kaayyoon isaa waliigaltee uumuufidha. Kanarratti Raimes (1983:8) yaada kana yoo cimsitu, "This approach stresses on the purpose of a peace of writing and the audience for it. Students writers are encouraged to behave live writers in real life and to ask themselves the crucial questions about purpose and audience," jetti. Yaanni kun gabaabumatti kan nu hubachiisu, dhiyaannaan kuni xiyyeeffannoon isaa wanta barreeffameefi qaama barruun kun qophaa'eef irratti kan hundaa'uu akka ta'eedha.

2.1.2.7. Dhihaannaa adeemsaa (process approach)

Akkuma barreessuu Afl bu'aa dhumaa irratti qofa xiyyeeffachuu caalaa, barsiisonni barattoota isaanii akka yaada maddisiisan, karoorsan, keessa deebi'aniifi gulaalaniif gargaaruun haala mijeessu. Barreeffamni jalqabaa dogongorarraa bilisa jedhamee hineeggamu, akkasuma duubdeebiin barsiisaa irraa eegamu, kan akka barattoonni yaada haaraa, jecha haaraafi hima haaraa gumee gara fuulduraatti qopheessan keessatti isaan gargaaru ta'uu qaba. Dhihaannaan kun

dursa barreeffama osoo hintaane, barreessaa irratti xiyyeeffata. Kana jechuun waan barreeffamu kan daanga'ee akka barreessaniif eeggamu osoo hintaane, akkaataa abbaan barreessu sun barreeffama ofii itti gabbifatu irratti xiyyeeffata jechuudha. Yaanni barreessuu kun, barreessuu akka adeemsa hiika abuuruufi qindoomina uumuutti ilaala (Matsuda, 2003).

Yeroo gochaalee barreessuu dhiheessu, waan barreessaan gaariin raawwachuu qabu of keessatti qabata. Gama biraatiin barreessuun akkanaa kan inni irratti xiyyeeffatu, yaada maddisiisuu irraa hanga odeeffannoo sassaabuun gara barreeffama dhumaa barreessuu shaakalchiisuutti. "Process approaches stress . . . writing activities which move learners from the generation of ideas and the collection of data through to the publication of a finished text," (Tribble 1996:37).

Kanaaf, akkuma yaada kanarraa hubachuun danda'amu, dhihaannaan barreessuu adeemsaa adeemsota akka yaada maddisiisuu, gumee qopheessuu, keessa deebi'uufi gulaaluu keessa darba jechuudha.


Dhihaatina kana keessatti barreessuun akka ibsoota yaad-uumeetti (writing as Creative Expressions) fudhatama. Ilaalchi barreessuu yaad-uumee, barreessuu akka hojii waa uumuutti ilaala. Jecha birootiin barreessuun akka hojii ibsa nama dhuufaafi argannoo, kan adeemsi akkuma bu'aatti faayidaa qabuutti fudhatama. Yaanni kun yaada barreessuun caasluga sirriifi itti fyyadama isaa bu'ureeffachuudha jedhu morma; kanaaf, dhihaannaan kun akkaataa barreessitoonni deeggarsa barsiisan akka haala mijeessaatti taasisuuf waliin ogummaa barreessuu isaanii itti dagaagfatan irratti xiyyeeffata.

Akka yaada kanaatti barreessuun kan baratamu malee, kan barsiifamuu miti. Kanaaf, qajeelfamni barreessuu, qajeelfaa kan hintaaneefi dhuunfawaadha. Kana jechuun ogummaan barreessuu yaada namni ofii isaatii burqisiisu kan ofii shaakaluun argatu malee, kan namni biroo akkanatti barreessi jedhee nama qjeelchuu miti jechuudha. "Writing is learned, not taught, so writing instruction is nondirective and personal" (Hyland, 2003).

Dhihaannaan kun barreessuu akka adeemsa sammuutti (Writing as a Cognitive Process)tti ilaala. Gosa dhihaannaa adeemsaa keessaa tokko ta'ee, adeemsa yaanni sammuu keessatti ittiin qindaa'u kan bu'uureffatuufi yaaxxina xiinsammuu irratti hundaa'a. Yaada kana cimsuuf yaada hayyoota garagaraa haa ilaallu. Akka adeemsa sammuutti, barreessuun ilaalcha xiinsammuufi qorannoon karaa kanaan godhamus bu'uuraan yaadiddama xiinsammuu irratti hundaa'a.

Dhihaannaan kun, barreessuu akka adeemsa salphaa hintaanetti (non linier) fudhata (Emig, 1983; Zamel, 1983). Akka Reid (1993)tti deeggartoonni dhihaannaa kanaa barreessuu adeemsaatiif, barreessuu qorannoorratti hundaa'e, hirmaattota irratti kan xiyyeeffate, qabiyyee irratti kan hundaa'e, bu'uura godhatu.

Nunan (1999) White and Arndt (1991) irratti hundaa'uun barreessuu adeemsaatiif ka'umsa hojiitti jijjiiramuu danda'u agarsiise. Jarri kun, barreessuu akka adeemsa walxaxaa, adeemsa sammuu kan ga'umsa sammuu walitti fufaa yeroo kenname keessatti ta'uu jedhanii fudhatu. Namoonni kunneen adeemsa barreessuun adeemsaa keessa darbu ja'a (6) akka gadiitti lafa kaa'u.



(Spong Tangkiensirisin, 2006:12)

Kana irraa kan hubatamu barreessuun adeemsa marsaa yaada maddisiisuu, yaadicha caasessuu, wixineessuu, xiyyeeffannoo itti kennuu, madaaluufi keessa deebi'anii gulaaluun kan argamuudha. Adeemsonni kunneen hundi wal irraa kan hincinneefi walkeessa kan jiraniidha.

2.1.2.8. Dhihaatina Tarsiimoo (Strategy Approach)

Dhihaannaan kun, adeemsaafi tartiiba barreessuu barattoonni shaakaluun keessa darbanii barruu gaarii barreessan irratti xiyyeeffata. Kunis, akkaataa barreessitoonni muuxannoo qaban itti barreessan (karoorsuu, wixinuufi xiinxaluu) barsiisa. "Strategy approaches to writing instruction teach children the planning, drafting, and revision strategies used by skilled writers. These

strategies are specific steps that guide students through each part of writing process," (Supong Tangkiengsirisin, 2006)

2.1.2 Dhihaannaa Barreessuu Barsiisuu Afaan Ambaa

Afaan ambaa barsiisuu keessatti dhihaannaan barreessuu barsiisuu ifa ta'e hinjiru. Afaan ambaa keessatti barreessuun yoo barsiifamu kaayyoo waliigala barnoota barsiifamuun walqabsiifama. Fakkeenyaaf, yoo xiyyeeffannoon qajeelfamaa wantoota (ta'iinsota darban seenessuu ta'e, barattoonni hennaa darbaa qo'atuu danda'u; akkasumas hojiin barreessuu isaanii kennamu waan yeroo darbe keessa raawwatan gaafachuu danda'a. Waraana Addunyaa 2^{ffaa} booda baroota 1960fi 1970 keessa malli dhagdubbii Afam. barsiisuu keessatti baay'ee beekamaa ture. Dhihaannaan kun (malli dhag-dubbiin afaan barsiisuu) kan inni hojii irra ooluu jalqabeef loltoota leenjisuuf ture.

2.2 Barreessuu

Barreessuun ogummaa namni tokko shaakaluun guddifatuudha. Rakkoon barattoota yeroo barreessan yaada maddisiisuu irratti isaan mudatu rakkoo shaakala dhabiinsa irraa madduudha. Naannoon barattoonni itti gufatan: yaada qindeessuu, yaada walitti hidhata qabu maddisiisuufi rakkoo ofii isaanii sirriitti ibsuu dadhabuu fa'a. Barreessuun oguma afaanii keessaa tokko ta'ee kan dandeettii cimaafi walxaxaa gaafatuudha. Barreessuun ogummaa faayida qabeessa kan jiruu namaa keessatti, barnootaaf, ogummaafi faayidaa dhuunfaatiif nama gargaaruudha. Namni tokko ogummaa barreessuu cimaa yoo qabaate, adeemsonni hedduun galtee ta'uuf. Barreessuun qubee afaan tokkoo seeraan bocuu irraa kaasee hamma yaada ofii seeraan qindeessanii, jecha, gaalee, ciroo, hima, keeyyata, barreeffamaafi kitaabilee barreessuutti kan adeemuudha. Kunis caluma jedhamee kan deemu osoo hintaane, seera afaan ittiin bareeffamu sanaa eeggachuun kan ta'uudha. Barattoonni akka barreessuu irratti jabaataniif hojiin jajjabeessaan gama ogummaa barreessuutiin kennamuufii qaba. Kana keessatti adeemsa isaan ittiin barreessan irratti xiyyeeffachuun gaariidha.

Little Red (2005:19) yaada kana yemmuu jabeessu, "let us not teach our students to be writers…let us just teach them how to write." Kun kan nutti agarsiisu barattoonni akka waan tokko barreessan irratti xiyyeeffachuu caalaa akkamitti akka isaan barreessuu shaakalan barsiisuun gaarii akka ta'eedha. Kanaaf haalli dhihaannaa shaakala barreessuu akkaataa barattoonni itti shaakalan irratti kan xiyyeeffate ta'uutu irraa eegama jechuudha.

Barreessuun karaa addaa addaatiin hiikkamuu danda`a. Fakkeenyaaf, Macmillan school of dictionary irratti kan jiru “1. Writing is the skill of producing written material by putting words together. 2. Writing is the activity of creating things such as books, poems, or newspaper articles, or books, poems and articles that have been created,” Barreessuun ogumma jechoota walitti fiduun wanta barreeffame tokko oomishuuti. Gocha wantoota akka kitaabaa, walaloo, yookiin galaalchotaafi kkf uumuuti.

2.2.1 Amaloota Barreessuu

2.2.1.1 Barreessuu Akka Ogummaatti

Barreessuun ogmmaa shaakalaan gabbifamuudha. Hanqinoonni barattoonni barreessuu keessatti uuman hanqina shaakalaa irraa dhufa. Barreessuu keessatti toorri hanqina barattootaa: Rakkoo yaada qindeessuu, hanqina yaada walqabataa/walitti hidhataa maddisiisuu, hanqina sirriitti of ibsuu/nama biroo/ wantoota ibsuufi hanqina qubeessuuf sirna tuqaalee fa’a hammata. Kanaaf gochaaleen barreessuu barattootaaf qindeeffaman, barattoota qajeelchuufi shaakalchiisuuf kaayyoo mataa isaanii qabaachuu qabu.

2.2.1.2 Barreessuun akka ogummaatti adda ba’ee hinilaallamu

Barreessuun ogummaalee birootiin walqabata. Kitaaba barnootaa keessatti boqonnaalee hunda keessatti ogummaaleen heddu erga shakalsiifamanii booda dhufa. Fakkeenyaaf, seerluga dubbiirraa gara gilgaalota barreessuu; dubbisuu yookiin dhaggeeffachuurraa gara yaadannoo qopheessuu ykn gilgaalota hubannoo barreessuu ta’uu danda’a. Keessumattuu dubbisuu waliin hidhata cimaa qaba. Sadarkaa kamittuu namni tokko osoo dubbisuu hinbarin barreessuu baruu hindanda’u. Namni tokko barreessuu baruuf, jalqaba waan namni biroo barreesse dubbisa; itti aansee akka barreessaatti dubbistoonni eenyu akka ta’an adda baasuu, waan beeku, akkamitti akka hubachuu danda’uufi waan barreeffame akkamitti akka raawwachuu danda’u, xiyyeeffannoo keessa galcha. Dhumarratti namni tokko barruu nama tokkoo fooyyessuu kan danda’u isa jalqabaa akka akkayyaatti fudhachuun ta’a. Kun immoo akka namni barruu nama biraa dubbisu taasisa.

2.2.1.3 Barreessuu akka adeemsa walxaxaatti

Afaan tokkoffaafi lammaffaa keessattillee barreessuun adeemsa walxaxaa wantoota adda addaa hammatuudha. Sababoonni barreessuu adeemsa walxaxaa taasisan: Rakkoo xiinsammuufi qabiyyeeti. Hojiin barreessuu hojii nam-tokkeedha. Yommuu barreessinu, giddu-lixummaa

yookiin duub-deebii nama biroo osoo hinqabaanne dhuunfaan barreessina. Kun immoo hojii barreessuu ulfaataa taasisa. Barreessuun abbaa barreessuu irratti hirkata (writing is often opposed on us): yaada barreessuuf nu gargaaru argachuu dhabuu dandeenya; kunis barreessuu ulfaataa taasisa.

Rakkoowwan xinqooqaa (linguistic problem): Rakkoolee xinqooqaa dandeettii barreessuu yommuu kaasnu, jecha irraa kaasee hanga barruu guutuutti qindoominni sirriitti barbaachisa. Kana malees, barreeffamni keenya fudhatama akka argatu taasisuuf, keessa deebinee sirreessuunis baay'ee barbaachisaadha. Barreessuun akka dubbachuu yaa'a yaadaatiin osoo hintaane, qindoomina barreeffamaatiin ta'a.

Rakkoowwan Hubannoo (Cognitive problem): Barreessuun adeemsa qajeelfamaatiin baratama. Kanaaf, qajeelfama barreeffamaan kenname sirriitti hubachuu barbaachisa. Barreessuu yeroo jalqabnu qalamaafi waraqaa walsimsiisuu miti. Gama birootiin, Elbow (2000) akka ibsetti, ulfaatina dandeettii barreessuuf ka'umsi isaa namootuma bira akka jirutti eera. Kunis, namoonni baay'een dandeettii barreessuutiif ilaalcha gaarii ta'e hinqaban. Namoota muraasa qofatu fedhii guutuudhaan itti seenu. Akkasumas, barreeffama gaarii qopheessuun muuxannoo yeroo dheeraan booda haa argamuu malee, barreessuun eenyumaafuu ulfaataadha. Kanaaf, ilaalchi nuti barreeffama irratti qabnu kallattiinis ta'ee karaa biraan, dhiibbaa nu irraan gahuunsaa waan hinoolle.

Dabalataanis, Nunan (1991) akka ibsitetti, barreessuun kan ulfaatuuf, namoonni baay'een qulqullina barreeffamaatiif kan dhiphatan ta'uusaati. Akkasumas, namoonni baay'een yommuu barreessan yaada maddisiifachuuf xiyyeeffannoo hinkennan. Haata'uu malee, yommuu barreessuuf qophoofnu qulqullina caalaa baay'inarratti xiyyeeffachuu qabna. Dandeettii barreessuu gonfachuun kan danda'amu yoo akkas ta'e qofa. Kana malees, yaanni biraa ulfaatini dandeettii barreessuu waliin walqabatee, mata duree irratti barreeffamu jiddugaleessa godhata. Akka Byrne (1991) ibsitutti, shaakalli barreessuu irratti barataadhaaf kennamu kan gammachiisuufi akka barreessuuf isa kakaasu ta'uu qaba. Akkasumas, dandeettiisaa waliin kan deemu ta'uu qaba. Dabalataanis, mata dureen barataadhaaf kennamuu qabu, kan barataan yaada irratti maddisiifachuu danda'uuf kan addunyaa dhugaa keessatti qabata qabu qabaachuu isaati.

2.2.2. Gochaalee Barreessuu

Barsiisonni yemmuu barreessuu karoorsan sadarkaa barattoota isaaniifi cimina shaakala barreessuu xiyyeeffannoo keessa galchuu qabu. Akkasumas, qopheessitoonni kitaabaas haala kana xiyyeeffannoo keessa galchuun yaaduun nibarbaachisa. Barreessuu karaalee garaagaraa lamaan sadarkeessuun nidanda'ama.

Dheerina: barreessuun hedduu kutaalee sadarkaa tokkoffaafi kitaabileen isaas himoota gaggabaaboo irratti xiyyeeffatu. Kanaaf, warreen sadarkaa tokkoffaa irra jiraniif himoota gaggabaabootu qindaa'aaf jechuudha.

Sadarkaa hubannoo: gocha Ibsa barattootaa irratti hundaa`uun shaakaloonni barreessuu jalqabdootaaf kennamu adeemsa keessa waan fooyyeffataniif too'atamaadha. Barsiisonni karaalee adda addaatiin isaan qajeelchu.

2.2.2.1 Barreessuu Too'atamaa (Controlled Writing Activities)

Gochaan barreessuu kun, gochaalee barreessuu sadarkaa himaa, sadarkaa keeyyataafi sadarkaa barruu guutuu of keessatti kan hammateedha. Barreessuu too'atamaa jalatti shaakaloonni akka armaan gadii nihammatamu.

2.2.2.1.1 Dalagaa barreesuu dandeettii seerlugaafi hiika jechootaa cimsu

Jechoonni tokko tokko hormaata hineegamne hordofu. Kanaafuu, yeroo hiika hundee jecha tokkoo barsiifnu haala hormaataa yookiin jijjiirraa jechichaa barsiisuu qabna. Fakkeenyaaf, jecha 'nama' jedhu yemmuu barsiifnu bifa isaa isa danuu ta'e 'namoota' barsiisuu qabna. Yeroo dalagaan barreessuu akkasii qopheeffamus haalli jechoonni qeenxeen itti gara danuutti jijjiiraman gargar waan ta'eef, too'annaa cimaa kan gaafatuudha.

Dalagaa barreessuu kana jalatti kanneen raawwatamanis kan akka: bakka duwwaa guutuu (blank filling), sadarkaa tokkorraa gara biraatti jijjiiruu, jechoota haaraa barataniin hima guutuu, jechoota kennaman hima keessatti tartiibessuu, himoota walitti hidhuu, garagalchuu (copying): himoota yookiin jechoota bakka isaanii malee galan bakka isaanii irratti garagalchuu, hanquu guutuu (Gap-feeling) fa'i.

Fakkeenya: Himoota armaan gadii jechoota yookiin gaalee itti dabaluun guutii barreessi.

Daadhiin miilaan gara mana hojii isaa _____.

Dabalaan _____ dhufee hinbeeku. Nibarfata.

Jechoota yookaan himoota tartiibessuu (Reordering words or sentences): Himoota yookiin jechoota tartiibni isaanii waljala darbe (wal-keessa borcame) sirreessuun keeyyata barreessuu

Fakkeenya: himoota kanneen sirreessii barreessi.

Tolaan / wajjiin/ caalaa/ mana barumsaa/ gara/ deeme.

Namichi / hoolaa/ bite/ fi/ re'ee.

Bakka buusuu (substitution): yaada dubbisan irratti hundaa'uun waa'ee ofii isaanii yookiin kan nama biroo yaadicha bakka buusuun barreessu. Bakka jecha yookiin hima kennamee kan biroo buusanii fayyadamuu jechuudha.

Fakkeenya: waa'ee kee akka armaan gadiitti hima sirrii barreessi.

Galgaloon kubbaa miilaa taphachuufi kitaaba dubbisuu jaalata.

Waan dhugaa Sirreessuu (correcting the fact): Yaada dhugaa kan beekamu isa dhugaa irraa jallatee barreeffame sirreessuun barreessuudha. Jechoota, himoota, yaadota dogoggora qaban sirreessanii barreessuu

2.2.2.1.2 Dalagaalee barreessuu sirrummaafi dandeettii walii galtee cimsu

- Waan duraan barreessan seerluga, qubee sirriifi sirna tuqaalee eeganii fooyyessuu
- Hima keessatti walitti hidhamina sirrii taasisuu
- Yaada ofii fayyadamanii gaaffii deebisuu
- Gabatee bakka buusuu: Odeeffannoo gabatee keessatti kenname irratti hundaa'anii barreessuudha.
- Tallamsa banaa (open dialogue) jecha dubbataa tokkoo kenname guutuu

  Fakkeenya: waliin dubbii guuti

  a. Heloo, Guutuu, akkam jirta?
  b. .....
- Beekumsa jechoota haaraa barataniin yaada ofii ibsachuu
- Haasaa (conversation): kana keessatti barattoonni haasawa akka yeroo dukkaana deemanii mi'a bitatan fayyadamanfaa dhimma itti ba'an taasisuun nidanda'ama.
- Hima xumuruu

  Fakkeenya: himoota kanneen jechoota barbaachisoo galchuun guutuu taasisi.

  Namichi fardaan _____

- Himoota walkeessa borcaman tartiiba sirriitti deebisuu
- Yaadaan barreessuu (dictation) Waan dubbisan yookiin dubbiin dhaga'an tokko yaada ofiitiin barreessuu jechuudha. Yaada ofiitti fudhatanii jecha ofiitiin ibsuudha.

2.2.2.1.3 Dalagaa barreessuu dandeettii barreeffamaan waliigaluu cimsu

- Waan dhaggeeffatan irraa yaadannoo barreessuu – yaadannoo barattootaaf kennuun isaan immoo gara keeyyataatti bal'isanii barreessu
- Fakkii ilaalanii barreessuu (caption writing)

Fakkii ilaalanii jechoota fakkii irratti yookiin jalatti barreeffaman irratti hundaa'anii barreessuudha. Fakkeenya: 1, Fakkiiwwan dhiyaatan ilaaluun waan namoonni fakkii keessaa raawwatan himoota sadi barreessi 2, mata duree irratti yaada kennuuf keeyyata barreessuu

2.2.2.2 Barreessuu Qajeelchaa

Gochi barreessuu kun karaa lamaan barreessuu akkayyaarratti hundaa'eefi dubbii ykn barruu qopheessuu armaan gadii kanarratti ta'uu danda'a.

2.2.2.2.1 Barreessuu akkayyaa irratti hundaa'e

Dalagaan kun, barattootaaf barreeffama yookiin dubbii fakkeeyna ta'u kennuun akka isaan itti gargaaramanii barreessan taasifama.

- Guduunfuu (summarizing) barreeffama akkayyaa isaaniif kenname irratti hundaa'anii guduunfaa barreessuu.
- Gaaffii deebisuu: gaaffii kenname irratti hundaa'uun barreessuu
- Barreessuu walmadaalaa (parallel writing): barreeffama kenname ilaalanii kan akka isaa barreessuu: Fakkaattii uunka barruu dubbisaniitiin keeyyata ofii isaanii barreessuu. (keeyyata bifa adda addaa ijaaruu: keeyyata ibsaa, addeessaa, seenessaafi amansiisaa)
- Odeeffannoo kennuu (Information transfer): Tooftaan kun wantoota ijaan mul'atan irraa barattoota gaafachuun maqaa wantoota fakkiin mul'atanii akka barreessan, giraafii irra kan jiru akka adda baasan, uunkaawwan akka guutaniifi wkf raawwatan taasifama. Asirratti barattoonni odeeffannoo afaaniin qindaa'e gara bakka bu'ee wanta ijaan ilaalamuutti (fakkeenyaaf kan akka: fakkiiwwan keessatti waa adda baasuu, uunka guutuu, kaartaa irratti daandiiwwan agarsiisuu) fa'a raawwatu.

- Kan dubbisan yookiin dhaggeeffatan irraa yaadannoo qabatuu. (bakka duwwaa yaadannoo qabatan irraa guutuun keeyyata barreessuu, yookiin keeyyata ofii isaanii barreessu. Barreeffamoota adda addaa irraa qabsiisa qabatuu,
- Barreeffama yookiin fakkiidhaan gaaffii kennamu. Deebiin gaaffii sanii tartiiba eegee barreeffamuun seenaa of danda'e ijaara.
- Waan barreeffame yookiin dubbatame irraa qabsiisa qabatu. Qabsiisa qabatan babal'isuun keeyyata ijaaruu,
- Odeeffannoo chaartii, gabatee, fakkaattii ibsaa, yaada dubbisan yookiin dhaggeeffatan irraa argatan irratti hundaa'uun barreessuu.

2.2.2.2.2 Barruu Qopheessuu

Barattoonni dalagaa kana yemmuu shaakalan dubbii yookaan barreeffama isaaniif qopheeffame irratti hundaa'uun barreessuu. Gochi isaan raawwatanis kan akka:

- ✓ Bilisaan hirmaachuu: osoo hindaangeffamin akka isaanii ifetti barreessuu
- ✓ Sammu kakaastuu (brainstorming): yaadolee yaada burqisiisuuf gargaaran
- ✓ Fakkii jechaa (word mapping): wanta dhagahan yookaan dubbisan jechoota fayyadamanii gabaabinaan ibsuu
- ✓ Gochaalee sadarkeessuu (ranking activities): gochoota isaaniif kennaman haala barbaachisuun sadarkeessuu
- ✓ Ariitiin barreessuu: yaada dhagahan yookiin dubbisan ariitiin (yeroo murtaa'aa) keessatti barreessuu.
- ✓ Tallaamsa guutuu (dialogue completion); barattootaaf bifa haasaatiin kennamaaf. Isa booda waan duraan beekamu tilmaamuun yookiin himoota waljala borcaman keessaa filachuun barreessuu.
- ✓ Gaaffii deebisuu: gaaffileen kitaaba yookiin fakkii irratti kennamu. Deebiin gaafilee tartiibeffamanii seenaa walqabataa uumuu.
- ✓ Meeshaalee mul'atanitti gargaaramuu: meeshaalee kanneen akka kaartaa, fakkii, chaartii, giraafii, diyaagramiifi k.k.fdha. Meeshaaleen mul'atan waan nama hawwataniif fedhii barreessuu barattoota keessatti uumuu danda'u. Shaakala barreessuu akkanaa shaakalchiisuuf gochoonni kennaman: Fakkii tokko yookiin

fakkiilee tartiibaan jiran gara barreeffamaatti jijjiiruu; giraafii, chaartiifi gabatee barruutti jijjiiruufi kkfdha.

2.2.2.3 Barreessuu Bilisaa

Shaakala gochaa barreessuu bilisaa keessatti, deeggarsi kitaaba yookiin barsiisaa biraa taasifamu yaraadha. Barattoonni hojii baay'ee ofii dhama'anii hojjatu. Shaakaloonni barreessuu walabaas:

i. Addeessuufi addabaasuu (describe and identify): barattoonni waa'ee namootaa yookiin wantoota addeessuun yoo barreessan warri kaan immoo waa'ee namoota yookiin wantoota barreeffamanii eenyummaa yookiin maalummaa isaanii adda baasu.
ii. Seenaa uumuu (story constraction): barattoonni oduu durii, sheekkoo yookiin seeneffama beekan barreessu.
iii. Qajeelfama qopheessuu (relaying instruction): barattoonni qajeelfama biroo hordofuu qaban barreessu. Kana keessatti akkaataa qajeelfama itti qopheessan shaakalsiifamu.
iv. Xalayaa waljijjiiruu (exchanging letters): barattoonni xalayaa walii waliif barreessuun deebii waliif deebisu. Xalayoonni kun xalayaa affeeerraa, xalayaa jaalalaafi kkf ta'uu danda'u. Yeroo kana barattoonni ofii isaanii waliif dogoggora himu.

- Xalayaa ibsaa barreessuu
- Ergaa warra biraatiif barreessuu
- Barruu addeessaa barreessuu
- Seeneffama gabaabaa barreessuu

2.2.2.3.1 Gochaa barreessuu fedhii barattootaa giddugaleessa godhate

Gochaaleen barreessuu fedhii barattootaa jiddugaleeffate kun, faayidaalee armaan gadii qabu.

- Barattoonni fedhii isaaniitiin kaayyeffatanii yaada isaanii akka barreessan gargaara.
- Barattoonni daree keessatti walii isaaniitiif akka barreessan taasisa.
- Barattoonni waa'ee ofii isaanii yookiin maatii isaanii barreessu. (of ibsuu)

2.2.2.3.2 Dalagaa barreessuu dandeettii afaanii cimsu

Kun sodaa tokko malee barattoonni yaada isaanii barreessanii akka ibsan kan jajjabeessuudha. Afaan ittiin barreessaniin yaada isaanii ga'umsaan ibsuu danda'uutu laallama.

2.2.2.4 Gareen Barreessuu

Barattoonni dareetti walgahanii itti gammaduudhaaf seenaa jireenya ofii isaanii barreessuun waliif dubbisu. Kun immoo dogongora walii sirreessuuf salphaadha. Sababnisaas yeroo walii dubbisanitti dogongora walii addeessu. Gareen barreessuun akaakuu barreessuu adeemsaa keessaa tokko ta'ee deebii gareen deebisuun walfakkaata. Tooftaan barreessuu kun uunkaafi qindoominaaf osoo hintaane, qabiyyeef bakka guddaa kenna. Akkasumas, barattoonni waan barbaadan akka barreessan taasisa. Hanqinni mala kanaa yeroo fudhachuu isaati (Hammarén, 2005:5)

2.2.2.5 Barreeffama fedhiifi kaka'umsa barattootaa irratti xiyyeeffate

Dalagaan barreessuu akkamitti barattoonni akka barreessan kan barsiisu ta'uu qaba.

- Dandeettii himoota qindeessuun keeyyata duraa duuba isaa eege barreessuu,
- Yaada qindeessuun keeyyata fudhatamummaa qabu barreessuu,
- Afaan barreeffame tajaajila walii galteef akka oolu agarsiisuu
- Muuxannoo ga'aafi dandeettii barattootaa waliin deemu dhiyeessuu,
- Fakkaattii (model) mijataa ta'e, dalagaa barreessuu dhuga-qabeessaafi fedhii barattootaa waliin kan deemu taasisuu,
- Barattoonni dalagaa barreessuu garaagaraa akkamitti akka barreessan barsiisa.
- Barreessuu dandeettiiwwan afaanii biroo waliin qindeessuun dhiyeessuu.
- Tooftaawwan /techniques/ barreessuu garagaraa fayyadamuu, (tooftaan tokko qofti barattoota waan nuffisiisuuf)
- Deeggarsa barbaachisu gochuu.
- Qajeelcha sirrii ta'e kennuun baay'ee barbaachisaadha. (Hammarén, 2005:7)

2.3. Ulaagaalee Barreeffama Gaarii

Barreeffamni barraa'u tokko akka nama hawwatuufi ergaa namatti tolu dabarsuuf ulaagaalee guutuu qabu keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti.

2.3.1. Xiyyeeffannoo

Xiyyeeffannoon mata duree barreessaan gochaa barreessuutiif filatuudha. Mata dureen immoo xiyyeeffannoo barreeffamaa waan ta'eef yemmuu filatamu gadi fageenyaan ilaalamuu barbaada. Kanaaf mata dureen yookiin yaanni barreeffamaaf filatamu kan yaada ijaarsaatiin ibsamuufi baay'ee xaxamaa kan hintaane ta'uutu irraa eegama. Xiyyeeffannoon, barruu tokko barreeffama

gaariidha kan jechisiisan keessaa isa tokko. Keeyyanni tokko xiyyeeffannaa qaba yommuu jedhamu, himoonni callaan hima ijoo keeyyatichaa ibsuuf yoo tarreeffameefi akkaataa wal duraa duuba barbaachisummaa isaaniitiin sirriitti yoo tarreeffamaniidha. Haaluma keeyyanni ibsameen barruun xiyeeffannoo qabu tokko keeyyattoonni yaada barreeffamichaa wal duraa duubaan barbaachisummaa ibsuuf yoo tarreeffamaniidha. (Kellyfi Lawton, 2006).

Barreeffamni barreeffamu waan irratti barraa'u sana qixa sirrii ta'een ibsuu qaba. Kana jechuun namni barreessu sun wanta barreessu sana sirriitti beekuufi ibsuu qaba jechuudha.

2.3.2 Qindoomina

Barreeffamni tokko gaarii ta'uuf haala sirrii ta'een qindoomuu qaba. Kana jechuun himoonni gargaartuu, himni ijoofi himni goolabaa bifa wal hinfaallessineen yaada tokko ibsuuf walitti hidhamiinsa cimaa qabaachuu qaba. Qindoomina karaa adda addaatiin eeguun nidanda'ama. Kunis walqabsiistotaafi lakkoofsota fayyadamuun ta'a.

2.3.3 Deeggarsaafi Babal'ina

Hima ijoo kan deeggaran yookiin kan babal'isan himoota yookiin yaadota dabalataati. Ibsoonni kennaman deeggarsaaf kan tajaajilan ta'uu karaa lamaan ilaaluun nidanda'ama. Tokko himoonni deeggarsaa yaada handhuuraatiin walitti hidhata qabaachuu yommuu ta'u, inni lammataa immoo gahumsa. Himoonni gargaartuu qabxii xiyyeeffannootiin walitti kan hidhatan ta'uu qabu. Kana malees, barreessichi yaada isaa gahumsa cimaadhaafi haala ifa ta'een akkasumas qabatamummaa qabuun ibsuu qaba.

2.3.4 Akkaataa

Akkaataan karaa too'annoo afaanii kan kaayyoo, qabiyyeefi dubbistoota gochaa barreessuuti. Kunis karaa filannoo jechaafi sirrummaa himaa ragaa ba'ama. Filannoon jechaa of eeggannoon gaggeeffamuufi sirrummaan himaa akkaataa afaan barreeffamaa sanii yaada dubbistoota bira ga'uuf humna ta'a.

2.3.5 Waliigaltee

Waliigalteen hima sirrii uumuu, ittifayyadamaafi ijaarsa of keessaa qaba. Barreessaan waliigaltee seerlugaa kan dalagaa barreessuu sanaaf tajaajilu fayyadamuu qaba. Dogongorri kan uumamu yoo ta'e, dubbistoonni hubachuu hindanda'an waan ta'eef waliigalteen seerlugaa daran eegamuu qaba.

2.4 Faayidaa Barreessuu

Kaayyoon afaan barreessuu barsiisuu inni guddaan, nama battalatti nu bira hinjirre waliin walii galuufi. Akka 'Reim'sitti kaayyoon guddaan barreessuun manneen barnootaa keessatti barsiifamuuf, waliigaltee uumuufi. Yaada kana dagaagsuuf waraabbii kana haa ilaallu, "An integral part of participating fully in a new cultural [language] is learning how to communicate when the other person is not right in front of us," (Raimes1983: 3).

Akka waraabbii kanarraa hubachuun danda'amutti afaan (aadaa) ammayyaa keessatti hirmaachuun akkaataa nama kallattiin nu bira hinjirre waliin walii itti galan barachuudha. As keessatti, afaan (aadaa) haaraa jechuun kan ibsame afaan (aadaa) barreeffamaa jechuudha. Dandeettiiwwan afaanii afran (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu) keessaa dubbisuufi barreessuun warra duraan hinjirre waan ta'aniif afaan haaraa jedhaman; isaan warra dhufteedha. Warri hafan lamaan erga ilmi namaa waliigaltee uumuu jalqabee kaasee kan waliin dhufan waan ta'eef warra duraati. Gama birootiin barreessuun barattoonni keenya akka barataniif gargaara "Writing helps our students learn" (Raimes 1983:3).

Gama biraatiin immoo, barreessuun adeemsa malee kaayyoo miti. Barreessuun kan inni dhufe dubbachuu gabbisuuf waan ta'eef, gochaan barsiisotaa barattoonni waan dubbatan akkaataa itti gara barreeffamatti jijjiiran irratti gargaarsa taasisuudha. Shaakaloonni barreessuu barsiisuuf gargaaran kanneen akka jechoota garagalchuu, gaaleewwaniifi himoota, ibsoota, xalayaalee barreessuu fa'a. Yaanni waraabbii kanaa gadiis kanuma ibsa.

> *Writing had to be only a means, not a goal. As writing had to be used to develop spoken language, the main task for the teacher was to help the students learn to put down what they were saying. Copyingwords, phrases and sentences, ordinary and creative dictations, letter writing, writing an article for a notice board, description of an event or a picture, games with writing and answers to the given questions were suggested as the basic tasks for teaching writing.* (Pasov, 1980:189)

2.5 Gilgaala

Gilgaalli gocha barattoonni odeeffannoo adeemsa barumsaan argatan gargaaramuun waan barataniin milkaa'uuf taasisaniidha. Akka Richardsfi Renandyan (2001), Prabhu (1987) wabeeffachuun ibsanitti, gilgaaloonni gocha barattoonni odeeffannoo adeemsa barumsaan argatan gargaaramuun waan barataniin milkaa'uuf raawwatanidha. Adeemsi barnoota afaanii ammoo, gochaalee gilgaalaan dhihaatan dalaguu shaakaluu irratti kan xiyyeeffateedha.

Meeshaalee barnootaa, afaan barsiisuuf qophaa'an qabiyyeewwan qindeessuuf adeemsa afaan barachuu tilmaamame keessatti dalagaawwan gilgaalotaaf, xiyyeeffannaa guddaa kennu. Sababni isaa, unka afaanii barnootaaf dhihaatu gilgaalotaan shaakalamuun baratama. Kanaafuu, haalli gilgaalli itti qindaa'ee shaakalamu adeemsa barnootaa mul'isuu danda'a jechuudhaan ibsanii jiru. Akka yaada ogeeyyii kanaa irraa hubachuun danda'amutti, gilgaalli dalagaa barnoota afaanii keessatti raawwatamu ta'ee; kitaaba barnootaatiin qindaa'ee dhi'aata.

Karaa birootiin, Nunan (1989), akka ibsetti gilgaalli dalagaa barattoonni ciicata barnootaa argataniin haala qabatamaa keessatti dalagan kan murteessu gaaffilee adda addaati. Waan kana ta'eef, gilgaalonni barnootaaf dareetti dhihaatan haala qabatamaa dhugaan walfakkaachuu qabu. Akkuma beekamu, malli yeroo ammaa afaan barachuufi barsiisuuf hordofamaa jiru, mala afaan waliigalteef barsiisuuti. Akka Nunan (1989), ibsetti, mala afaan waliigalteef barsiisuu keessatti, dhihaannaan dalagaa irratti hundaa'e gilgaalaaf bakka guddaa qaba. Dhihaannaa kana keessatti, adeemsi barachuufi barsiisuu gocha barattoonni dalaguun afaan baratan irratti kan hundaa'edha. Gochi ammoo, gilgaala adda addaa dalaguudha. Dhihaannaa afaan waliigalteef barsiisuu kanaan barsiisuuf, barsiisaan qaama afaan baratamuuf gilgaalota qindaa'an dhiheessa; barattoonni ammoo, gilgaalota dhihaatan dalaguu keessa afaan baratu. Nunan (1989), gilgaalota kana bakka gurguddaa saditti qooduun ibsa. Isaanis: gilgaalota odeeffannoo dabarsuu, gilgaalota sababa ibsuufi gilgaalota yaada ofii ibsuuti.

2.5.1 Gilgaalota Odeeffannoo Dabarsuuf Dhihaatan

Gilgaalonni gosa kanaa odeeffannoo nama tokko irraa nama biraatti yookiin bakka irraa bakka biraatti qaxxamursuu kanneen danda'anidha. Sababi isaas, odeeffannoo barataan tokko beeku, barataan biraatan biraa beekuu dhiisuu waan danda'uuf wanta beekaniifi muuxannoo akka waljijjiiran taasisa. Kunis gilgaala akka hojii cimdii hojiichisutti ilaala. Hojii cimdii keessatti ammoo, barattoonni hundi waliin dubbachuun, odeeffannoo barbaadame kennuu keessatti qooda fudhatan qabu. Fakkeenyaaf, fakkii hinxumuramne tokko dhiheessuun ergaa isaa akka afaaniin ibsan taasisuudha.

2.5.2 Gilgaalota sababa ibsuu barbaadan

Gosni gilgaalaa kun ammoo, odeeffannoo dhihaate irratti hundaa'uudhaan odeeffannoo haaraa akka maddisiisan taasisuuf sababa qabatamaa kan dhiheessuudha. Yaada dhiyaate tokko sababa

quubsaa dhiyeessuun akka ibsan kan taasisuudha. Fakkeenyaaf, gaaffii dhugaa ykn soba gaafatamanii sababa dhugaa ykn soba jedhaniif akka barreessan taasisuu fa'a.

2.5.3 Gilgaala yaada ofii ibsuu gaafatan

Gaaffilee gilgaalota gosa kanaatiin dhihaatan haala dhihaate keessatti deebii fedhii, miiraafi ilaalcha kan adda baasaniidha. Kaan ammoo, odeeffannoo qabatamaa fayyadamuun yaada ofii ibsuuf gargaara. Haata'uu malee, bu'aan isaa sirrii ta'uu yookiin sirrii ta'uu dhabuu kan mul'isu adeemsa tokko ta'e hinqabu. Fakkeenyaaf, seenaa jalqabame tokko yaada mataa ofiitiin xumuruu, marii dhimma hawaasummaa addaddaa keessatti qooda fudhachuu ta'uu danda'a. Haaluma walfakkaatuun, Nunan (1989), gilgaalonni barnootaa akkaataa hubannoofi dandeettii barattootaa irratti hundaa'uun qindaa'ee sadarkeeffama. Adeemsa tartiibessuufi qindeessuu gilgaalota hubannoo irratti hundaa'an irraa ka'uun gara gilgaalota to'annaan dalagamaniitti adeema.

Dhuma irratti ammoo, gilgaalota waliigaltee dhugaatti barattoota hirmaachisantu dhihaata. Akka yaada 'Nunan' kana irraa hubachuun danda'amutti, gilgaalli barnootaa dareetti barataaf dhihaatu sadarkeeffamuun qindaa'uu qaba. Haalli ittiin sadarkeeffamu ammoo, hubannoofi dandeettii barattootaa irratti kan hundaa'e ta'uu qaba. Innis, sadarkaa bilchina sammuufi hubannoo barattootaa xiyyeeffannaa keessa kan galche ta'ee, yaada kamtu dura dhufuufi kamtu itti aanee dhufuu qaba kan jedhuun kan walqabatedha. Sababni isaa, hubannoofi dandeettii barattootaa sadarkaa tokkooffaafi barattoota sadarkaa lammaffaa kan walgituu miti. Waan kana ta'eef, sadarkeessuun hubannoofi dandeettii barattootaa kan giddugaleessa godhate ta'ee, ogummaa barreessuu akkasumas, ogummaa afaanii kamiyyuu sadarkaa sadarkaan qindeessuun kan walqabateedha. Karaa biraa, gilgaalonni salphaa irraa gara cimaatti, yaada ifaa ta'e irraa gara yaada walxaxaatti, yaada murtaa'aa irraa gara yaada dimshaashaatti qindaa'uu qabu (Nunan, 1989).

Yaada kana gilgaalota barreessuutiin walitti fiduu nidandeenya. Akkuma waliigalaatti gilgaalonni kitaaba barnootaa keessatti qopheeffaman, gosoota gilgaalotaa olitti ibsaman keessatti hammatamu waan ta'eef, yeroo qopheeffaman akaakuu kana irratti hundaa'uu qabu.

2.6 Gahee Qopheessitootaa Dhihaannaa Qabiyyee Barnoota Afaanii Keessatti

Adeemsa sagantaa qophii qabiyyee barnoota afaanii keessatti qaamni qabiyyicha qopheessuun dhiheessu, galma ga'iinsa qabiyyee dhihaatu sanaaf gahee guddaa qaba. Adeemsa baruu barsiisuu qabiyyee barnoota afaanii tokko mijataa taasisuuf, qabiyyeewwan hammataman murteessuufi sadarkeessuun mala qindaa'ina qabiyyeewwan itti dhihaatan keessaa isa tokko (Sharmafi Tuteja, 2005).

Yaada kana haala qophii dhihaannaa qabiyyee barreessuu Afaan Oromootiin walqabsiisuun ilaaluu dandeenya. Kunis, gama murteessuun qopheessitoonni yemmuu gilgaalota barreessuu dhiheessan sadarkaa adda addaa barreessuun ittiin dhihaatu, akkaataa adeemsa baruu barsiisuutiif mijataa ta'uu danda'uun dhihaannaa barreessuu barsiisuu Af1, Af2fi Afam adda baasuun haala dhihaachuu qabaniin qopheessuudha.

2.7 Qorannoo Walfakkii

Mata-duree kanaan qorannoowwan walitti dhiheenya qaban gaggeeffamanii jiru. Taammiruu Aanolee (2014) "Assessing the factors that hinder English teachers from designing authentic writing tasks for their writing lesson: the cases of Bulee Horaa and Dugda Daawa woredas high schools" kan jedhuudha. Kaayyoon isaa wantoota barsiisota afaan Ingiliizii akka isaan shaakaloota barreessuu gaarii barattoota isaaniif hinqopheessine isaan danqan adda baasuudha. Qorannoon kun qorannoo Taammiruu irraa kan adda ta'uun haala dhihaannaafi ga'umsa gilgaalota shaakala ogummaa barreessuu irratti kan xiyyeeffatu ta'uu isaati. Qorannoon kana dura mata-duree kana waliin walitti dhiyaatu geggeeffame kan biraa: Daani'eel Guddinaa bara 2015 mata duree "Xiinxala Ga'inaafi Hanqina Barreeffama Barattoota Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa: Haala Mana Barumsaa Qophaa'inaa Waadaraa irratti" adeemsifameedha. Kaayyoon qorannoo Daani'eelis, barreeffama dheeraa keessatti ga'inaafi hanqina barreeffama barattoota kutaa 11ffaa adda baasuu yoo ta'u, kaayyoon qorannoo kanaa immoo, haala dhihaannaafi ga'umsa gilgaalota barreessuu kitaaba barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} keessatti adda baasuudha.

Qorannoon biroo kan qorannoo kanaan walitti dhiyaatu kan Kidaanee Wadaajoo (2007 A.L.I) mata duree "Qaaccessa Dhiyaannaa gilgaalota hiika jechootaa Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11^{ffaa} mana barumsa qophaa'ina Mattuu" jedhu irratti hojjatame yemmuu ta'u, qorannoo kanaan wanti walfakkeessu, dhihaannaa gilgaalotaa irratti kan hojjatame ta'uufi kitaaba barataa

irratti ta’uu isaati. Garaagarummaan isaa immoo qorannoon Kidaanee Dhihaannaa gilgaalota hiika jechootaa kan qaaccessu yemmu ta’u qorannoon kun immoo dhihaannaafi ga’umsa gilgaalota barreessuu sakatta’uudha. Gama biraatiin Kidaaneen Kitaaba kutaa 11 irratti gaggeesse, qorannoon kun immoo kan kutaa 11^{ffaa} irratti gaggeeffame.

BOQONNAA SADI: SAXAXAAFI MALA QORANNICHAA

3.1 Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun ragaalee jiran kan sakatta'a kitaabaafi afgaaffiin funaanaman bifa gabateen qindeessuun qaaccessuun jechaan ibsee jira. Kanaaf saxaxni qorannoo kanaa saxaxa ibsaati. Akaakuun qorannoo kanaa akkuma amala isaa dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan hunda jechaan ibsa. Qorannichi qorannoo qulqullee (qualitative research)dha. Qorannoo kana guutuu taasisuuf, mirkaneefannoo qaaccessa kitaabaa (document analysis checklist)fi afgaaffii (interview) barsiisotaa qopheessuun geggeeffame. Odeeffannoon toftaa kanneeniin funanname jechaan kan qaacceffameedha. Kanaaf, qorannichi mala akkamtaa (ibsaa) fayyadamuun gaggeeffame.

3.2 Madda Ragaalee

Odeeffannoon qorannoo kanaa kan argame kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 11^{ffaa} bara 2005 A.L.I.tti ministeera barnootaatiin qophaa'e irratti hundaa'eeti. Qorannoon kun kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11^{ffaa} kan bara 2005 A.L.I. qophaa'e irratti kan murtaa'e. Jamaan qorannoo kanaa kitaabichatti gargaaramuun kan barsiisan barsiisota Afaan Oromoo barsiisan kan Mana Barumsaa Sadarkaa 2^{ffaa} Laga Xaafoo kan bara 2016 A.L.I.ti.

3.3 Iddattoofi Tooftaa Iddatteessuu

Qorannichaaf iddattoo barbaachisu argachuuf qaamolee kallattiin dhimmicha waliin walitti dhufeenya qaban kitaaba Barnootaa Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} bara 2005 A.L.I qophaa'eefi barsiisota Mana Barumsaa Sadarkaa 2^{ffaa} Laga Xaafootti barnoota Afaan Oromoo barsiisan mala iddatteessuu miti carraa keessaa iddatteessuu akkayyootti (purposive sumpling) gargaaramuuni. Sababni qorattuun mala kana filatteefis, haala baruu-barsiisuu keessatti dhihaannaafi ga'umsa gilgaalota kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11^{ffaa} gama ogummaa barreessuutiin ilaaluun hanqinaalee jiran adda baasuufi furmaata kennuuf filatamaadha jettee waan yaaddeef. Dastaa (2013:136) "Qorannoo qulqullaa'inaa keessatti mala iddattoo itti yaadameetiin iddatteeffachuun kan barame. Yeroo mala kana fayyadamnee odeeffannoo funaannu odeefkennitoota itti yaanneetuma filanna. Kanaafis sababa quubsaa qabaachuun barbaachisaadha," jedha. Haaluma kanaan, qorattuun itti yaaddee, iddattoo qorannoo kanaa barsiisota mana barumsaatti barnoota Afaan Oromoo barsiisan afur (4) akkuma jiranitti fudhattee jirti. Sababni barsiisota jiran keessaa kan Afaan Oromoo barsiisan qofa irratti xiyyeeffatameefis,

kaayyoo qorannichaatiif odeeffannoo ga'aa kennuu danda'u jedhamaniiti. Gama biraatiin barattoota akka iddattootti hinfudhanne. Sababni isaas, mata dureen qorannoo kanaa hubannaa saayinsaawaa waa'ee dhihaannaa barreessuufi ga'umsa barreessuu kitaabaa madaaluun kan walqabatu waan ta'eef, barattoonni kun immoo, sadarkaa kanatti hubannoo akkasii gonfatanii hinjiran jettee waan yaaddeefi.

3.4 Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanamu

Qorannoo keessatti meeshaaleen odeeffannoo ittiin funaanan galma ga'iinsa qorannichaatiif daran murteessaadha. Dastaan (2013:110) Yaalew (2006:15) wabeeffachuun akka ibsetti **"የምርምር ዉጤቶች በመረጃ ላይ የተመረኮዙ ናቸዉ። መረጃዎቹ ደግሞ በመሰብሰቢያ ዘዴዎቹ ላይ።"** jedha. Yaada kana irraa akkuma hubatamutti, bu'aan qorannoo odeeffannoo irratti hundaa'a. Odeeffannoodhaaf immoo, malli ragaa ittiin funaanaman murteessaadha. Hojiin kamuu mala ittiin fiixa ba'u qabaachuu qaba. Haaluma kanaan, meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaanamus qaaccessa kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11^{ffaa}fi odeeffannoo afgaaffiin funaanamaniidha.

3.4.1 Qaaccessa Kitaabaa

Adeemsa qorannoo kanaa keessatti, maddi ragaa inni jalqabaafi bu'uuraa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 11^{ffaa}ti. Kitaabni kun kan maxxanfame Rippaablika Dimookiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaatiin bara 2005 ture. Qorannoon kunis maxxansuma kitaaba kanarratti xiyyeeffachuun kan qophaa'e. Dhiyaannaafi ga'umsa gilgaalota barreessuu kitaabicha keessatti mul'atan ilaalchisee, qorattuun ragaa funaanuuf, kitaaba kanatti gargaaramteetti.

Gama kanaan ragaalee barbaachisuufi gahaa ta'an argachuuf, qabxiilee mirkaneessa sakatta'insa dhihaannaa barreessuufi gosoota barreessuu argisiisan dursa qopheeffachuun sakatta'insi akka gaggeefamu taasifameera. Sababni qorattuun gosa meeshaa funaansa ragaa kana filatteef, xiyyeeffannoon qorannoo kanaa sakatta'a dhiyaannaafi ga'umsa gilgaalota barreessuu waan ta'eef kallatiin kitaabicha sakatta'uun hunda caalaa barbaachiisaa waan ta'eefi.

Qorattuun dhihaannaafi ga'umsa gilgaalota ogummaa barreessuu barsiisuu sakatta'uuf, kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11^{ffaa} bara 2005 maxxanfamee hojii irra jiru sakatta'uun odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu walitti funaantee jirti. Tokkoon tokkoo boqonnaalee

kitaabichaa keessatti haala ogummaaleen barreessuu itti dhihaataniifi ga'umsa isaanii kan barataa kutaa 11ffaa waliin walgituu isaanii mirkaneeffachuuf, gaaffileen bifa gabateetiin qophaa'anii dhiyaatanii jiru. Kana keessatti hanqiniifi cimini jiru adda baafamee ibsamee jira. Gama biraatiin, gilgaalonni barreessuu ulaagaa Nunan (1989) gilgaalota itti qoqqoode irratti hundaa'uun gosa akkam akka ta'an adda baafamanii ibsamanii jiru.

3.4.2 Afgaaffii

Meeshaalee qorattuun odeeffannoo ittiin walitti qabatte keessaa inni biroon gaaffii afaaniiti. Afgaaffiin barsiisotaaf dhiyaate barsiisonni mana barumsichaa, dhiyaannaa gilgaalota ogummaa barreessuu kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa adeemsa baruufi barsiisuu galmaan ga'uu keessatti maal akka fakkaatu yaada isaanii jechaan akka ibsaniif kan qophaa'ee gaafatameedha. Afgaaffiin barsiisotaaf dhiyaate haala dhihaannaa barreessuu barsiisuu Af1, Af2fi Afam ga'umsa gilgaalota kanneenii barataa waliin walbira qabuu giddugaleessa godhateeti. Afgaaffiin barsiisotaaf dhiyaate kun, gaaffilee banaati. Kunis gaafatamtoonni yaada isaanii daangeffama tokko malee akka kennaniif gargaara waan ta'eefi.

3.5 Mala Qindaa'inaafi Qaaccessa Ragaalee

Odeeffannoon qorannichaaf barbaachisu meeshaalee adda addaa gargaaramuun walitti qabame. Haalli qindaa'ina qorannoo kanaa immoo adeemsa qorannoo ibsaa hordofuun qaacceffame. Addunyaa (2011:10) kana yoo ibsu, "Qorannoon akkamtaa gaaffiiwwan maaliif? Akkamitti? jedhaniif deebii kennuuf carraaqa. Akaakuun qorannoo kanaa dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan mara jechaan ibsa," jedha. Egaa qorannoon kunis, ragaalee qaaccessa kitaabaafi afgaaffii barsiisotaan funaanaman mala akkamtaa fayyadamuun jechaan ibsamaniiru. Dabalataanis, ragaan argame tooftaalee garagaraa bu'uureffachuun erga qindaa'ee ibsamee qaacceffameen booda, cuunfaan argannoo isaan irraa argames ibsamee jira. Akkasumas, argannicha irratti hundaa'uun, yaboon nita'a jedhamee yaadame dhuma irratti dhiyaatee jira.

BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE

Seensa

Boqonnaa kana jalatti ragaaleen tooftaa garagaraatiin funaannaman qaacceffamuun dhiyaatanii jiru. Kunis, ragaaleen sakatta'a kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa karaa gabateetiin erga qindeeffamanii booda odeeffannoon afgaaffii irraa argameen walitti fiduun jechaan qaacceffamanii ibsamanii jiru.

Raghimtoota: barsiisonni iddatteeffaman afur yoo ta'an dubara tokkoofi dhiira sadi (3) yemmuu ta'an kunis kan ta'uu danda'eef, mana barumsichaa keessa kan jiran isaan kana qofa waan ta'aniifidha. Gama sadarkaa barnootaatiinis hundi isaaniituu digrii jalqabaafi isaa ol. Muuxannoon hojii isaanii immoo barsiisonni sadi gidduu waggaa 8-14 kan jiran yommuu ta'an, barsiisaan tokko immoo waggaa 21 barsiisummaan kan tajaajileedha. Isaan keessaa tokko immoo sadarkaan barnoota isaanii digrii lammaffaadha.

4.1 Gochaalee Barreessuu Kitaaba Barataa Kutaa 11ffaa Keessatti Argaman

Kitaabni barataa kutaa kudha-tokkoffaa (11ffaa) kitaaba ministeera barnootaatiin bara 2005 A.L.I dhiheenya kana qophaa'ee hojii irra jiruudha. Kitaabni kun, boqonnaalee kudha-torbatti (17)tti qoqqoodamee dhiyaatee jira. Tokkoon tokkoo boqonnaalee keessatti gilgaalonni dandeettii barreessuu barattootaa shaakalchiisuuf kitaabicha keessatti qopheeffachuun sakatta'amanii jiru.

Haaluma kanaan kitaabichi dimshaasumatti boqonnaalee kudha-torba (17) kan of keessaa qabu yoo ta'u, achi keessatti kan dhihaatan keessaa boqonnaalee kudha-lama (12) keessatti barreessuun kallattimaan dhiyaatee jira. Boqonnaaleen shaakalli barreessuu keessatti argaman kunniinis boqonnaa 1, 2, 3, 4, 6, 12, 14, 16fi 17. Walumaagalatti, boqonnaalee kudha torba (17) keessatti gilgaalota ijoo ta'an sagaltu barreessuu shaakalchiisu. Boqonnaaleen, dandeettii barreessuu shaakalchiisuu keessatti hinargamin immoo shan (5). Boqonnaaleen kunneenis boqonnaa 6, 10, 11, 12fi 15.

Ragaan kitaaba sakatta'uun sassaabame karaa lamaan qaacceffamee dhihaate kunis gama gosoota gochaalee barreessuu sakatta'uufi haala waliigala dhihaannaa gilgaalota barreessuu kitaaba barataa kan kutaa 11 keessatti dhihaatan xiinxaluun kan taasifame. Kana malees, gilgaalotni

dhiyaatan gosa gilgaalota akkamii akka ta`an xiinxalamanii gabateen agrsiifamaniiru. Qorattuun qaaccessa ragaa sakatta`a kitaabaatiif dabaleewwan A-C irratti hundaa`uudhaan, gabatee (1, 2, 3, 4, 5fi 6) gargaaramee jirti. Gabateen kun akka waliigalattii akaakuu gochoota barreessuu kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessatti dhiyaatan irratti kan xiyyeeffateedha. Gabatee (2) gochoota barreessuu fedhii barattootaa giddu galeessa godhachuu adda baasuuirratti kan xiyyeeffateedha. Gabateen (3) qaaccessa gochoota barreessuu waan dubbifame ykn dhaggeeffatame irratti hundaa'an qabaachuufi dhabuu adda baasuu, gabatee (4) gochoota barreessuu meeshaalee mul'atanitti gargaaramuun barreessuu shaakalsiisuu adda baasu, gabateen (5) dhihaannaa barreessuu kam irratti akka bu'uureffatame kan adda baasu yemmuu ta'u, gabateen (6) akaakuuwwan gilgaalotaa kam akka waliigalaatti gosa gilgaalotaa kam irratti akka xiyyeeffatame adda baasa.

4.3.1. Qaaccessa gochaalee barreessuu akaakuu barreessuu adda baasu

Kutaa kana jalatti odeeffannoo sakatta`a gilgaalota barreessuu barsiisuu kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11 keessatti laatamanii, akaakuuwwan gochaalee barreessuu isaan irratti xiyyeeffataniitu dhiyaate. Asjalatti, tokko tokkoon gilgaalotaafi qajeelfamamootaa erga sakatta`amanii booda akaakuu gochaalee barreessuu kam irratti akka qophaa`an adda baafamee gabateedhaan dhiyaateera.

Boq.	Barannoofi Gilgaala	Fuula	Gochaalee Barreessuu
1.	Barannoo 4: Gilgaala 9:	11	Barreessuu Qajeelchaa - Shaakala keeyyata barreessuu
	9A.	11	Barreessuu Qjeelchaa- Shaakala keeyyata
	9B.	12	Barreessuu Qajeelchaa- Shaakala keeyyata
2.	Barannoo 5: Gilgaala 9	22	Barreessuu Qajeelchaa - Shaakala barruu/dubbisa barreessuu
3.	Barannoo 3: Gilgaala 5	30	Barreessuu Qajeelchaa - Shaakala keeyyata barreessuu
4.	Barannoo 3: Gilgaala 6	40	Barreessuu Qajeelchaa - Shaakala keeyyata barreessuu
6	Barannoo 3: Gilgaala 6	61	Barreessuu Qajeelchaa - Shaakala keeyyata barreessuu
	6 A.	61	Barreessuu Qajeelchaa - Shaakala keeyyata barreessuu
	6 B.	62	Barreessuu Qajeelchaa - Shaakala keeyyata barreessuu
10.	Barannoo 2: Gilgaala 4	99	Barreessuu Qajeelchaa: Shaakala himootaafi keeyyata barreessuu: Ragaa Giraafiin Dhiyaate Barreeffamatti Jijjiiruu
	Giraafii A:	100	Barreessuu Too'atamaa – Firoomsee hima ykn keeyyata keessaa adda baasuu
	Giraafii B:	100	Barreessuu Too'atamaa - Firoomsee hima ykn keeyyata keessaa adda baasuu
12.	Barannoo 2: Shaakala Keeyyata Barreessuu	120	Barreessuu Too'atamaa - Shaakala keeyyata barreessuu
	Gilgaala 4:	120	Barreessuu Qajeelchaa - Shaakala keeyyata xumuruu

	A: Hima ijoo keeyyata keessaa baasuu	120	Barreessuu Qajeelchaa - Shaakala keeyyata barreessuu
	B: Yaada ka'erratti hundaa'uun xumuruu	121	Barreessuu Qajeelchaa - Shaakala keeyyata barreessuu
	Gilgaala 5: Barruu/Dubbisa Barreessuu	121	Barreessuu Qajeelchaa - Shaakala barruu/dubbisa barreessuu
	A:	121	Barreessuu Qajeelchaa - Shaakala barruu/dubbisa barreessuu
	B:	122	Barreessuu Qajeelchaa - Shaakala barruu/dubbisa barreessuu
	C:	122	Barreessuu Qajeelchaa - Shaakala barruu/dubbisa barreessuu
13.	Barannoo 1: Gilgaala 2:	132	Dubbbisuufi Barreessuu
	A:	132	Barreessuu Qajeelchaa - Shaakala himoota barreessuu
	B:	134	Barreessuu Qajeelchaa - Shaakala keeyyata barreessuu
14	Barannoo 5: Gilgaala 8:	142	
16.	Barannoo 1: Gilgaala 2:	153	Dubbisuufi Barreessuu
	A:	155	Barreessuu Qajeelchaa - Yaada hafe/jecha guutuun barreessuu
	B:	155	Barreessuu Qajeelchaa - Yaada hafe/jecha guutuun barreessuu
17.	Barannoo 1: Gilgaala 2:	165	Dubbisuufi Barreessuu
	B:	165	Barreessuu Qajeelchaa – hiika galumsaa jechootaaf barreessuu
	Gilgaala 3:	166	
	C:	167	Barreessuu Qajeelchaa – himoota barreessuu
	Barannoo 2: Afoola: Gilgaala 4		
	A:	168	Barreessuu Qajeelchaa – Jechamootaaf hiika/deebii (hima) barreessuu
	B:	168	Barreessuu Qajeelchaa – himoota barreessuu
	Gilgaala 5: Malleen Dubbii		
	A:	169	Barreessuu Qajeelchaa – himoota barreessuu
	Gilgaala 6: Mammaaksota		
	D:	171	Barreessuu Qajeelchaa – himoota bareessuu
	Barannoo 3: Gilgaala 7: Shaakala Asoosama Gabaabaa Barreessuu		
	A:	172	Barreessuu Qajeelchaa – keeyyata barreessuu
	B:	172	Barreessuu Qajeelchaa – barruu/dubbisa barreessuu
18.	Barannoo 2: Gilgaala 4:		
	B:	180	Barreessuu Qajeelchaa – himoota bareessuu
	Gilgaala 5: Shaakala Xalayaa Barreessuu	180	Barreessuu Qajeelchaa – keeyyataafi barruu bareessuu

Gabatee 1: Qaaccessa gilgaalota ogummaa barreessuu irratti xiyyeeffatanii gama akaakuuwwan gochaalee barreesuutiin

Gabatee, lakk.1 armaan olii kana irraa akka hubachuun danda'amutti, shaakaloonni barreessuu kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa, irra caalaan isaanii barreessuu too'atamaafi barreessuu qajeelchaa shaakalchiisuuf kan dhiyaataniidha. Gilgaalota barreessuu

kudha saddeet (18) kitaabicha keessatti dhiyaatan keessaa, gilgaalota lama qofatu barreessuu bilisaa shaakalsiisuuf oolan. Kana jechuun immoo, barreessuun kitaabicha keessatti kennaman akkaataa barreessuu shaakalchiisuu Af2fi Aam irratti kan bu'uureffaman ta'uu agarsiisa. Barreessuun Af2fi Afam karaalee bu'aa dhumaa irratti xiyyeeffachuufi adeemsa irratti xiyyeeffachuun gaggeeffama.

Bareessuun Af2 fi Afam karaalee bu`aa dhumaa irratti xiyyeeffachuufi adeemsarratti xiyyeeffachuutiin gaggeeffama. Akka odeeffannoo toora interneetii "http/www. Acquisition and assessing of communicative skills"jedhu irratti ibsametti, "Generally speaking there have been two basic ways to teaching writing skills in second and foreign language courses: the product focused and the process approaches," jedha. Qaaccessi kitaabaa Kun immoo kan agarsiisu, shaakalootni kitaabicha keessatti kennaman haala barreessuu barsiisuu Af1 irratti kan hinxiyyeeffatamin ta`uu isaaniiti.

Gama biraatiin gilgaalotniifi qajeelfamootni shaakala barreessuu shaakalchiisuuf kennaman hundi isaanii, shaakaloota gaggabaaboo (jecha, himaafi keeyyatoota gaggabaaboo) qofa shaakalchiisuu irratti xiyyeeffachuu isaaniirraa kan ka'e, sadarkaa barattootaa Afaan Oromootiin afaan hiikkataniifi afaanicha beekanii, xiyyeeffannoo keessa kan galchan miti. Gochootni akkasii barattoota sadrkaa tokkoffaa warren barrreessuu reefu shaakalaa jiraniif kan qophaa`aniidha. Kanaaf ga'umsa barattoota kutaa kudha tokkoffaatiin walhingitu. Gama biraatiin gaaffii shaakalootni kennaman akka barattootni akaakuu barreessuu garaagaraa shaakalan nitaasisuu? jedhuuf deebiin barsiisotni laatan, lakki kan jedhu ture. Sababa yeroo ibsan irra caalaan gilgaalotaa barattootni waan gaafataman qofa akka deebisan kan gaafatuu, fedhiin kaayyeffatanii akka barreessan kan hinqajeelchine, qajeelfama kenname qofarratti hundaa`anii wanta akka barreessaniif eegaman qofa akka barreessan kan shaakalsiisaniidha. Kanaaf, barattoonni qajeelfama qofa eeggatu malee ofiin wanti isaan itti yaadanii barreessuuf karoorfan hinjiru. Egaa kun immoo, barattootni akka kitaaba ykn immoo barsiisaa irratti hirkatan kan taasisuudha.

4.3.2 Gochaalee Barreessuu Kitaabichaa Fedhii Barattootaa Kakaasuu/Giddugaleessa Godhachuufi Dhiisuu isaa Adda Baasu

Dalagaaleen barreessuu kitaabicha keessatti laataman fedhii barataa giddu galeessa godhachuun barattootni akka si'oominaan shaakalan kan godhaniifi kan hingoone ta'uu adda baasuuf tokko tokkoo boqonnaalee dalagaa barreessuu qabanii sakatta'uun bu'aan argame

gabateen akka armaangadiitti qindaa`uun qaaccessi isaa raawwateera. Asjalatti gilgaalotni kennaman fedhii barattootaa giddu galeessa godhachuun isaanii karaa qajeelfama Gilgaalota sanneenii adda baafame. Qajeelfamootni kennaman akka barattootni ofiin kaayyeffatanii barreessan kan qajeelchan yoo ta`e, gilgaalli keenname fedhii barataa giddu galeessa kan godhate ta'a. kun yoo hintaane garuu, fedhii barataa xiyyeeffannoo keessa kan hingalchine ta'a jechuudha.

"Shaakaloonni kennaman akka barattoonni akaakuu barreessuu garaagaraa shaakalan nitaasisuu?" gaaffii jedhuuf deebiin barsiisonni kennan, "Lakki," kan jedhu ture. Sababasaa yoo ibsanis irra caalaan gilgaalotaa barattoonni waan gaafataman qofa akka deebisan kan gaafatu, fedhiin kaayyeffatanii akka barreessan kan hinqajeelchine, qajeelfama kenname qofa irratti hundaa'anii waan akka barreessaniif gaafataman qofa akka barreessan kan shaakalsiisaniidha. Kanaaf, barattoonni qajeelfama isaaniif kennamu qofa eeggatu malee ofiin wanti isaan itti yaadanii barreessuuf karoorfatan hinjiru. Kun immoo, barattoonni akka kitaaba ykn immoo barsiisaa irratti hirkatan kan taasisuudha.

TL	Ulaagaalee Fedhii giddu-galeessa godhachuu	Boqonnaalee gochaaleen barreessuu keessatti argaman								
		1	2	3	4	6	12	14	17	18
1	Gochaaleen barreessuu barattoonni fedhiin kaayyeffatanii akka barreessaniif nigargaaruu?	*	*	x	x	x	x	x	x	*
2	Barattoonni daree keessatti waliif akka barreessan nitaasisaa?	x	x	x	x	x	x	x	x	x
3	Akka barattoonni yaada isaanii ibsachuuf barreessan taasisaa?	x	x	x	x	x	x	x	*	*
4	Barattoonni waa'ee ofii isaanii akka ibsan nitaasisaa?	x	x	x	x	x	x	x	x	x

*= eeyyee x = lakki

Gabatee 2: Qaaccessa gochaalee barreessuu fedhii barattootaa giddu galeessa godhachuufi dhiisuu adda baasu

Gabatee lakk.2 armaan olii kana irraa akka hubatamutti, gochaaleen barreessuu shaakalchiisuuf kitaabicha keessatti kennaman marti haala jedhamuun fedhii barattootaa giddu galeessa kan hingodhanne ta'uu agarsiisu. Kun immoo, hojii kennamu sana galmaan ga'uuf gufuu ta'uu danda'a. Gochi barreessuu fedhii barataa giddu galeessa taasifata yoo ta'e, baruufi barsiisuu milkaa'aan raawwachuu danda'a. Kun yoo hintaane immoo, barattootatti nuffii waan uumuuf, milkaa'ini argamuu dhabuu danda'a. Kitaabni barataa yommuu qophaa'us, sadarkaa barataafi fedhii barataa adda baaasuun qophaa'uu qaba. Gochaaleen hedduun waan qajeelfamaan kenname qofa akka raawwatan taasisu. Kun immoo barattoonni akka yaada isaanii bilisaan hinbarreessineef rakkoo uuma. Gilgaalli barreessuu tokko barattoonni akka of ibsan kan barsiisu yoo ta'e, barattoonni kun akkaataa barreeffamni ibsaa itti barraa'u of irratti shaakalu waan ta'eef, waa'ee wantoota/namoota biroo ibsuuf isaanii salphata. Kanaaf, barreessuun yemmuu qophaa'u, fedhii barattootaa giddu galeessa godhachuun qophaa'uun barbaachisaadha.

4.3.3 Gochaalee Barreessuu Waan Dubbisaniin Yookiin Dhaggeeffataniin Walqabannaa Qabaachuu Adda Baasu

Barreessuun karaa adda addaatiin shaakalsiifamee gonfatama. Qophiin dalagaalee barreessuus kanuma. Kanaaf, kana adda baasuuf qorattuun gochaalee kitaabicha keessatti kennaman waan dubbisan yookiin dhaggeeffatan irratti akka barreessuu shaakalan kan gargaaran ta'uu isaanii akka kanaa gadiitti gabateen qaaccessuun mul'istee jirti.

TL	Barreessuu dubbii yookiin barreeffama irratti hundaa'uun	Boqonnaalee gochaalee barreessuu qaban											
		1	2	3	4	5	7	8	9	13	14	16	17
5	Waan dubbisan ykn dhaggeeffatan irratti hundaa'uun yaada mataa isaanii akka ibsan nitaasisa.	*	x	x	x	x	*	x	x	x	x	*	x
6	Yaadannoo akka qabataniifi cuunfaa akka barreessan taasisa.	*	x	*	x	*	x	*	x	x	x	*	x
7	Yaada dubbisicha keessatti dhiyaateef deebii dhhunfaa isaanii akka barreessan nitaasisa.	*	x	x	x	x	x				x	x	x
8	Sababa dhugaa ukn soba jedhaniif akk barreessan taasisa.	x	*	x	*	x	*				x	*	*

*=eeyyee kan jedhu agarsiisa x=lakki kan jedhu agarsisa

Gabatee 3: Qaaccessa gochaalee barreessuu waan dubbifame ykn dhaggeeffatame irratti hundaa'an qabaachuu yookaan dhabuu adda baasu

Gabatee lakkoofa 3: gochaalee barreessuu kitaabicha keessatti laataman dubbisa yookiin dubbii dhiyaate bu'uureffachuufi dhiisuu isaanii irratti kan xiyyeeffateedha. Haaluma kanaan, sakatta'a godhame irraa kan hubatamu, irra caalaan gilgaalota barreessuu kitaabicha keessatti qophaa`anii, dubbisa dhiyaateen kan walqabatanii miti. Fakkeenyaaf, akka gaaffii lakkoofsa shanirratti agarsiifametti, gilgaalota dhiyaatan keessaa kan akka barattootni waan dubbisan yookiin dhaggeeffatan irratti hundaa`anii yaada mataa isaanii barreessan shaakalchiisan sadi (boq.1, boq.7fi boq.16) qofadha. Gama biraatiin, gaaffii lakkoofsa saddeet irra kan jiru sababa dhugaa yookiin soba jedhaniif akka barreessan kan taasisu gonkumaa hinjiru.

4.3.4. Gochaalee Barreessuu Meeshaalee Mul'atanitti Gargaaramuun Barreessuu Shaakalchiisuu Adda Baasu

Meeshaalee mul'atoo kan jedhaman, kanneen akka chaartii, giraafii, kaartaa, fakkiifi kankana fakkaataniidha. Barattootni odeeffamnnoo karaalee kanneeniin kennamaniif barreeffamatti deebisuun ofiif yookiin namoota biroof dabarsuu akka danda`an gocha taasisuudha. Kanaaf, kitaaba kana keessatti dalagaaleen kennaman, haala kana guutuu isaanii ilaaluun akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru.

T L	Gochaalee barreessuu	Boqonnaalee gochaalee barreessuu qaban											
9	Ulaagaalee meeshaalee mul'atan fayyadamuu fakkiilee gara barreeffamaatti akka jijjiiran taasisa.	1 x	2 x	3 x	4 x	5 *	7 x	8 x	9 x	13 x	14 x	16 x	17 x
10	Giraafii, chaartiifi gabatee gara barreeffamaatti akka jijjiiran taasisa.	x	x	x	x	*	x	x	x	x	x	x	x
11	Yaadannoo qabachuun cuunfaa akka barreessan taasia.	x	x	x	x	*	x	x	x	x	x	x	x

*= eeyyee x = lakki

Gabatee 4: Qaaccessa gochaalee barreessuu meeshaalee mul'atanitti gargaaramuun barreessuu shaakalchiisuu adda baasu

Akka gabatee lakk. 4 irraa hubachuun danda`amutti, gilgaalotni dalagaa barreessuu shaakalchiisuu kitaabicha keessa jiran meeshaalee mul`atan fayyadamanii barreessuu kan of keessaa hinqabneedha. Kana jechuun immoo, barreessuun kenname fakkii, chaartii, graafiifi kkf irratti xiyyeeffatamee hinqophoofne jechuudha. Gilgaalota sakatta`aman keessaa gilgaala boqonnaa tokkoffaa fi boqonnaa shanaffaa qofatu shaakala kana hamma tokko shaakalchiisuuf yaala. Isaanumtuu qajeellootti osoo hinta`in, karaa gara biraan yoo ilaalamaniidha. Kun immoo, barattootni fakkiilee, chaartileefi gabateewwan irraa odeeffannoo gabaabinaan hubatanii bal`isanii nama biroof barreeffamaan ergaa (ragaa) dabarsuu akka isaan hindandeenneef gufuu itti ta'a. Gama birootiin boqonnaalee tokko tokko keessatti gilgaalotni barreessuu shaakalchiisuu hinkennamne. Fakkeenyaaf boqonnaa 6, barannoo1, fuula 87 irra fakkiilee jiran irrattii hundaa`uun shaakalli barreessuu kennamuu qaba ture. Kana malees, boqonnaa tokko barannoo tokko (fuula 1-2) jalattis fakkii ilaalanii barreessuu akka shaakalaniif gilgaala barreessuu kennuun nidanda`ama ture. Haata'uu malee, boqonnaa kana jalatti shaakalli barreessuu hinkennamne. Kana malees boqonnaalee gilgaalotni barreessuu keessatti hinlaatamin kan biraa keessaa boqonnaa 12, fuula 153, irratti fakkii ilaalanii waa'ee uffannaa (faaya namoonni kaawwatanii jiran) akka barreessan gochuun nidanda`ama ture. Haata'uu malee, kitaaba kana keessatti kun hintaasifamne. Kanaaf, xiyyeeffannaan kitaabicha keessatti meeshaalee mul`atan irratti barreessuu shaakalchiisuuf kenname laafaadha.

4.3.5. Qaaccessa gochaalee barreessuu dhihaannaa barreessuu barsiisuu adda baasuu irratti xiyyeeffate

Kutaa kana jalatti tokko tokkoon gilgaalotaa haala Af1, Af2, yookaan Afam. keessaa kam irratti akka xiyyeeffatamanii dhiyaatan adda baafameera. Gama biraatiin dhihaannaan Af1'fi f2 keessaa gosa dhihaannaa kam irratti akka irra caalaa xiyyeeffatamuun xiyyeeffatamuun qopheeffames adda baafamee jira.

T L	Dubbii ykn barreeffama rratti hundaa'uu	Boqonnaalee gochaalee barreessuu qaban										
		1	2	3	4	5	7	8	9	13	14	16	17
a. 12	Dhihaanaa Af1 Dhihaannaa adeemsaa	x	x	x	x	x	x	x	x	x	*	*	x
13	Dhihaannaa akkayyaa hololoo	x	x	x	x	x	x	x	*	x	*	x	x
14	Dhihaannaa muuxannoo	x	x	x	x	x	x	x	x	*	x	x	x
15	Dhihaannaa beekumsaa	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x
16	Dhihaannaa filannoo jechootaa	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x
17	Dhihaannaa seera xiinqooqaa	x	x	x	x	x	x	x	x	*	x	x	x
I.	Dhihaannaa Af2												
15	Dhihaannaa to'atamaa bilisaa	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x
16	Dhihaannaa bilisaa	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x
17	Dhihaannaa bu'aa irratti xiyyeeffate	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x
18	Dhihaannaa ijaarsa keeyyataa	*	*	*	*	*	*	*	*	*	x	x	x
19	Dhihaannaa seerluga-xiinhima ijaarsaa	x	x	x	x	x	x	x	x	*	x	x	x
20	Dhihaannaa waliigaltee	x	x	*	*	*	x	x	x	x	x	x	x
21	Dhihaannaa adeemsaa	x	*	x	*	*	*	x	x	x	*	x	x
22	Dhihaannaa Afam	x	x	*	*	x	x	x	x	*	x	x	x
23	Dhihaannaa waliigaltee	x	x	x	x	x	x	x	x	x	*	*	x
24	Dhihaannaa adeemsaa	x	x	*	*	x	x	x	x	x	*	*	x
C	Dhihaannaa Afam	x	x	x	x	x	x	x	x	x	*	*	*

*= eeyyee x = lakki

Gabatee 5: gochaalee barreessuu dhihaannaa barreessuu barsiisuu adda baasuu irratti xiyyeeffate

Akka gabatee lakk.5: irratti qaacceffametti, gochaaleen barreessuu kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessatti qopheeffaman irra caalaan isaanii haala dhihaannaa barreessuu Af2fiAfam hordofuun qopheeffaman. Qopheessitoonni kitaaba kanaa barattootni eenyu akka ta`an kan adda baafatan hinfakkaatu. Sababni isaas, barnoonni Afaan Oromoo Barattoota Oromootiif yemmu qophaa`u, gochaaleen barreessuu achi keessatti dhiyaatanis haala dhihaannaa barreessuu barsiisuu afaan tokkoffaa hordofuu qabu ture. Haata`uu malee,

kitaabichakeessatti haalli dhihaannaa gilgaalotaafi qajeelfamoota gochaalee barreessuu akkaataa barataa Afaan tokkoffaa shaakalchiisuun kan qophaa`an miti. Irra caalumatti kan afaan lammaffaa irratti xiyyeeffatame.

Gama biraatiin gochaaleen barreessuu boqonnaalee hundumaa keessatti dhiyaatan, barreessuu adeemsaa kan shaakalchiisan muraasa. Gilgaalotni boqonnaa 16ffaa keessatti kennaman xalayaa barreessuun waan walqabataniif akka barreessuu adeemsaatti fudhachuun nidanda`ama. Sababni isaas, yeroo xalayaalee barreessan yaada burqisiisuu, wixina barreessuu, keessa deebi`uufi gulaaluu waan gaafatuufi. Dhihaannaan adeemsaa immoo akka dhihaannaa Af1fi Af2ttis walfakkeenya qabu.

Barreessuun adeemsaa, barattootni maal akka barreessan caalaa akkamitti akka barreessan shaakalchiisa. Haallli akkasii immoo, jireenya barattootaa gara fuula duraa eessatti akka isaan barreessitoota ciccimoo ta`aniif gargaara. Hayyootni garaagaraa aayidaa barreessuun adeemsaa barattootaaf qabu akka itti aanutti ibsu. Akka Zamel (1982:203) jettutti, ogummaa barreessuu barsiisuu keessatti, barattootni akkaataa yaada ofii itti babal`isan, mata duree isaanii itti gabbisaniifi mala qorannoo fayyadamanii akkamitti akka hariiroo isaanii uumuu danda`an barsiifamu. Kana malees barreessuu adeemsaa shaakalciisuun faayidaa heddu akka qabu, Hyland (1978:14) “The process approach is the most recent ideas and the approach suggested by many researchers. It may also be referred to as expressivism, “as it encourages writers to explore their beliefs, engage with the ideas of others, and connect with readers” jechuun ibsame. Akka waraabbii kanarra hubatamutti dhihaannaan adeemsaa yaada ammayyaaf kan qorattoota hedduun yaadni itti kenname. Akkasumas kan barreessitoota akka isaan yada isaanii babal`isanii ibsan, yada namaatiin waliigalaniifi akka dubbistootan walhubatan jajjabeessuufi kakaasuudha. Kanaaf, dhihaannaa kana irratti hundaa`uun gilgaalota barreessuu qopheessuu fi shaakalchiisuun bu`aa hedduu barattootaaf buusa.

Yaada kana bifa afgaaffiitiin barsiisotaaf gaaffii 2ffaa irratti gaaffii, kitaaba barataa kutaa 11 keessatti shaakalootni barreessuu haala dhihaannaa barreessuu kamiin dhiyaatan jechuun gaafatamaniif barsiisonni hundi deebii walfakkaataa kennaniiru. Deebiin isaan laatanis,haala dhihaannaa Afaan lammaaffaati kan jedhuudha. Bifuma walfakkaatuun, gaaffii lakkoofsa 3 kan haala gilgaalotni ogummaa barreessuu dhiyaatanirratti hanqinni jiraa? Yoo jiraate hanqinichhi maali? jedhu gaafatamanii eeyyee hanqinni ni jira yoojedhan, hanqina jiru immoo akkaataa garaagaraatiin ibsaniiru. Kunis, barsiisotni lama yaada walfakkaatu kan kennan

yemmuu ta`u, yaadni isaan kennanis kitaabichi yemmuu qophaa'u, barattoota jiddugaleessa hintaasifanne, warra Afaan Oromoo akka Afaan lammaffaatti barataniif kan qophaa`e fakkaata yemmuu jedhan; barsiisaan tokko immoo haalli dhihaannaa gilgaalota dalagaa barreessuu kan afaan lammaffaa irraa akkuma jirutti garagalfame waan ta`eef hanqina hubannooti jechuun deebise. Barsiisan biraa immoo, rakkinichi rakkoo qopheessitoota kitaabaati kan jedhuudha. Egaa akka waliigalaatti odeeffannoon sakattaafi afgaaffii irraa argaman haalli dhihaanna dalagaalee barreessuu kitaabicha keessatti mul`atanii irra caalaa haala dhihaannaa Af2 ta'uu irra ga`ameera.

Kun immoo hanqina kitaaba kanaa kan biraadha. Sababni isaa barreessuun afaan tokkoffaa kan afaan lammaffaa irratti hundaa`a osoo hintaane kan afaan lammaffaatu kan afaan tokkoffaa irratti hundaa`a waanta`eefidha. Yaada kana jabeessuuf Khaledfi Hossein (2013:120) Faerch and Kasper (1987) waabeeffachuun "first language transfer is a mental and a communicative process through which L2 learners develop their interlanguage skills by activating and using their previous linguistic knowledge" jechuun ibsame. Akka waraabbii kanaatti barattootni barreessuu Af2 barachuuf ogummaa Af1 keessatti dhimma bahu. Haata`u malee, kitaaba kutaa 11 keessatti faallaa kanaatu mul`ata. Kitaabichi barattoota Af1 barataniif kan qopheeffame ta`us, haalli gilgaalotni barreessuu shaakalchiisuu itti dhihaatan kan Af2 irraa kan gargalfamaniidha. Kana malees gaffii lakk.7. Kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11 keessatti shaakalootni barreessuu dhiyaatan barattoota kutaa 11ffaa nimadaalu jettanii yaadduu? Maaliif? jechuun yemmuu gaafataman, barsiisotni sadi lakki jechuun deebisan ,barsiisaan tokko immoo, ni madaala jechuun deebiseera. Barsiisonni sadan lakki jechuun deebisan gaaffii maaliif jedhuuf yaada isaanii kennaniiru. Yaadni sadan isaanii kennan kan walitti dhiyeenya qabuufi yaaduma tokko kan ibsuudha. Barsiisaa tokko haala barreessuu afaan tokkoffaa waan hinhordofiniif barattootni nituffatu yemmuu jedhu, barsiisaa tokko immoo, barattoota waliin hindeemu bay`ee salphaadha jedhe. Barsiisaa sadaffaan immoo sababa himaafi keeyyata qofa shaakalchiisa malee isaa ol barattoota waan hinshaakalchiifneefidha jechuun ibse.

Kanaaf, akkuma waliigalaatti gochaaleen barreessuu kitaabicha keessatti laataman sadarkaa barattoota kutaa 11 tii gadi akka ta`an ni hubatama. Kun immoo, akka barattootni shaakaloota sanneen hinshaakalle waan taasisuuf rakkoo mataasaa qaba jechuudha. Sadarka kutaa kudha tokkoffaatti barattootni barnoota qophii Yuunivarsiitii baratu. Kanaaf, kan shaakalsiifamuu

qaban akkaataa barreeffamoota itti qindeessanii barreessan ta’uu qaba.

Qaaccessa gilgaalotaa akaakuu isaaniitti adda baasu

Qaaccessa kana jalatti gilgaalotni barreessuu shaakalchiisuu boqonnaalee jala jiran jalatti gosa gilgaala kami jalatti akka ramadaman adda baafamanii ibsamu. Uunki gilgaalonni ittiin qoodaman Uunka Nunan (1989) gilgaalota itti qoode irratti hundaa’uudhaani.

Gabatee 6: Qaaccessa gilgaalota gosaan adda baasu

T L	Akaakuuwwan gilgaalaa	Boqonnaalee gochaalee barreessuu qaban											
		1	2	3	4	5	7	8	9	13	14	16	17
1	Gilgaala odeeffannoo dabarsuu/guutuu	*	*	*	*	x	*	*	*	*	*	*	*
2	Gilgaala sababa ibsuu	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x
3	Gilgaala yaada ofii ibsuu	x	x	x	x	x	x	x	*	x	*	*	x

*= eeyyee x= lakki

Gabatee lakk, 6 olii kana keessatti akka agarsiifametti gilgaalotni boqonnaalee kitaabicha keessa jiran gosa gilgaalaa Nunan (1989) qoqqoodeen yeroo ilaalaman, irra caalaan isaanii gilgaalota odeeffannoo dabarsuu yookaan odeeffannoo hira`ate guutuuti. Kana jechuun immoo, gilgaalotni kunniin barattootni akka odeeffannoo beekan yookiin waan ofii hubatan akka namaaf itti qooduu danda`an shaakalchiisu.keessumaa gilgaalotni sakatta`aman hundi isaanii gosa gilgaala sababa ibsuu kan ta`e hinjiru. Kun immoo barattoonni sababa ibsuun barreessuu akka hinshaakalle taasisa. Kanaaf gilgaalotni kitaabicha keessatti barreessuu shaakalchiisuuf dhiyaatan gosa gilgaalotaa kana haala walfakkaataadhaan shaakalchiisuu qabu. Kitaaba kana keessatti kan irra caalaatti irratti xiyyeeffatame, gilgaala odeeffannoo dabarsuuti. Haata`uu malee, gosti gilgaalota kanaa qofti barattoota ga`uumsuu hindanda`u. Gosoonni gilgaalotaa hundi walfaana ta`anii yoo dhiyeeffaman barattootni wanta barreessaniifi barreessuu barbaadaniif sababa ga`aa qopheeffachuun yaada isaanii maddisiisanii barreessuu shaakalu. Kun yoo hintaane garuu, waanuma dhaga`an ykn dubbisan qofa waraqaa irratti deebisanii barreessuu malee yaada maddisiisuufi madaaluuf hindhiphatan.

BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

5.1 Guduunfaa

Qorannoon kun boqonnaa shanitti qoodamuun gaggeeffame. Boqonnaan jalqabaa seensa yemmuu ta'u seenduubee qorannichaa jalatti Afaan Oromoo ilaalchisee dubbattoota heddu qabaachuun Ardii Afrikaa keessatti Afaan Hawusaa, Afaan Arabaafi Afaan Kiswaahiliitti aansee sadarkaa afraffaa irratti akka argamu ibsame. Biyya Itoophiyaa keessatti immoo dubbattoota miiliyoona afurtamaa ol qabaachuun sadarkaa tokkoffaa irratti argama. Haata'uu malee, dhiibbaa sirnoota darbaniin Afaan Oromoofi uummata Oromoo irra tureen afaan barreeffamaa ta'ee hinturre. Ka'umsa keessatti immoo haalli dhihaannaa gilgaalota dandeettii barreessuu shaakalchiisuu kan afaan biroo irraa kan garagalfaman ta'uu hinoolu shakii jedhu irraa ka'uun mata dureen "sakatta'a dhihaannaafi ga'umsa gilgaalota kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa gama dandeettii barreessuutiin" jedhu filatame. Gama kaayyootiin immoo kaayyoo gooroo (haala dhihaannaafi ga'umsa gilgaalota kitaaba barataa Barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa gama dandeettii barreessuutiin sakatta'uu)fi kaayyoo gooree (Haala dhihaannaa gilgaalota ogummaa barreessuu kitaaba barataa kutaa 11ffaa sakatta'uu; Ga'umsa gilgaalota dandeettii barreessuu shaakalchiisuu kitaaba barataa kutaa 11ffaa sakatta'uu: Hanqinaafi cimina haala dhihaannaafi ga'umsa gilgaalota dandeettii barreessuu kitaaba barataa kutaa 11ffaa adda baasuun yaada furmaataa eeruu kan jedhan ibsamaniiru.

Kana malees, boqonnaa kana jalatti barbaachisummaa, gaaffileen bu'uuraa qorannichaa, daangaafi hanqinni qorannichaa hammatamanii jiru. Boqonnaan lammataa immoo sakatta'a barruuti. Baoqonnaan sadi mala qorannichaati. As jalatti saxaxa qorannichaaf ibsa fayyadame. Qorannichi guutumatti mala akkamtaa fayyadamuun gaggeeffame. Jamaan qorannoo kanaa barsiisota mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Laga Xaafoo Afaan Oromoo barsiisan afuriifi kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessatti gilgaalota ogummaa barreessuu shaakalchiisan hunda. Ragaaleen qorannichaaf barbaachisanis sakatta'a kitaabaafi afgaaffiidhaan funaanname. Ragaaleen funaanamanis garee gareetti qoqqoodamuun mala ibsaa fayyadamuun qaacceffaman. Boqonnaan afur immoo qaaccessa ragaati. Ragaaleen funaanaman akkaatuma garee garee isaaniitiin gaaffilee afgaaffii waliin walitti fidamuun jechaan ibsi itti kenname.

5.2 Argannoo

Qaaccessa ragaalee qorannichaaf funaannaman irraa argaman irratti hundaa'uun, guduunfaan qorannoo kanaa akka armaan gadiitti kaa'amaniiru.

- Hanqinni dhihaannaa barreessuu kan akka dhihannaa barreessuu Afaan tokkoffaa hordofuu dhabuu (irra caalaan gilgaalota kitaabicha keesatti kennamanii dhihaannaa barreessuu barsiisuu Af2fi Afam hordofanii kan dhiyaataniidha.
- Shaakaloonni barreessuu akaakuu dalagaa barreessuu too'atamaafi qajeelchaa qofarratti kan xiyyeeffatan ta'uu (gilgaalonni akaakuu bareessuu bilisaa shaakalchiisan muraasa).
- Shaakaloonni barreessuu barattoonni bilisaan akka shaakalan (yookiin barreessuu bilisaatiif) carraa kan hinkennine ta'uu
- Ga'umsi gilgaalota dhihaatanii ga'umsa barattootaa sadarkaa barattoota kutaa 11ffaan kan walhingitne ta'uu. Gilgaalonni dhiyaatan barattoota kutaa 11ffaa kan Afaan Oromoo afaan dhalootaa isaanii ta'e madaaluufi deeggaruu irratti sadarkaa gadi bu'aa irratti kan argamaniidha.
- Qajeelfamoonni shaakaloota barreessuu irratti kennaman irra caalaan qajeelfamoota Afaan lammaaffaa kan hordofan ta'uu.
- Shaakaloonni barreessuu kitaabicha keessatti dhiyaatan irra caalaan isaanii sasalphoofi sadarkaa himaafi keeyyata barreessu irra kan hindarbine ta'uu
- Akka walii galaatti kitaabichi barattoota Af1 giddu galeessa godhachuu irratti hanqina qabaachuu isaati. Gilgaalonni kitaabicha keessa jiran irra caalaan isaanii barreessuu too`atamaafi sasalphaa irratti karoorfataman. Kun immoo barattoota Afaan Oromootiin afaan hiikkatanii kutaa tokkoo kaasanii Afaan Oromootiin barachaa sadarkaa kana irra ga'aniin wal hinmadaalu. Barattoonni Afaan Oromootiin afaan hiikkatanii kutaa tokkoo kaasanii afaanichaan barachaa dhufan sadarkaa kanatti kan barsiifamuu qaban barnoota ogummaa makate kan akka isaan addunyaa keessatti dorgomoo ta'aniif isaan gargaaru ta'uu qaba.

5.3 Yaboo

Argannoowwan qorannoo kanaa irratti hundaa'uun, qorannoon kun kaayyoo qabatee ka'e galma geessisuun hanqinaalee mul'ataniif yaada furmaataa akka armaan gadiitti eertee jirti.

- ✓ Afaan Oromoo biyya Oromiyaa keessatti akka afaan tokkoffaatti barsiifama waan ta'eef, shaakaloonni kitaabicha keessatti qopheeffaman haala dhihaannaa afaan tokkoffaa irratti hundaa'uun qophaa'uu qabu. Kanaaf, gilgaalonni ogummaa barreessuu shaakalchiisuu kitaabicha keessatti dhihaatanis haala dhihaannaa barreessuu barsiisuu Af1 bu'uura godhachuun osoo dhihaatanii gaarii ta'a. Keessumaa gosa dhihaannaa barrreessuu barsiisuu Af1 keessaa dhihaannaa filannaa jechoota miidhagoofi dhihaannaa muuxannoo shaakalchiisuun gaariidha. Sababni isaas, barattoonni afaanicha nibeeku; garuu, jechoota filachuufi muuxannoon walqabsiisanii akkamitti ergaa dabarfachuuf hanqina qabaachuu danda`u: niqabus. Kana furuuf gosti dhihaannaa kanneenii kitaabilee barnootaa keessatti yoo dabalame barattoonni dandeettii kana akka horatan waan taasisuufi.
- ✓ Gilgaalotni barattootni bilisaan yaada ofii isaanii akka barreessan taasisan kitaabicha keessatti bay`inaan osoo dabalamanii barattoota gara fuulduraatti barreessitoota ciccimoo ta`an uumuuf kan gargaaru ta'a.
- ✓ Shaakaloonni barreessuu waan dubbisaman ykn waan dhaggeeffataman irratti osoo qopheeffamanii barattoonni yaadicha deebisanii barreessuu akka danda'aniif gargaara.
- ✓ Meshaalee mul`atoo irraa akka barreeffama uuman gochuu irratti osoo xiyyeeffatamee gaarii ta'a. Kunis meeshaaleen mul'atoon odeeffannoo bifa gabaabaa ta'een kan agarsiisan waan ta'eef, barattootni yaada gabaabinaan agarsiifamu akkamitti gara barreeffamaatti jijjiiranii namaaf akka ibsuu danda'an itti agarsiisa. Kana malees, gilgaalotni kitaaba barataa keessatti akka barattootni odeeffannoo keeyyata keeyyataan kenname gara gabatee, chaartii, giraafiifi kkf tti deebisan shaakalchiisan osoo dabalmanii gaarii ta'a. Kun immoo akka barattoonni wanta karaa dheeraan kenname gabaabsanii yaadannoo fudhachuu danda'aniif gargaara.
- ✓ Shaakaloonni barreessuu shaakaloota birootiin walqabatoo osoo ta'anii keessumattuu shaakaloota dubbisuutiin osoo walitti hidhamanii dhiyaatanii. Sababni isaa dubbistoonni gaariin barreessitoota gaarii ta'uu waan danda'aniifi. Shaakaloonni barreessuu shaakaloota birootiin walqabachuun akka barattoonni ogummaalee afaanii hunda walfaana gabbifataniif isaan gargaara. As keessatti barattoonni yemmuu barreessuu shaakalan dubbachuu, dubbisuufi dhaggeeffachuu waliin walitti hidhuun akka isaan ga'umsa dandeettiiwwan kanneenii walfaana gabbifataniifi seera afaanii eeganii akka itti fayyadamaniif ga'ee olaanaa qaba. Shaakaloonni barreessuu jecha, himaafi keeyyata qofa

shaakalchiisuu irra darbanii akka barattoonni barreeffamoota shaakalan kan godhu osoo ta'ee gaariidha. Sababni isaas barattoonni kutaa 11ffaa barattoota barnoota yuunivarsiitii itti deemaa jiran waan ta'eef yeroo achi seenan barreessitoota ta'anii akka ba'niif isaan gargaaruu danda'a.

- ✓ Gama birootiin ministeerri barnootaa, BBOfi qopheessitoonni kitaaba barnootaa Afaanii haala dhihaannaa Af1 giddu galeessa godhachuun gilgaalota kitaabicha keessa jiran irra deebi'uun osoo fooyyessanii gaarii ta'a. Baratttoonni manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa kan isaan barsiifaman yaada addunyaawaa waan ta'eef, beekumsa Addunyaan isaan dorgomsiisu argachuu qabu. Gochi barattoonni sadarkaa kanarra jiran hojjatanis hojii jiruu isaanii keessatti namoota Addunyaa garagaraa irra jiran waliin isaan hirmaachisuu kan danda'u yookiin ce'umsa gara Yuunivarsiitiif kan isaan ga'oomsu ta'uu qaba. Hojiin baruufi barsiisuu hojii nama tokkoon ykn dirree hojii tokko qofaan galma ga'u waan hintaaneef, qaamolee kanneen cinaatti barsiisonniifi barattoonnis qooda irraa eegamu ba'uun dirqama.
- ✓ Kana malees, namoonni mata duree kanarratti qorannoo gaggeessuu barbaadan kamiyyuu kallattii qorataan kun ilaaleen qofa osoo hintaane, gama barbaachisummaa isaatiin osoo ilaalanii gaariidha. Akkasumas qorannoon kun sakatta'a dhihaannaafi ga'umsa gilgaalota kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa gama dandeettii barreessuutiin qofa ture, namoonni biroo immoo, gama dandeettii dubbisuu, dubbachuu, dhaggeeffachuufi seerlugatiin osoo ilaalanii jijjiiramni dhufuu danda'a.

Wabiilee

Addunyaa Barkeessaa. (2011). Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo. Finfinnee: Far East Trading

Andrzejewski, B. (1980). *Some Observations on the Present Orthography for Oromo: In the International Conference of Ethiopian Studies*, Rotterdam, Balkema, 5th p.125-132

Arndt, V. (1987) Six Writers In Search of Texts: A protocol based study of L1 and L2 writing. ELT Joarnal, 41(4), 257-267

Asafaa Tafarraa (2009) Eela: Seenaa Oguma Oromoo. Finfinnee: far-east trading plc

Askale Lemma (1998) "*Some Points on Oromo Orthography" In interdisciplinary seminar of the institute of Ethiopian studies (1st) Nazareth*, pp. 323-337.

Brown D. (1993) Principle of language learning and teaching: London: printice hall.

Brown D. (2000) Teaching by Principles: An Interactive Approach to Language Pedagogy: 2nd Edition Longman Brown, et. al. (1989) Curriculum and Instruction: An Introduction into Method of Teaching. London Macmillan Company.

Byrne, D. (1988). Teaching Writing Skills: London: Longman Group Ltd.

Cohen, A. and C. Caralacanti Byrne (1991) Teaching writing skills: New York: Longman

Cerulli, E. (1922). Folk Literature of the Oromo of Southern Abyssinia: Harvard African Studies,

Dastaa Dassaaleny. (2013). Bu'uura Qorannoo: Addis Ababa: Maxxansa 2ffaa printed Far East Trading plc

Dowst, K. (1980). The epistemic approach: Writing, knowing and learning. InT.R.Donovan & B W. McClelland (Eds.), eight approaches to teaching composition (pp. 65-85). Urbana, IL: National Council of Teachers of English.

Elbow P. (2000). Everyone can write. New York: oxford university press.

Emig, J. (1983). The wep of meaning: Upper Montclair, NJ: Boynton/Cook.

Feyisa Damie .1996. "*Historical Challenges in the Development of Oromo Language and Some Agenda for Future Research*," Journal of Oromo Studies, Murfreesboro: Middle Tennessee State University, Vol. 3 No. 1-2, pp. 18-25

Grabe, W. & Kaplan, B. (1996) The Theory and Practice of Writing: London and New York: Longman

Hamid Muude (1995) Hamid Muude`s Oromo Dictionary, Vol. 1. Atlanta: Sagalee Oromoo Publishing Inc.

Hammarén, Maria (2005) Skriva – en metod för reflektion. Estland: Santérus Förlag,

Hedge, T. (1993). Writing: Oxford: Oxford University Press.

Hyland, K. (2003). Genre-based pedagogies: A social response to process: Journal of second Language Writing

Horning Alices. (1987) Teaching Writing as second language: Carbondale, IL: SouthernIllonious University

Johns, A. (1990). *L1 composition theories: Implications for developing theories of L2 Composition: In B. Kroll (Ed.), Second language writing research*: Research Insights for the classroom. (pp. 11-23). Cambridge: Cambridge University Press

Jordan, R. (1997). English for academic purposes.Cambridge: Cambridge University Press

Joyce Armstrong Carroll. E. (2004) Writing grammar communication. Pearson prentice Hall in USA

Kidaanee Wadaajoo. (2007). *Qaaccessa Dhiyaannaa gilgaalota hiika jechootaa Afaan Oromoo Kitaaba barataa kutaa 11 Mana barumsa qophaa`ina Mattuu. MA Thesis*: Kan hinmaxxafamne

Krashen, S. (1984) Writing research theory and applications. Oxford: Pergamon Press.

Kroll Ed. (1997). Second language Writing Research: Insights for the classroom (pp. 11-17). New York: Cambridge University Press.

R. (2003) The little red writing book. University of New South Wales Press, ltd, Australia Marva A, Barnet (oct, 1989) Writing asprocess: The French review. V.63 No 1 pp 31-44, American Association of teachers of French

Matsuda, P.K. (2003). Second language writing in the twentieth century: Asituated historical Perispective: In B.Kroll (Ed), exploring the dynamics of second Language writing (pp. 15-34). Cambridge: Cambridge university press.

Nunan, D. (1989). Designning tasks for the Communicative classroom. Cambridge: Cambridge University Press

Nunan, D. (1991). Language teaching methodlology: a text book for teacher: New York: prentice Hall. Nunan, D. (1996). Language teaching methodology: New York: Oxford University press.

Nunan, D. (1999). Second language teaching&learning: Boston: Heinle & Heinle.

Nunan, D. (2000). Syllabus Design: Oxford: Oxford University Press.

Pincas, A. (1982a). Teaching English Writing.London: Macmillan

Pincas, A. (1982b). Writing in English 1: London: Macmillan. Prabhu N. (1987). Second Language Pedagogy: Oxford university press

Raimes, A. (1983). Techniques in teaching and writing: Oxford: Oxford University press.

Raimes, A. (1991). "Out of Wood: Emerging traditions in the teaching of Writing," TESOL Quarteriy: Vol. 25(3), PP. 407-431.

Reid, J.M. (1992). The process of composition: Englewood Cliffs, NJ: prentice Hall.

Reid, J.M. (1993). Teaching ESL Writing: Englewood Cliffs, NJ: prentice Hall.

Richards Band Goodith White (April 2000). ELT journal: V.54/2. Oxford University press

Richards J. C. & Renandya, W. A. (2002). *Methodology in language teaching: An Anthology of current practice, (pp.254-266), Cambridge*: Cambridge University Press

Richards, J. C. (2001). *Curriculum Development in Language Teaching: Cambridge: Cambridge University Press*

Richards & Rogers (2001) *Approachs & Methods In Language. Cambridge: Cambridge University Press*

Richard & Renandya (2002) *Methodology in Language Teaching: Cambridge: Cambridge University Press*

Richards, J. C. (2004) *Approaches and Methods in Language Teaching, Cambridge: Cambridge: University Press*

Richards, J. C. and Rodgers, T.S. (1986/2001)*: Approaches and Methods in Language Teaching: A Description and Analysis. Cambridge*: Cambridge University Press

Rippaablika dimokraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa (2005) Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa 11ffaa: Kampala: Mk publishers" ltd

Silva, T. (1990) "*Second Language Instruction: Development issues and directions in ESL". In B. Kroll (*eds). PP. 11-23.

Tribble, C. (1996) Writing: Oxford: Oxford University Press

White R and Arndt V. (1991) Process Writing: Pearson education Ltd

White R.V. (1988). Process and Product: In P.Robinson (Ed) Acadamic Writing: ELT document

http://revues.univ-biskra.dz/index.php/fll/article/view/1078/10

Barannoo 6: Barreessuu

Gilgaala 12 Shaakala Cuunfaa Barreessuu

Yaadadubbisa "AfaanAkkamitti Jalqabame?" jedhu keessatti dhiyaate bu'uureffachuun yaaxxinoota, ragaa isaan dhiyeessaniif ka'umsa isaanii cuunfiitii gabatee kanaan gadii keessatti barreeffamaan barreessi.

Yaaxxinoota jalqaba afaaniirratti dhiyaatan

akaakuuwwan yaaxxinoota	ka'umsa yaaxxinichaa	ragaa yaaxxinichi jalqaba afaaniirratti dhiyeessu
(a)		(a) (b)
(b)		(a) (b)
(c)		(a) (b)

Yaaxxinoota gabatee kanaan olii keessatti tarreessiterratt imormii ka'an bakka duwwaa kanaan gadiirratti gabaabsii barreessi.

Mormii (lee) yaaxxina (A) jalaarratti ka'an

_____
_____
_____
_____

Mormii (lee) yaaxxina (B) jalaarratti ka'an

_____
_____

Mormiilee yaaxxina (C) jalaarratti ka'an

_____
_____
_____

27

Odeeffannoon gabateefbakkaduwwaaarmaanoliirrattidhiyaatandubbisa “AfaanAkkamitti Jalqabame?”jedhukutaa2ffaa keessattixiyyeeffatamanii jiru.Isaanuma bu’uurataasifachuun cuunfaa dubbisichaakeeyyatoota kanaangadittiisiifjalqabamanguutuun dhiyeessi.

Jalqabaafaaniirrattiyaaxxinoota kennaman keessaatokko ‘Afaan kennaa Waaqati’kanjedhudha. “Afaan namatu uummate,” kan jedhu yaaxxina jalqaba afaaniirratti dhiyaatan keessaa isa biraati.Akkayaaxxina kanaattimaddi afaaniiamalahawaasummaati.

Yaaxxinni inni sadaffaan adeemsa tiraataadhaan afaan uumame kan jedhudha. Ka’umsi yaaxxina kanaa amala dhala namaati.

Hamma ammaatti gaaffiwwaan kallattii garaagaraatiin dubbisa dhaggeeffachuuf dubbisuuf dhiyaatankeessaaba’anshaakalteejirta. Yaaxxinajalqabaafaaniirrattidhiyaatankeessaatokko fllachuun yaada keebarreeffamaandhiyeessi.

28

Maqaa masoon Garasuun argate maal ture?
Maqaan haadha Garasuu eenyu?
Dhukkubni Kumaalaa Garasuun ittiin du'e maal ture?
Maqaan haadha warraa Hayilessillaasee eenyu?
Gara loltuu dhufuu Garasuutiif ga'ee guddaa kan taphate eenyu?
Gootummaan Garasuu akkamitti xumurame?

Himoonni armaangadiisirriiyoota'an'Dhugaa'dogoggora yoota'an garuu'Soba'jechuun deebisi.
Lolli Xaaliyaanii waliin geggeeffame inni dhumaa Maaruurratti ture.
Hawwiin GarasuuinniguddaanOromiyaabulchuuture.
Kaayyoon Xaaliyaanotaa inni guddaan Itoophiyaa bilisa baasuudha.
Lola waggoota shaniif geggeeffame keessatti Shawaan Lixaa harka Garasuu turte.
Mootii Hayilesillaaseen gara biyyaatti kan deebii'e Garasuuf loltoonni Xaaliyaanii dadhabsiisuu isaanii dhaga'uuni.
Jechoota ykn gaaleewwan kanaan gadiitiif moggoo (synonyms) ta'a kan jettu bakka duwwaa kennamerratti barreessi.

1. riphee lola_____
2. harkakenne _____
3. addagodhachuu _____
4. kutannoo _____
5. shira_____

Jechootaa ykn gaaleewwan kanaan gadiitiif faallaa isaanii barbaadi.

1. mo'iinsa_____
2. danqaman_____
3. goota_____
4. yaaddeessaa_____
5. angafa_____
6. hayyamamaa _____
7. du'a_____
8. ba'uu_____
9. wal-dhabbii_____
10. olaanaa_____

Gilgaala 11:Shaakala Tuqlameef Waraabbii

Himoota kanaan gadii keessatti bakka tuqlameef waraabbiin galuu qabu jettee yaaddu galchuun himicha irra deebi'uun barreessi.

Fkn.

Ani waa laman jaalladha: dhugaaf lammii kooti.

Kan namoota bineensotarraa adda taasisan waa lama: yaaduuf dubbachuu
Hojii jaallachuu ilaalchisee Gamtaan yoo dubbatu, "Hojiin kabaja, kabajjis hojjiidha," jedha.
Kan amma nuti irratti dubbachaa jirru "Hojii jaallachuu" kan jedhudha.
Waqtiin bonaa ji'oota armaan gadii qaba Muddee, Amajjiif Guraandhala nuun jedhe barsiisaan.
Aniif hiriyaan koo saa'atii 530 beellama qabna
Reeshoon barattoota dhiiraaf dubartii mana barumsaa Baddallee 2 1 ta'a.
Barattoonni ogummaa adda addaa qabu dubbachuu, barreessuu, dub- bisuuf dhaggeeffachuu,
Hawwiin ishee waa sadii barumsa, dhirsaaf konkolaataa argachuudha.
Akka Maarkis jedhutti nama kan nama taasise hojiidha.
Ani hinrafne, boqqolloon hinhafne jedhe namichi booyyeen fxnaan
Arbis dhume; garbis gu'e, kan ati jette sunis ga'e, jedhanii sagalee gaabbiitiin deebisaniif.
Waraabessi inni afraffaan, arbaaf galaana ilaalee qileetti dhumuu hin qabnu jedhe.
Manichi cimina qaba dhagaa, sibiilaaf simmintoorraa ijaarame.

Gilgaala 12: Shaakala Keeyyata Barreessuu

Yaada waan dubbistan, waan dhaggeeffattaniif sheekkoo kanaan olitti shaakaltan cuunfuun keeyyata sadii barreessuun dareef dubbisaa. Sirna tuqaalee barbaachisaa ta'anittis fayyadamaa. Himni ijoo keeyyattootaa armaan gadiitti isiniif dhiyaatee jira.

Namni bineensotarraa adda

_____

_____

Bineensota namarraa wantooni adda taasisan hedduudha. _____

_____

_____

Gabaabumatti namoonniifi bineensonni waan adda isaan taasisan niqabu.

_____

_____

_____

_____

Gabaabumatti, namoonniifi bineensonni waan adda isaan taasisan ni qabu. _____

_____

_____

_____

58

manneen _____
milkaa'ina_____
jal'ina_____
bukaa'e_____
namoome _____

Fufii horteef fufii yaasaan garaagarummmaa qabu. Fufii horteen tajaajila caasulgaa kanneen akka lakkoofsa, haala raawwii, maayii (case), kooriyaaf wkf agarsiisa. Fufii uumamteen (yaasaan) garuu, gareejechoota ykn hiika jijjiiruurratti xiyyeeffata.

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 6: Shaakala Keeyyata Barreessuu

Himoonni kanaangadiiyoodimishaasharraagaramurtaa'aatti ykn murtaa'aarraagara dimishaashaatti qindaa'ankeeyyata tokko ijaaru. Gareenta'uunhimoota kana sirreessuun ykn kanneen wal-keessa makaman duraa duuba isaanii eeguun sirreessa.

5. Hawaasamirgadubartootaahineegne keessatti karaa adda addaatiin miidhaa garaagaraatu dubartootarra ga'a.
6. Fakkeenyaaf, ijoolleeguddisuuf barsiisuufittigaafatamummaa guddaakanqabandubartootawaanta'aniif,ijoolleenseeraan akkaguddataniifbu'aaqaba.
7. Kan biroo, dubartiin yoo dhiira wajjiin oolte nicaaphanoofti; aadaa balleessitti; dandeettii hinqabdu ilaalchaaf illaanya jedhuun mana barumsa adeemuun hineeyyamamuuf.

B. Himoota ijoo armaan gaditti siif dhiyaatan bu'uura taasifachuun keeyyata ijaari.

1. Dhiibbaan dubartootarra gahaa ture karaa garaagaraatiin mul'ata.
2. Wantoonni jireenyaaf barbaachisan gurguddaan sadii.
3. Walcaalmaa dhiiraafi dubartirraan kan ka'e carraan dubartootaa hedduun cufamee ture.


Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 7:Shaakala Caasaaf Qaamolee Keeyyataa

Keeyyata armaan gadii keessaa hima ijoo,himoota gargaartuuf hima goolabaa addaan baasi.

Tartiiba armaan gadii yoo hordofte xaafii facaasuu dandessa.Jalqaba lafa siif ta'u flattee qulleeffatta. Itti aansuun, gindii (nooyyee), ciisaa maarashaaf babattee dhumoon ija keessa ilaaltee baqaqsita. Hanga siga'uergabaqaqsiteebooda,bukooisaaeegdeegalagalchita. Sana booda, maarashaaf babattee haaraadhaan osoo bira hindarbiin besselta.Qonnaan sadarkaa kanaa, haalaan qotame yoo qophaa'u sadarkaa isa dhuma guyyaa meesaatiif haala mijeessa.Si'akana ammoo, akkuma jirutti gadi haadhuu malee lafti osoo hinbuqqa'in hafee nama rakkisuu hinjiru. Adeemsawwan armaan olii haalaan hordoftee yoo facaafatte xaafii fncaan fardaa fakkaatu galshaachuu dandeessa. Keeyyanni kun caasaa kanaan gadiitiin dhiyaachuu danda'a.

Hima ijoo jalqabarra



Himaijoo_____

Himoota gargaartuu (callaa)

_____

Hima goolabaa_____


Hima ijoo kanaan gadii faana bu'uun keeyyata barreessi.


Tartiiba kana yoo hordofte buna danffta


Namni bu'aa ba'ii adda addaa keessa darbee as ga'eerara.

85

Keeyyattoonni caasaa garaagaraa qabaachuu danda'u. Akkuma akaakuun isaanii garaagaraa, caasaan isaaniis garaagara jechuudha. Fakkeenyaaf keeyyanni adeemsa mul'isu tokko, keeyyata waan tokko addeessurraa caasaa addaqaba. Kana malees, bakki himni ijoon keeyyata tokkoo itti argamu jalqaba, gidduuf dhumarra ta'uu danda'a. Fakkii bakka hima ijoo agarsiisan kanaan gadii faana bu'uun keeyyata barreessuun dareedhaaf dubbisaa.

Himaijoo dhumarra 

2. Himaijoo jalqabarra 

Hima ijoo gidduutti 

Hubachiisa
Xiyyi kallattii hima ijoo argisiisa.

Yaanniif caasaan keeyyattoota kanaan gadii hinxumuramne. Ka'umsa isaaniirratti hundaa'uun xumuri.

Dhiibbaan dubartootarra ga'aa ture kallattii gurguddaa sadiini. Inni tokko gama barmaatileetiin yoo ta'u, dubartiin dhiira waliin oollaan nicaaphanoofti; aadaa balleessiti jechuun hojii manaa qofaan daangeffamti. Kallattiin inni biraan ammoo, amantiidha…

Akka falaasama amantiitti _____

Inni sadaffaan, _____

Dimshaashumatti, _____

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 10: Shaakala Gosoota Keeyyataa

1. Dubbisni 'Industiriif Sochii Tuurizimii Addunyaa' keeyyata meeqaa qaba?
Jechoonniif gaaleewwan armaan gadii keeyyata kam keessatti ka'ani?
Yaada golabaa _____
Hiika Tuuriizimii _____
Tuuristoonni maaliif akka bakka tokko irraa bakka biraa dee-
man_____
Seenaa tuuriizimii addunyaa _____
Faayidaa tuuriizimii _____

Yaadannoo

Keeyyattoonni hundinu yaada ijoo adda addaa kaasanii ibsu. Ka- naafuu, keeyyata tokko keessatti dhimma tokko qofaa kaasne ib- sina.Himoonni yemmuu walitti dhufanu keeyyata uumu. Keeyyanni tokko yaada ijoo, himoota gargaartuuf yaada xumuraa/goolabaa qaba. Keeyyanni haala kanaan qindaa'ee keeyyata gaariidha je- chuu dandeenya.

Himoonni armaan gadii tartiiba isaanii eeggatanii hinbarreeffamne. Duraa- duuba isaanii eeguun keeyyata tokko barreessi.

Dinagdee biyyaa keessatti madda galii ta'uun carraa hojii namoota adda addaatiif uuma.

Hunda caalaa, seenaa, qabeenya uumaaf bakkeewwan seena – qabeessa ta'an namoota biyya biraatiif beeksisuuf gargaara.

Tuurizimii dagaagsuun faayidaa hedduu qaba.

Karaa biraatiin, tuuriizimiin walitti dhufeenya namootaaf biyyoota gidduu jiru bu'uura cima irratti ijaara.
Biyyootni tuurizimii madda galii godhatan, kunuunsa naannootiif gumaachaniiru.
Karaa carraa hojii kanaan, namoonni hedduun jireenya jaraa fooyyessuu danda'aniiru.
Walumaagalatti, yoo tuuriizimiin sirriitti dagaage meeshaa guddina biyya tokkoo ta'a.
Gosoota keeyyataa armaan gadiitti ibsa"1-4" jalatti kenname waliin walitti fromsi.

A. Ibsa
B. Mormii/Mormeessaa
C. Addeessaa
D. Seenessaa

Jechoota fayyadamuun waa'ee namaa, wantootaa, idddoowwan adda addaaf kkf suuraa sammuu keessatti uumuudha.
Maalummaa waan tokkoo ibsa; dhimma tokkorrattis odeeffannoo kenna; akkamitti waa akka hojjetamu qajeelfama kenna
Ragaa adda addaa fayyadamuun dhimma tokko irratti nama amansiissu yaala.
Waan kanaa dura raawwwatame haala seenatiin kan ittiin dhiyeessinuudha.
Mata –dureewwan armaan gadii fayyadamuun keeyyata gosa kamtu barreeffama?

A. Oolmaa koo kaleessaa
B. Faayidaa Bishaan Qulqulluu
C. Bareedina Caaltuu
D. Miidhaa Jimaa Qama'uu

Keeyyatoota armaan gadii haalaan erga dubbiste booda, gosa isaanii addaan baasi.

A. Bareedinni Magartuu namoota hedduu ajaa'ibsiisa. Dheerinni rifeensa ishee qalbii nama hawwata. Nyaarri ishee uutuu hinkulamiin uumaan sirraa'ee hojjetame. Dheerinni hojjaa ishiif uffannaan ishee gar malee walsimachuun bareedina dabalataa kennaniiruuf. Magartuun haadha amala dansaa ta'uu ishee namoonni baayyee ragaa ba'uuf. Haalli isheen nama wajjin ittii haasoftu, nama rakkate gargaaruuf carraaqqii isheen gootu, hirmaannaan ishiin hojii hawaasummaa keessatti gootu akka fakkeenyaatti ka'uu danda'u. Walumaa galatti, bareedinniif amalli ishee akka ishiin namoota ganda isheetiin jalaatamtu godheera.

B. Barumsa gareen qo'achuun faayidaa adda addaa qaba. Barattoonni gareen hojjetanu yaada wal jijjiiruun hubannoo jaraa bal'iffachuuf walirraa barachuu danda'u. Kana malees, dandeettii afaanii fooyyeeffachuu danda'u. Yeroo barattoonni gareen hojjetanu hojii jiru qixxeetti qooddachuun tokkoon tokkoon jaraa ga'ee isaanii taphatu. Kun ammoo jireenya jaraa keessatti hojiiwwan gareen hojjetamanu yemmuu jiraatan akka dandeettii horatan kana itti fayyadamuu danda'u. Yeroo barattoonni gareen hojjetanu yaadaaf

qooda miseensota garee kabajuu baratu.Kun jireenya guuyyaa guyyaattis faayidaa wal kabajuu barsiisaan. Kanaafuu, barattoonni carraa gareen hojjechuu yemmuu argatanu, haalaan itti fayyadamuu qabu.

C. Tamboo xuuxuun rakkoowwan adda addaatiif nama saaxila. Hunda caalaa, namoonni kun araada jaraa qabaneessuuf guyyaa tokko keessatti tamboo hedduu xuuxu. Kun ammoo dhibeewwan sonbaatiif saaxilaan. Dhibeewwan kana wal'aanuuf qarshii baayyee baasuuf dirqamu. Haala kanaan jireenya maatii jaraa irratti dhiibbaa godhu. Daa'imman jaraa haalaan barsiisuu yookiin guddisuu dadhabu nimalu. Baasii guyyaa guyyaa mana jaraa haala quubsaan dhiyeessuu hindanda'an. Karaa biraan, qunnamtii jarri miseensota hawaasa keessa jirraatanu waliin qabanu miidhamuu

danda'a. Akka muuxannoon namoota tamboo gar malee xuuxanu agarsiisutti,hawaasa jiraatanu keessatti amantaa yookiin fudhatama jarri qabanuxiqqaadha. Namoonni kun of qofaa utuu hinta'in namoota naannoo jaraatti argamanu irrattis miidhaa geessisu. Aarri tamboo keessaa ba'u namoota kaan dhibeewwan armaan olitti ibsamaniif saaxiluu danda'a. Rakkoowwan kana irraa bilisa ta'uuf, namoonni tamboo gara malee xuuxanu gocha kana dhiisuu qabu. Warreen hinjalqabnes kana hubachuun murtii jaraa sirreeffachuu qabu.

Jireenyi Gammachuu bu'aa – ba'iin kan guutame ture. Waggaa kudhan harr'aa, haati warraa isaaf daa'imman isaa sadii bal'aa konkolaataan du'an. Waggaa lama booda ammoo, haati isaaf abbaan isaa utuu laga ce'aa jiranu riqichi isaan baachuu dadhabee laga keessa bu'uusaatiin lubbuun lamaanuu darbuu danda'eera. Gaddi hundi kun walitti daddabalamuusaatiin, Gammachuun dhukkuba onneetiif saaxila ba'e. Waggaa harraa, mana yaalaa deemuudhaan walaansa argachuu yaalii yoo godhee illee , milkaa'uu hin dandeenye. Ogeessoonni fayyaa attattamaan biyya alaatti yaalamuu akka qabu itti himan. Haa ta'u malee, kaffaltii wal'aansaa waan kaffaluu hin dandeenyeef ji'a ja'a dura lubbuun isaa darbeera.

Barannoo 5: Gosoota Himaa (Caasaan)

Yaadannoo

Caasaa irratti hundaa'uun gosoota himaa haala armaan gadiitti qooduu dandeenya.

Hima leexaa (Leexima)

Hima dacha (Dachima)

111

Barannoo 5: Dubbachuuf Barreessuu

Gilgaala 10:Shaakala Dubbachuuf Barreessuu

Itti gaafamtoota manneen barumsaa naannawwa keessanitti argamanu waa'ee barumsa addaan kutuu gareen haasofsiisuun gabatee kana guutaa. Gaaffiwwan akkamii akka gaafattanu marii gaggeessuun murteessaa. Yaadawwan gabatee gajjallaa A-D jiranutti fayyadamaa

Bara_____ Baay'ina Barattoota barumsa addaankutanii	Sababiiwwan jarri barumsa ittiin addaan kutan

Dhimmoota kana irratti gaaffiwwan dura bu'aa mana barumsaa keessan gaaffatanuqopheessaa.

Baay'ina barattootaa bara baraan barumsa addaan kutan

Baay'ina barattoota barumsa addaan kutan saalaan (dhiiraaf dhalaa)

Sababiiwwan barattoonni barumsa addaan ittiin kutan

Rakkoo kana furuuf maaltu akka hojjatame

Odeeffannoo gabatee keessatti guutte fayyadamuun gabaasa keeyyattoota lamaan barreessi. Yaada gabateen dhiyaate seera keeyyanni ittiin barreeffamu eeguun keeyyata tokko barreessi. Walqabsiistoota fayyadamuu hindagatiin.

Mata duree: Faayidaa Karoora Maatii

123

Caasaa keeyyataa	Yaada
Hima ijoo	- Karoora maatii fayyadamuun bu'aa adda addaa qaba.
Yaadawwan Callaa/ yaadawwan gargaaartuu	Daa'imman wal-irraa fageessanii fageessanii godhachuuf Daa'imman haala gaariin guddisuuf Fayyaa haawwanii eeguuf Baasii maatii qusachuuf
Hima goolabaa	Namoonni gorsawwan kana hojiirra oolchuun jireenya gaarii jiraachuu danda'u.

Mata duree armaan gadii fayyadamuun keeyyata tokko barreessi. Jalqaba caasaalee keeyyataaf yaada caasaalee kana keessatti gabatee armaan gadiitti galuu malan guuti.

Faayidaa Bishaan Qulqulluu

Caasaa keeyyataa	Yaada
Ijoo himaa	

Yaadawwan Callaa/Yaadawwan gargaartuu 1. _____

_____

_____

Yaada goolabaa

_____

_____

_____

124

1. Jechoota armaan gaditti kennamanitti jechoota biraadabaluun tishoo/diigala uumi. Hiika jaraas barreessi.

A. Gad-
B. Ol-
C. Irraa-
D. Duraa-
E. Jala-
F. Fuula-
G. Gar-
H. Dhaqna-

Jechoota tishoo hundeessite fayyadamuun himoota ijaari.

Barannoo 5: Barreessuu

Gilgaala 9:Shaakala Keeyyata Barreessuu

Keeyyata jechuun maal jedhuudha? Mee fakkeenya kana ilaali.

Namoonni tamboo xuuxan rakkoowwan adda addaatiif saaxilamu. Fakkeenyaaf, namoonni guyyaa guyyaatti araadatambooxuuxuun qabaman rakkina fayyaa kan akka daranyoo sonbaatiin miidhamuu danda'u.Kun kan uumamu keemikaalli tamboo keessa jiru sonbarratti dhiibbaawaan geessisuuf.Kanamalees,namoonni kunqarshii hedduu baasuun tamboo bituuf dirqamu.Kun ammoo galii jaraa irra caalaa fudhachuun jireenyaaf bultii jaraarratti rakki nauuma. Daa'imman jaraa sirriitti guddisuu dadhabuus nimalu.

131

Karaa biraatiin, namoonni tamboo xuuxanu fudhatamni isaan hawaasa keessatti qabanuxiqqaata'uunimala. Qunnamtiin namaawaliinqa- banurakkina qaba. Fakkeenyaaf, namoonni fooliitamboojibbanujaratti dhiyaachuu hinfedhan.Kana irraankanka'etambooxuuxuun jireenya waliigalaanamatokko irrattidhiibbaaaddaaddaaqabaata.

Fakkeenya kana keessaa wantoota armaan gadii hubachuu dandeessa.
Keeyyanni gareehimootaati.Kana jechuun himoonni walitti yemmuu dhufanu keeyyata uumu.
Keeyyanni dhimma tokko irratti xiyyeeffata. Fakkeenya armaanolii keessatti'Rakkoowwan TambooXuuxuu' irratti akka xiyyeeffate ilaaluu dandeessa.
Keeyyanni caasalee sadiiqaba.Jarris hima ijoo (jalqaba irratti kenname), himoota gargaartuuf hima goolabaa (hima yaadaib- same walitti qabaa na garsiisu)dha.

Odeeffannoo waa'ee Xirunash Dibaabaa bakka addaaddaarraa sassaabuun gabatee armaan gadii keessatti guuti. Odeeffannoo kanatti fayyadamuun keeyyata tokko barreessi.

Dorgommii	Qabxii Galmeessisan
1.	
2.	
3.	
4.	
5.	
6.	

Hima Ijoo
Xirunash Dibaabaa atileetii cimtuu dorgommiiwwan sadarkaa addunyaatti gaggeessaman injifattedha…

132

Barannoo 4: Barreessuu

Walqabsiistoota

Gilgaala 8: Shaakala Walqabsiistotaa

Walqabsiistoonni armaan gadii dubbisa‘Intarpraayizoota Daldaala Xixiqqaa”keessaa fudhataman. Faayidaa jaraa barreessi.

Kanamalees (keeyyata 2)
Fakkeenyaaf (keeyyata 2)
Ammoo (keeyyaata 3)
Karaabiraatiin(keeyyata 4)
Yoo…malee(keeyyata 4
Walumaagalatti (keeyyaata 4)

Himoota armaan gadii walqabsiistoota sirrii fayyadamuun walitti qabsiisi.

Dammeen bifa bareeda qabdi.Dammeen amala dansaa qabdi.
Waggaa kana sirriitti qayyabadheera. Qabxii gaarii akkan galmeessisu amantaa guddaan qaba.
Badhaatuun kubbaa saaphanaa taphachuu jaalatti. Magartuun kubbaa harkaa taphachuu feeti.
Barumsakeehaalaanhordof.Hiriyoota kee biraa boodatti hafta.
Jaarraan aannan dhuguu jaalata. Jaarraan marqaa nyaachuu jaalata.
Mana yaalaa deemuu barbaaddaa? Mana turuu barbaaddaa?

Walqabsiitootaarmaangadiibakkaduwwaarrattiguutuun keeyyata dhiyateirradeebi’iibarreessi.

Yookiin yoo ammoo f kan akka

Biyyootaguddachaa jirankeessattidubartoonni dhibbeentaa80olta’an carraa barumsaa hinargatan.
Loogii godhamuu _____dhiibbaa
aadaafilaalchadhuunfaa _____addaaddummaa dandeettii qaama irraa kan ka’een jireenyi dubartootaa mana keessatti akka

Gilgaala 9

Shaakala Amaloota Keeyyataa

Keeyyata armaan gaditti dhiyaate amaloota sadii olitti ibsaman fayyadamun qaacceessi.

Balaa Beelaa To'achuu

Mootummaan Itoophiyaa ummata balaa beelaa irraa baraaruuf tarkaanfi fudhachuu qaba. Tokkoffaa, balaawwan gurguddaa ummata Itoophiyaa yeroo hedduu mudatan keessaa beelli isa ijoodha.Balaanbeelaakanlubbuunamootaa hedduugalaafatu waggaa kudhan keessatti yeroo tokko ummata Itoophiyaa kan mudatu ta'uu beektoonni ni dubbatu. Lammaffaa, naannoolee balaa kanaan heddumminaan hubaman kanneen biroo irraa addabaasaniisaffsaantarkaanfi fudhachuuf nigargaara.Hunda caalaaammoo, balaanbeelaaosoohinmudatin midhaannyaataa bitaniikuusuudhaan hamileeummataa cimsuuf balaauumamuuf malusalphisuunnidandaa'ama. Dimshaashumatti, mootummaan karooraanhogganamee tarkaanfiwwanaddaaddaayoofudhate lubbuunamootahedduudu'airraabaraaruunnidanda'ama.

Mataduree armaan gadii dhiyaate fayyadamuun keeyyata tokko barreessi.Keeyyata barreessite amaloota keeyyataatiin qaacceessi.
Keeyyanni ati barreessite gaariidha moo rakkoo qaba? Mata-duree: Faayidaa Bishaan Qulqulluu

186

Gilgaala 3 Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Gaaffiwwan armaan gadii barreeffama dhaggeeffatte irratti hundaa'uun deebisi.
Jalqaba xalayichaatti maaltu uumame?
Gidduu xalayichaatti maaltu uumame?
Xalayichi akkamiin xumurame?
Deebiiwwan armaan olitti kennite fayyadamuun yaada waliigalaa xalayichaa keeyyata tokkoong abaabsii barreessi.

Barannoo 2: Barreessuu

Gilgaala 4: Shaakala Qaamolee Xalayaa
Kutaawwan xalayaa akaakuu lama armaan gaditti kennamaniiru. Maqaa kutaawwan kanaa bakka duwwaa irratti barreessuun agarsiisi.
Dhaamsa/Ergaa xalayaa
Guyyaa xalayaan itti barreeffame
Maqaafi mallattoo nama xalayaa barreesse
Dhaamsa kabajaa, nageenyaaf maqaa nama xalayaan barreeffameef
_____(A)

_____
_____
_____(C)
_____

_____
_____(D)

E._____
_____
_____
_____

_____ F
_____

Gilgaala 5: Shaakala Gosoota Xalayaa
Akaakuu xalayaa armaan gadiif kaayoo jaraa barreessi.

Gosa Xalayaa	Faayidaa/Kaayyoo
1. Xalayaa Hiriyaa	A. _____
2. Xalayaa Gaddaa	B. _____
3. Xalayaa Affeerraa	C. _____
4. Xalayaa Gammachuu	D. _____
5. Xalayaa Odeeffannoo	E. _____
6. Xalayaa Iyyaafannoo	F. _____

Gosoota xalayaa armaan olitti kaa'aman akka dimshaashaatti bakka lamatti qooduu dandeenya.Jarris xalayaa michuu ykn firaafi xalayaa hojiiti. Gosoota xalayaa gabatee armaan olii keessa jiran bakka lamatti qooduun barreessi.

Xalayaa Michuu	Xlayaa Hojii
1. _____	1. _____
2. _____	2. _____
3. _____	3. _____
4. _____	4. _____

Gilgaala 6 Shaakala Xalaayaa Barreessuu

1. Xalayaa Hiriyaa Barreessuu

Odeeffannoo armaan gadii fayyadamuun hiriyaa keef xalayaa barreessi.

(a) Guyyaa har'aa fayyadami
(b) Hiriyaa kee biyya/bakka yookiin mana barumsaa biraa baratuuf/ barattuuf barreessi
(c) Nagaa gaafachuun jalqabi
(d) Waa'ee barumsaa, waa'ee barsiisotaaf mana barumsaa kee ibsiif (e) Hiriyaa kees waa'ee dhimmoota kanaa gaafadhu
(f) Maatii hiriyaa keef dhaamsa nageenyaa dhaami (g) Akka deebii si ergu/ergitu gaafadhu
(h) Jecha'Hiriyaakee'jedhuuf maqaa kee bakka sirriitti barreessuun xalayaa kee xumuri.

2. Deebii Xalayaa Hiriyaa Barreessuu

Tartiiba odeeffannoo armaan olii hordofuun xalayaa barreessiteef akka hiriyaa kee ta'uun deebii barreessi.

3.Xalayaa Affeerraa Barreessuu

Qaamolee xalayaa affeerraa armaan gaditti kennaman iddoo sirriitti kaa'uun xalayyicha guutumaan barreessi.

1.Xalayaa Hiriyaa Barreessuu

Odeeffannoo armaan gadii fayyadamuun hiriyaa keef xalayaa barreessi.

(a) Guyyaa har'aa fayyadami
(b) Hiriyaa kee biyya/bakka yookiin mana barumsaa biraa baratuuf/ barattuuf barreessi
(c) Nagaa gaafachuun jalqabi
(d) Waa'ee barumsaa, waa'ee barsiisotaaf mana barumsaa kee ibsiif (e) Hiriyaa kees waa'ee dhimmoota kanaa gaafadhu
(f) Maatii hiriyaa keef dhaamsa nageenyaa dhaami (g) Akka deebii si ergu/ergitu gaafadhu
(h) Jecha'Hiriyaa kee' jedhuuf maqaa kee bakka sirriitti barreessuun xalayaa kee xumuri.

2. Deebii Xalayaa Hiriyaa Barreessuu

Tartiiba odeeffannoo armaan olii hordofuun xalayaa barreessitee bakka hiriyaa kee ta'uun deebii barreessi.

3. Xalayaa Affeerraa Barreessuu

Qaamolee xalayaa affeerraa armaan gaditti kennaman iddoo sirriitti kaa'uun xalayyicha guutumaan barreessi.

(a) MagaalaTullubbee
Ganda 01
Tullubbee
(b) Hubachiisa: Yeroodhuftan kaardii affeerraa kana fiduu hindagatinaa.
(c) Aaddee/Obbo GaariittiiGumaaf Obbo Gaarumaa Gammadaaf. (d) Sirna Cidhaa Galataa Waaqayyoof Durbee Seenaa Kumalaa

(e) AaddeeGalateeFedhasaafObboDirribaaMagarsaa
(f) Sirni gaa'ila ilma keenyaa Galataa Waaqayyoof Durbee Seenaa Kumalaa Gurraandhala 16 bara 2004 saa'aa 6:00 irratti waan gaggeessamuuf maatii keessan waliin gamoo walga'ii Ganda Tullubeetti argamuun gammachuu keenya nuwaliin akka dabarsitan kabajaan isin affeerra.

_____A
_____
_____ B

_____
_____C
_____
_____

_____D

_____
_____E
_____
_____

_____F

Iyyannoo Barreessuu

Xalayaan iyyannoo xalayaa hojii qaxaramuuf barreeffamuudha.
Qajeelfamaaf odeeffannoo armaan gadii fayyadamuun xalayaa iyyanno barreessi

Beeksisa Hojii

Biiroon Barnoota Oromiyaa barsiistota Afaan Oromoo manneen barnootaa magaalawwan Oromiyaa jiranuuf qaxaruu waan barbaaduuf warri ulaagaalee armaan gadii guutan akka iyyatan affeera.

Gitahojii-Barsiisaa Afaan Oromoo Kutaa 9-12

Sadarkaa Barumsaa–Afaan Oromoo barsiisuudhaaf kan sadarkaa digiritti leenji'e/leenjite.

Muuxannoo Afaan Oromoo mana barumsaa sadarkaa lammaffaa keessatti waggaa sadii ol kan barsiise/barsiiste

Bakka hojii – Asallaa, Mattuu, Sabbata

Warree ulaagaalee kana guuttan guyyaa beeksisni kun itti bahee jalqabee hanga guyyaa 10tti iyyataaf ragaa barumsaa teessoo armaan gadiitti erguu dandeessu.

Biiroo Barnoota Oromoiyaa, LSP5467, Finfnnee

Guyyaa _____

Maqaakee

LSP

Magaalaa Teessoo Biiroo Barnoota Oromiyaa

Keeyyata 1ffaa

Beeksisa kana gaazexaa'Bariisaa' Qaammee 2, bara 2004 bahe irraa akka agarte ibsuun hojii barsiisummaa kana hojjechuu akka fedhii qabdu ibsi.

Keeyyata 2ffaa

Akka Afaan Oromoo barsiisuun Yuniivarsiitii Finfnnee irraa digirii jalqabaaf muuxannoo waggaa sadii qabdu ibsi. Kana malees, madaallii hojiitiin qabxii quubsaa akka qabdu ibsi.

Fedhii hojii dabalataa hojjechuuf qabdus ibsi. Keeyyata 3ffaa

Ragaa barumsaaf xalayaa muuxannoo kee agarsiisu iyyata kana waliin erguu kee ibsi.

Keeyyata 4ffaa

Odeeffannoof ragaa ati dhiyeessite ilaalanii akka si qaxaran abdii qabdu ibsuun xalayaa kee xumuri.
Kabaja wajjiin
Maqaa kee Mallattoo kee

Xalayaa Odeeffannoo Barreessuu

Xalayaan hojii tokko tokko gaafii adda addaa gaafachuuf gargaaru. Fakkeenyaaf, dhaabbanni tokko kan biraatti xalayaa barreessuu gaaffiiwwan kana akka meeshaa akkamii akka gurgurani, gatii
jaraaf akaakuu meeshaalee gurgurtaaf dhiyaatan gaafachuu danda'a. Fakkeenya armaan gadi dhiyaate ilaali.
Dhaabbata Daldalaa Qilxuu
LSP1363, Lakk Bilbilaa 0116684162, Finfnnee
_____ Lakk: DDQ03/04
Guyyaa –Amajjii12,2004 Waldaa Hojii Harkaa Finfnnee
L.S.P.1124
Finfnnee
Dhimma: Odeeffaannoo Gaafachuu
Dhaabbanni keenya meeshaalee adda addaa kan akka minjaalaa, teessoo, kuusaa sibiilaaf kkf Bituuf odeeffannoo sassaabaa jira. Kanaafuu, meeshaalee kana qabaachuu keessaniif gatii ittiin gurgurtanu akkanuu ergitan kabajaan gaafanna.

Nagaawajjin Sabbooqaa Gammachuu I/Ittigaafatamaa

Yoo hubatteetta ta'e, teessoon nama/dhabbanni xalayaahojii barreessuu karaa lamaan kaa'amuu danda'a.

Yeroo hedduu teessoon xalayaahojiinama dhuunfaan barreeffamu moggaa waraqaamirga irrattibarreeffama. Fakkeenya yknxalaayaa'Gilgaala6-2'jalattibarreessite ilaaluu dandeessa.

Teessoon xalayaa hojii dhaabbilee addaaddaatiin barreeffamu haala fakkeenya armaan oliitti barreeffamuu danda'a.Waraqaan
jarri xalayaa irratti barreessuuf fayyadamanu dursee haala kanaan qophaa'e yemmuu xalayaan barreeffamu faayidaa irra ooluu danda'a.
Odeeffannoo armaan gadii fayyadamuun xalayaa gaafii barreessi. (a) Teessoo Dhaabbata xalayaa Barreessuu:
- Gumii Dargaggoota Shaashamannee
- LSP346

(b) Guyyaa: Fulbaana13/2004
Lakkoofsa xalayaa–GDSh04/04
(c) Dhaabbataxalayaanbarreeffameef
GumiiDargaggoota Biyyoolessaa
LSP4864

Shaashamannee

Finfinnee

207

(d) Dhimma –Miseensa Gumii Dargaggoota Biyyooleessaata'uugaafachuu, ulaagaa barbaachisaa, kaffaltii kaffalamu, faayidaa miseensa ta'uun argamu
(e) Nama Xalayaa Barreesse: Jaarraa Badhaasoo

Itti Gaafatamaa Gumii Dargaggoota Shaashamannee


Gilgaala 7 : Shaakala Qaamolee Poostaa
Erga xalayaa barreessitee booda, nama yookiin dhaabbata barreessiteef erguu qabda. Yeroo ergitu poostaa irratti teessoo keef teessoo jaraa sirriiti barreessuu qabda.

Yoo teessoo dogoggoraa poostaarratti barreessite maaltu uumama?


Teessoo ala poostaa irra maaltu kaa'amuu qaba?

Bakkeewwan duwwaa poostaa armaan gadii irratti teessoo eenyuutu barreeffamuu qaba?

Dugda Poostaa



Teessoo nama xalayaa barreessee a yookiin b?
Teessoo nama xalayaan barreeffameef
a yookiin b?
Teessoowwaan‘Gilgaala6,C‘Xalayaa Odeeffannoo Barreessuu’jala jiranu poostaa armaan oliirratti barreessi.
Fuula poostaa



Teessoon nama xalayaa barreesseef namni xalayaan barreeffameef addaan ba’aniidugdaaf fuula poostaa irratti barreeffamuu danda’u. Teessoo kamtu bakka kamitti barreeffama? Deebii kee barsiisaatti himi.

Barannoo 3: Barreessuu

Gilgaala 7: Shaakala Madda Odeeffannoo Barreessuu

Kitaaba ‘AfaanOromoo’ kanaaf kitaabolee barataa kan biraa qalbiin ilaaluun haala jarri ittiin qindaa’an addaan baasii barreessi. Haala akkamiin jalqabu? Maaltu keessatti dhiyaate? Dhuma irratti maal dhiyeessu?

Mana kitaabaa mana barumsaa kee keessatti madda odeeffannoo adda addaatu jira.Kana keessaa harki irra caalaan kitaabolee wabii. Kitaabolee kana haala gaariitti fayyadamuuf tooftaa jarri itti qindeeffaman yookiin caasaman baruun barbaachisaadha.Kana yoo barte odeeffannoo barbaaddu salphaatti argachuu dandeessa.

Qaamoleen kitaaba wabii armaan gadii faayidaa akkamii akka kennanu addaan baasii barreessi.
(a) Miiltoo (b) Galata (c) maqaakitaabaa (d) Baafata (e) wabii (f) qabiyyee (g) seensa

Kitaaba wabii tokko akka fakkeenyaatti fudhachuun haala ittiin qindaa’e addaan baasii barreessi.

Qaamolee armaan ol jira? Qaamni biraa jiraa?

Qaamolee kitaabaa armaan ol dhiyaatan tartiibaan kaa’i.

Odeeffannoo madda addaaddaarraa argatte yaada kee gabbisuuf itti fayyadamuu dandeessa. Madda odeeffannoo irraa fudhatte ammoo haalaan agarsiisuun dirqama keeti.Kana yoo hingoone yaada namaa akka yaada keetti waan dhiyeessiteef itti gaafatamta, yookiin yakkamuu dandeessa. Tooftaanmaddaakkasiiittiinagarsiisamutokkomiil- jaleefayyadamuun. Fakkeenya armaan gadii ilaali:

Fakkeenya-1 Miljalee Barreessuu

Barumsi ol'aanaa dhaabbilee barumsaa leenjii sadarkaa diigrii jalqabaaf digrii lammaaffaa waggoota sadii, afur, shan yookiin ja'aaf kennamu of keessaa qaba. Bara 2008/09 irraa jalqabee Itoophiyaa keessa dhaabbilee barumsa olaanaa 23tu argama.1

Ministeera Barnootaa (2010) Finfnnee –Fuula 8

Dhuma odeeffannoo akkafakkeenyaatti dhiyaateirrattilakkoofsa faayadamneera. Dhuma fuulaarratti ammoo madda odeeffannoo irraa fudhanne barreessineera . Kun haala miljaleen ittiin agarsiisamuudha. Karaa biraatiin barreessitoonni tokko tokko maddaodeeffannoo kana miilajalattiosoohinta'inodeeffannootti aansuun ka'u.

Fakkeenya-2

Geerarasa Oromoo dhalootarraa dhalootatti dabarsuuf tattaaffi gochuun barbaachisaadha. Kuniskanta'usababaaddaaddaatiif. Tokkoffaa, aadaaf eenyummaa sabaa kan calaaqasiisu waan
ta'eef.Lammaffaa, muuxannoo dhalootarraadhalootattidabarsuuf
waan tajaajiluuf…(Mitikkuuf Tashoomaa,1995:14)

Fakkeenya kana keessatti maqaan nama kitaabicha barreessee, barri inni itti barreeffameef fuulli odeeffannoon irraa fudhatame seeraan kaa'ameera. Maqaa kitaaba kana ammoo dhuma barreeffamichaa'wabii'jalatti agarsiisama jechuudha.

Gaaffiwwan armaan gadii gareen deebisaa.

Maddawwan odeeffannoo adda addaa fayyadamuun maaliif nama gargaara?
Yoomaddaodeeffannoo irraafudhate agarsiisuudhabaatemaaltuuumama ?
Miiljaleenkaraameeqaanbarreeffamuudanda'a?fakkeenya kenni.
Wabii Barreessuu

Maddawwanodeeffaannoo fayyadamne dhuma barreeffamaairrattiwalitti qabaniibarreessuunbarbaachisaadha.Yemmuu wabiiwwanaddaaddaa barreeffamanammoo tartiibajaraaeeggataniita'uuqaba. Fakkeenya armaangadiiilaali:

Maqaa barreessaa	Bara Itti barreeffame	Maqaa Kitaabaa	Magaala Itti maxxansame	Mana maxxansaa
Mitikkuu Dibbeessaaf Tashoomaa Egeree	1995	Ijaarsa Barreeffamaa Afaan Oromoo	Finfnnee	Dhaabbata Barnootaa Sab-Qunnamtii

Mitikkuu Dibbeessaaf Tashoomaa Egere.1994.Ijaarsa Barreeffama Afaan Oromoo.Finfnnee: Dhaabbata Barnoota Sab-qunnamtii.
Fakkeenya kana keessatti tartiiba armaan gadii hordofne.
Maqaa barreessaa: bara itti barreeffame: maqaa kitaabaa: magaala itti maxxansame: mana maxxansaa
Odeeffannoo madda adda addaa irraa akka argannu ibsineerra. Maddawwanodeeffannoo armaan gadii akkamitti akka barreeffama nu barsiisaa keetti himi.
Barruu
Galmee Jechootaa
Gaazeexaa

Odeeffannoo armaan gadii fakkeenya wabiin ittiin barreeffamu armaan olitti dhiyaate fayyadamuun barreessi.

Bara itti barreessame	maqaa barreessaa maqaa kitaabaa		Magaala itti maxxansame	Mana Maxxansaa
2009	Hiinseenee Makuriyaa	Galmee Jechootaa Afaan Inglizii, Oromoo, Amaaraa	Finfnnee	Dhaabbata Maxxansaa Daldalaa
1999 1995	Shaawwayyee Beellamoo, Firreehiwoot Tulluu	Afoolaa Oromoo, Jildii II	Finfnnee Finfnnee	Biiroo Aadaaf Turizimii Oromiyaa
	Asteer Ejersoo, Laaqachi Alamee, Atsadaa Tsaggaayee	Afoola Oromoo, Durdurii, Jildii –IV		Komishinii Aadaaf Turizimii Oromiyaa

Miiltoo

Miiltoon oddeeffannoo addaaddaa waan irraa arganne dhuma barreeffamaatti walitti qabsiisnee keenyudha. Fakkeenyaaf, qorannoo dhimma tokko irratti gaggeessuudhaaf ragaan sassaabamuu qaba. Tooftaalee oddeeffannoon ittiin guuramu keessaa gaafannoon isatokkodha. Kun akka ragaatti dhuma barreeffamaatti kaa'amuuqaba.Sababni isaas gaaffii akkamii akka gaafanne namoonni biraa yoo ilaaluu barbaadan akka ragaatti nu fayyada. Baafata keessattis kun mul'achuu qaba.Fakkeenya armaan gadii ilaali.

2. MalaQorannoo----------3
3. QaaccessaOdeeffannoo ----------8
4. Goolaba ----------12
5. YaadaFurmaataa----------14
6. Wabii
7. Miiltoo/dabalee
A. Bargaaffi/Gaafannoo
B. Af-gaaf

Fakkeenya kanakeessattibarreessaanqorannoogaggeessemiiltoolee lama fayyadameera. Jara addaan baasuufs qubee gud-guddaatti fayyadameera. Dhuma barreeffamaattimiiltoonwabiiboodakaa'ama.

Gilgaala 8: Shaakala Gosoota Keeyyataa

A. Keeyyata armaan gadii fayyadamuun gaaffiwwan dhiyaatan deebisi. Yaada dabalataa argachuuf 'Boqonnaa14' dubbisi.

Miidhaa Tamboo Xuuxuu

Taamboo xuuxuun miidhaa gurguddaa nama irraan ga'a.Tokkoffaa, araada nama qabsiisa.Yemmuu araadni nama qabu ammoo batta-luma sanatti argachuu baanaan mata bowwuuf jeequmsa sammuu nammatti fida. Lammaffaa tamboo xuuxuun miidhaa biraas qaba.

Qarshii nama harkaa fxee, bakka yaadan nama hanqisee, jireenya gadadoo akka jiraatan nama godha.Saddaffaa,dhukkuba addaaddaa kanneen akka sombaa nama irraan ga'a, humna nama dhorka, bifa miidhagaasnifokkisiisa.Akka Dhaabbata Fayyaa Addunyaatti, tamboo xuuxuun umrii namaa waggaa saddeetiin gad hir'isa. Miidhaawwan tamboo xuuxuun dhufan kana irraa bilisa ta'uuf namoonni gocha kana dhiisuu qabu.

Amaloota keeyyataa 'Boqonnaa 14' keessatti kennaman fayyadamuun keeyyata armaanolii qaacceessi.

- Caasaakeeyyataa
- Tokkummaa
- Walta'iinsa
- Guutummaa

Mataduree armaan gadii fayyadamuun keeyyata tokko barreessi. Mata–duree:Miidhaa Jimaa

"Boqonnaa7" keessatti gosoota keeyyataa ilaalleerra. Gosoota keeyyata 'A' jalatti kennaman ibsa'B' jalatti argamanu waliin waliitti froomsi.

'A'	'B'
1. Keeyyata Addeessaa	A. kun kan odeeffannoo ykn qajeelfama kennu
2. Keeyyata Seenessaa	B. keeyyata dhimma tokkorratti nama amansiisuu ykn yaada namaa jijjiiruuf yaalu
3. Keeyyata Ibsaa	C. keeyyata waa'ee namaa, bakkeewwanii, meeshaalee addaddaafi kkf jechoota fayyadamuun suuraa sammuu namaa keessatti uumu
4. Keeyyata Amansiisaa	D. seenaa dhugaa ykn seenaa aragaa yaadaa irratti kan xiyyeeffatu.

Gabatee armaan gadii keessatti mata dureewwan addaaddaatu jira.Gosa keeyyataa akkamii akka barreessuuf gargaaran bakka duwwaarratti guuti.

Mata–duree	Gosa keeyyataa
1. Oolmaa koo kaleessaa	A _____
	B _____
2. Faayidaa HojiiGaree	
3. Buna Danfsuu	C _____
4. Obbo Dabalaa	D_____
5. Bineensa Daggalaa Madaqsuu	
6. Daawwannaa Masaraa Abbaa Jifaar	G._____
7.Daawwannaa Masaraa AbbaaJifaar	E _____
	F_____

Akaakuu keeyyatoota armaan gadii himi.

Yeroo tokko tokko namoonni qulqulluun dogoggoraan kan ajjeefaman yoo ta'ellee, namni nama ajjeesse du'umaan adabamuu qaba. Namoonni tokkotokko osoobadiihindalagiindogoggoraan murtiin du'aa itti murteessama. Kanaaf, mootummaan namoota du'aan adabuu hinqabu jedhanii namoonni morman jiru.Haata'umalee, mootummaan martiindogoggoraa osoohinuumiin hojjechuu qaba yoo jennata'e mootummaan hojii hojjechuu hinqabu jechuu ta'a. Mootummaan lubbuu namootaatiif eegumsa gochuufs namsni akka namaanhinajjeefamne gochuun barbaachisaadha. Namni akka nama hinajjeefne gochuuf ammoo nama nama ajjeee du'aan adabuun

barbaachisaadha. Tarkaanfin kun hinfudhatamu yoo ta'e garuu, namoonni hidhamanii bahan nama ajjeessuu ittuma fufu. Fakkeenyaaf, Obbo Guutaan namoota 18 ajjeesee waggaa 10 hidhamee erga hiikame booda waggaa tokko osoo hinturin namoota afur ajjeessee deebi'ee hidhame. Obbo Caalaan ammoo namoota shan ajjeesee waggaa torba hidhamee hiikame. Namoota akkanaa ammas hidhaan adabuun ammas namoota akka ajjeesa nuuf heyyama kennuudha. Kanaaf, nageenya ummataa eeguuf namoota lubbuu namootaa balleessan du'aanadabuunbarbaachisaadha.

Yeroo isheen gara kootti garagaltu ijji keenya walirra bu'e. Ijawwan gurguddoo akka bakkalcha barii ifan!...Naannoon isaanii akka isa kuulamee uumamaan gurraacha'eera.Garuu, baay'ee ilaaluuf carraa hinarganne. Daftee deebifte. Akkuma ta'etti of jajjabeesseen altokkoof fuula ishii ilaale…Funyaan qalloo qimixee…hidhiiwwan hahaphiin, afaandhiphoowalitti qabaniiru…Tuullaa rifeensaa,daddabaa gadi bu'ee yeroo qolee ishiirraa jaf jedhe, bifa ishii goraa diimate fakkaatu waliin walgargaaranii simboo bareedaa uumu !...

Ariifannaan waan badaa ta'e namarraan geessisa.Ganama Jimaata ture.Yeroon hirribaa ka'u sa'aatii lamaaf walakkaadha.Waytiin itti fuula koo dhiqadhe hinbeeku; yeroon karaa koo jalqabu namootaan dubbiseef dhiise hinyaadadhu. Akkuma ta'uta'eensa'aatii sagal yoo jedhu naannoo mana kitaabaan gahe. Qormaanni waan torbanitti galeeruuf barattoonni balbala dhaabbatan gara hinqaban. Nafanafa dhiibba dheeseenee balbala bira gahee giphii koo as lixee achi lixeen akka mukaa gogee hafe. Edaa furtuu mana kitaabaa irraanfadhee dhufeera. Kanan fiigaa oolee mana kitaabaa banuuf, manni kitaabaa garuu osoo hinbanamiin oole.

Gareen qo'achuun faayidaa addaaddaa qaba. Tokkoffaa, yeroo barattoonni gareen hojjetan yaada hedduu waljijjiiru; yaada abbaa tokko yaada isa kaan waliin walitti bu'uun, yookiin walii galuun hojii hojjetamu gabbisuuf gargaara. Lammaffaa, gareen hojjechuun hojii qooddachuun ogummaa itti gaafatamummaa horachuuf gargaara. Kanamalees, hojiin barbaadame yeroo gabaabaaf haala qulqullinna qabuun hojjetamuu danda'a.Karaa biraatiin,warri gareenhojjetan muuxannoo wal kabaajuu horatu. Kana jechuun yaada walii dhaggeeffachuu, yaada dhiyaate xiinxaluun bu'aa qabatamaa irraga'uudanda'u.Haalakanaanogummaa walkabajuu jireenyaa hawaassummaa keessatti barbaachisu gabbifatu. Kanaafuu, namoonni carraa gareen hojjechuu yemmuu argatan haalaan itti fayyadamuu qabu.

Dabalee B

Unka qaaccessa Mirkanneeffannaa gochaalee barreessuu boqonnaalee kitaaba Barataa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11[ffaa] keessatti argaman

Boq.	Barannoofi Gilgaala	Fuula	Gochaalee Barreessuu
1.	Barannoo 4: Gilgaala 9:	11	
	9A.	11	
	9B.	12	
2.	Barannoo 5: Gilgaala 9	22	
3.	Barannoo 3: Gilgaala 5	30	
4.	Barannoo 3: Gilgaala 6	40	
6	Barannoo 3: Gilgaala 6	61	
	6 A.	61	
	6 B.	62	
10.	Barannoo 2: Gilgaala 4	99	
	Giraafii A:	100	
	Giraafii B:	100	
12.	Barannoo 2: Shaakala Keeyyata Barreessuu	120	
	Gilgaala 4:	120	
	A: Hima ijoo keeyyata keessaa baasuu	120	
	B: Yaada ka'erratti hundaa'uun xumuruu	121	
	Gilgaala 5: Barruu/Dubbisa Barreessuu	121	
	A:	121	
	B:	122	
	C:	122	
13.	Barannoo 1: Gilgaala 2:	132	
	A:	132	
	B:	134	
14	Barannoo 5: Gilgaala 8:	142	
16.	Barannoo 1: Gilgaala 2:	153	
	A:	155	
	B:	155	
17.	Barannoo 1: Gilgaala 2:	165	
	B:	165	
	Gilgaala 3:	166	
	C:	167	
	Barannoo 2: Afoola: Gilgaala 4		
	A:	168	
	B:	168	
	Gilgaala 5: Malleen Dubbii		
	A:	169	
	Gilgaala 6: Mammaaksota		
	D:	171	

Dabalee C

Uunka Mirkaneeffannoo Qajeelfamaa fi adeemsota barreessuu barsiisuu kitaabicha keessatti kennaman sakattaa`a gochaalee barreesuuf qajeelfamoota isaanii fi gochaalee barreessuu irratti xiyyeeffatame addabaasuu

Gaaffilee armaan gadii qorataan kitaaba keessaa gilgaalota ogummaa barreessuu shaakalchiisan sakatta'uun tokko tokkoo gochaale boqonnaa isaan jalatti argaman jalatti ulaagaalee gaafataman kan guutan yoo ta'e (*) yoo kan hinguutne ta'e immoo (x) kaa`uun ilaalama

T L	Dubbii ykn barreeffama rratti hundaa'uu	Boqonnaalee gochaalee barreessuu qaban								
		1	2	3	4	6	12	14	17	
II.	Dhihaanaa Af1									
12	Dhihaannaa adeemsaa									
11	Dhihaannaa akkayyaa hololoo									
	Dhihaannaa muuxannoo									
	Dhihaannaa beekumsaa									
	Dhihaannaa xiinqooqaa									
III.	Dhihaannaa Af2									
25	Dhihaannaa to'atamaa bilisaa									
26	Dhihaannaa bilisaa									
27	Dhihaannaa bu'aa irratti xiyyeeffate									
28	Dhihaannaa ijaarsa keeyyataa									
29	Dhihaannaa seerluga-xiinhima ijaarsaa									
30	Dhihaannaa waliigaltee									
31	Dhihaannaa adeemsaa									
32	Dhihaannaa Afam									

Dabalee D

Afgaaffii Barsiisotaa

Kabajamtoota barsiisota Afaan Oromoo Mana barumsaa Sadarkaa 2ffaa Laga Xaafootti barsiiftan, kaayyoon guddaan afgaaffii kanaa Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruun sagantaa Digrii 2ffaa guuttachuuf mata-duree "**Sakatta'a Dhihaannaafi Ga`umsa Gilgaalota Kitaaba Barataa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa Gama Dandeettii Barreessuutiin**" jedhu, ilaalchisee ragaa funaanuufi. Kanaaf, yaanni isin kennitan galma ga'iinsa qorannoo kanaatiif daran murteessaadha.

Kabajamoo barsiisaa/tuu dursa yeroo keessan aarsaa gootanii gaaffilee isin gaafachuuf jedhu naaf deebisuuf eeyyamamoo ta'uu keessaniif galatoomaa isiniin jedha. Itti aansuun gaaffileen an isin gaafadhu kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa bara 2005 ba'erratti hundaa'uun yaada keessan bilisaan akka naaf kennitan kabajaan isin gaafadha.

Kutaa I

Odeeffannoo Dhuunfaa

1. Maqaa _____ Saala : _____
2. Sadarkaa barnootaa: _____
3. Muuxannoo barsiisummaa waggaan: waggaa _____
4. Sadarkaa barsiisummaa : _____

Kutaa II: Gaaffilee

1. Kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessatti shaakaloonni barreessuu haala dhihaannaa barreessuu kamiin dhiyaatan?
2. Haala gilgaalonni ogummaa barreessuu ittiin dhiyaatanirratti hanqinni jiraa? Yoo jiraate hanqinichi maali?
3. Hanqinoonni kun maalirraa kan maddan isinitti fakkaata?
4. Hanqinoota mul'ataniif falli maal ta'uu qaba jettanii yaaddu?
5. Kitaaba barataa barnoota Afaan oromoo kutaa 11ffaa keessatti shaakaloonni barreessuu dhiyaatan barattoota kutaa 11ffaa ni madaalu jettanii yaadduu? Maaliif?
6. Shaakaloonni barreessuu shaakaloota birootiin walqabachuun dhiyaataniiruu?

7. Shaakaloonni kennaman dhugoomaafi qabatamummaa qabuu? (Fedhii barattootaa giddu galeessa kan godhatee?)
8. Barattoonni keessan shaakaloota kitaabicha keessatti dhiyaatanitti gammadoodhaa? Maaliif?
9. Shaakaloonni dhiyaatan hundi qajeelfama ifa ta`e qabuu ?
10. Shaakaloonni kennaman akka barattoonni akaakuu barreessuu garaagaraa shaakalan nitaasisuu?
11. Barattoota Oromoo ta'an Afaan Oromootiin barreessuu barsiisuufi barattoota Oromoo hintaane Afaan Oromootiin barreessuu barsiisuun garaagarummaa qabaa?
12. Shaakaloonni barreessuu barsiisuu kitaaba barataa kutaa 11^{ffaa} keessatti dhiyaatan kaayyoo garagaraa (seerluga, hiika jechootaa yookiin ogummaa barreessuu gabbisuu) hammataniiruu?
13. Gilgaalota ogummaa barreessuu shaakalchiisuuf dhiyaatan akka barattootni yaada isaanii ibsatan nitaasisuu?
14. Gilgaalonni dhiyaataniifi ga'umsi barattoota kutaa 11ffaa yoo waliin madaalame walsimataa? Maaliif?
15. Shaakaloonni barreessuu kennaman ogummaawwan birootiin walitti hidhannaa qabuu? Fkn. dubbisuu, dubbachuu, dhggeeffachuufi kkf.

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorattuun maqaafi mallattoon kiyya armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun kan dhuunfaa koo ta’uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura yuniivarsitii kamiiyyuu keessatti kan hindhuyaanne ta’uusaafi yaadolee qorannoo kanaaf dubbise mara isaanii wabii keessa kaa’uu kiyya mallattoo kiyyaan mirkaneessa.

Maqaa qorattuu: Na’iimaa Kadiir

Mallattoo _____

Guyyaa _____